# QAACCESSA SAFUUFI SAFEEFFANNAA UUMMATA OROMOO GODINA ARSIIFI GUJII:

## XIYYEFFANNAA AANAA HEEXOSAAFI ARDAA ME'EE BOKKOO

**BIQILAA TUFAA DAMISSEETIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2008/ 2016**

**FINFINNEE**


**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA /FINFINNEE DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATII BOODDEE**

Waraqaan Qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Og-barruu gamisaan guuttachuuf mata duree: “*Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uumatta Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa aanaa Heexosaafi Ardaa Me’ee Bokkoo”* jedhu Biqilaa Tufaatiin sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’een guutee jira


| | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| Qoraa alaa________________________ | ___________________ | _____________ |
| Qoraa keessaa ____________________ | ___________________ | _____________ |
| Gorsaa __________________________ | ___________________ | _____________ |

_____________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Walitti qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa




Kaartaa Oromiyaa




Kaartaa godina Arsiifi Gujii agarsii

Maddi: Marsaa Intarneetii (20/08/2016) Atlaasii Oromiyaa

## *Axeerara*

*Qorannoon kun,"Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkootti" jedhu yoota'u, qorannoo kana hojjechuuf kan nakakaase duudhaan Oromoo guddina biyyaatiif hanga gumachuu qabu hingumachine jedhee waanan yaadeef dudhaan safuufi safeeffannaa kun osoo qoratame bu'aa olaanaa buusuu danda'a jedhee waana yaadeef. Kaayyoon qoranichaa Safuufuufi Safeeffannaa Ummata Oromoo qaceessuun agarsiisuudha. Malli qorannoon kun ittin gaggeefame mala qorannoo qulullaa'inaati. Malleen funaansa ragaa itti gargarame: sakata'a ragaa, af-gaafii, daawwannaafi marii gareeti. Qorannoo kanaan argannoowwan Safuun hangafaa quxusuu, Safuu dirreewwanii, safuu ulfaawwanii, Safuufi safeeffannaa fuudhaafi heeruma Oromoofi safuu hooda Oromoo ragaa fuunaname irraa maal akka fakkatu bira gahamee jira. Duudhaan Oromoo ganamaa kun dhalootaa dhalootaatti akka darbuufi guddina biyyaatiif bu'aa guumaachuu qabu akka guumaachu sirna barnootaa keessa akka galu Biiroon Barnootaa Oromoofi Dhaabbileen Barnoota olaanoon osoo irratti hojjetanii gaarii natti fakkata.*

**Galata**

Duraan dursee yeroo hojii waraqaa qorannoo kana hojeddu nacinaa dhabachuun deegrsa ogummaa na taasisuun ala kitaabaafi ragaa qorannoo kootiif na deegaru naaf kennuun kan nagaraaraa turan barsiisaafi gorsaa koo Xilahuun Taliilaa (PHD) galanni guddaan onnee irraa madde isaan haagahu.

Itti aansuun, wayittin hojii kana hojjechaa turetti hamilee koo cimsuunfi itti gafatamummaa maatii narra ture hundaa fudhachuun deeggersa gama hundaan naaf taasisaa Kan turteef haadha warraa koo ba/stu Sisaay Tafarraa galanni koo guddadha.

Akkasumas, hiriyyoota koo yaadaafi deeggersa naaf laachaa turtan ba/Sa Taakalaa Roobaa, ba/sa  Tashoomaa Lammaa, ba/ sa Alamuu Shuumii funaansa ragaafi deegrsa yeroo kamiyyuu kan nabiraa hinhafne ba/sa Baqalaa Zawudee galta argadhaa.

Kan biroo durata’aa Waldaa Brsiisotaa godina Gujii ba/Sa Malkaauufi durata’aa Waldaa Barsiisota aanaa Soraa ba/sa Galchuu  raga qorannoo koo Ardaa Me’ee Bokkooti argamee funaannadheef deegarsa isin naaf gootan kan yeroo kamiyuu hindagannee yoo ta’uu tumsa keessaniif galatoomaa.

Walumaa galatti qoranoo kun akka naaf milkaayuuf qamooleen deeggersa naaf gootan Waldaa Barsiisota godina Arsii, Waajjira Aadaafi Turizimii godina Arsii, Waajira Aadaafi Turizimii Aanaa Heexosaa, Waajira Bulchiinsa Anaa Heexosaa, Waajjira Misoomaa Mallaqaafi Dinagdee aanaa Heexosaa keesumaayuu daagrsa ogeessi waajjira aadaafi turizimii aanaa Heexosaa Obboo Yimar Amanoo galanni isin haagahu, akksumas manguddoota raga qorannoo kootiif kennuun naaf gumachitan hundi ulfaadhaa, umrii dheeraa jiraadhaa hora bula.

## Jibso

| Jecha | Hiika qorannoo kana keessatti qaban |
|---|---|
| Abbayyii | gosa mukaa baala bala'aa qabu |
| Agaallaa | galma gumiin gadaa keessa taa'u |
| Anfalaa laafoo | gara laafo |
| Ardaa | dirree seeraa |
| Ariirrachuu | warii sirnaf qalamu eebbifachuu |
| Arrab-qareessa | Abbaa Gadaa |
| Baarree | meeshaa anaanni itti qabatan |
| Baatuu | nama waggaa sadeetan darbe gogeessa gadaa ture |
| Bakakkaa | Mandiisuu |
| Barsee | Birmaduu |
| Birmaduu | dhala |
| Boonfachuu | Looguu |
| Boroo | diinqa |
| Buttaa | kurma sina Gadaatiif qalamu |
| Ciicoo | meeshaa anaanni itti qabatan |
| Cooncachuu | nyaachuu, miidhuu |
| Dabballee | gogeessa Gadaa Raabaa Jedhamu |
| Dandaa'e | nama ykn bineesa ibdan gubate |
| Dhabduu | dubartii daa'ima hindeenya |
| Dhibaayyuu | aananna safuu malkaaykn tullutti dhalasan |
| Dhiltee dhinnaa | dubartii siinqee qabdu hookaltii gaafachuu |
| Diigala | da'iima ga'elaan alatti dhalate/dhalatte |
| Elemtuu | meshaa aannan itti elmamu |
| Fira dhiigaa | fira abba torbaafi asitti walgahan |
| Gaadii | meeshaa sa'a ittin gaadi'anii elman |
| Gamalechuu | da'iima ga'elaan alatti dhalate |
| Gamma | dhangaa dhiyan gogeessa gadaa foolleefi dabballeqopha'u. |
| Garba gatuu | sirna cubbuu qulquleessu sigabaa |
| Gogeessa | walduraa duuban hiriiruu |
| Gogeessa Gdaa | marsaa gadaa / miseensa Gdaa |
| Goomii | Mufii |
| Gumii | mana maree Gadaa kan seera tumu |
| Gundoo dhandhamaa | gundoo foon hoolaa rakoo irratti nyaatamu |
| Haloo | Gadoo |

| | |
|---|---|
| Hangafa | dura kan dhalate |
| Haraamuu | dhala qunamtii fira dhigaan dhalate |
| Harimii tufuu | sirna minjeen raawwatu |
| Harka xurii | nama lubbu namaa balleesse |
| HarkanCabbii qabe | nama lubbu gosa ofii balleesse |
| Hawada | gaa’ela beekumsa maatiin ala raawwatu |
| Hayyuu | gorasaa Abbaa Gdaa |
| Hirphuu | qabeuuenyan deegar |
| Hobaya | Hoofkalaa |
| Hooda | lagachuu |
| Hoof kalchuu | Eeyyamuu |
| Ibdi baheef | Heerumte |
| Idaayyaa | Misrroo |
| Ilma kallachaa | ilama guddifachaa |
| Irreessa araaraa | irreessa tulluu /afraasaa |
| Irrreessa galataa | irreessa malkaa /birraa |
| Jaala kooraa | miinjee misirroo farada irratti qabu |
| Jaala masaktuu | miinjee misirroo yoo fardara yaabbisan farda harkisu |
| Jaaloo | maqaa warri miinjee waliin waamu |
| Jaarsummaa | sirna manguddoon nama walillole araarsan |
| Jaldhaaba | gogeessa gdaa keessa nama naamusa eegsisu |
| Jalkaa | daa’iman abbaa warraa rakootiin ala dhalatan |
| Jalkiya | itti aanaa Abbaa Gadaa |
| Jila | sirna namoonni baay'iin waliin raawwatan |
| Kittaanuu | dhaqna qabuu |
| Kodhaa baasuu | sirna nama fira dhiigaa waliin ciise qulqulleessu |
| Koobaa | da'iima ga'elaan alatti dhalate |
| Korma | jibicha loonii sirnaa ayyaneffanaaf qalamu |
| Lallaba | seera labsuu |
| Loon toowachuu | loon lakkaawuu |
| Maattii | gosa Oromoo Gujii hangafatti aanu |
| Madhaa | foon waaddamaa hoolaa sirnaaf qalamee |
| Malkaa saaquu | eebba abbaa malkaa malkaatti raawwatu |
| Mana gubate | mana bishaan keessa yaa'e manni gabbate |
| Murtessuu | geessu /xumuruu/ qeexala |
| Oklee | meeshaa aannan iiti elman |
| Ookkuu | gosa Oromoo Gujii Maandhaa/ quxusuu |
| Qaccee | sanyii / fiixaa |
| Qachaa | galma abbaa Gadaa Ardaa jilaa / Caffeetti ijaaramu |
| Qalaxaayii' | namoota lafa bikkan /sira abbaa lafaa keessa |

| | |
|---|---|
| Qarruu | biyyeefi marga malkaadhaa malkaatti fuudhamu. |
| Qeexala | sirba gogeessi Gadaa Gujii sirbu |
| Qorphiisa | Sirna ardaa jilaatti  seera gumii irrati mara'atan |
| Quxusuu | Maandhaa |
| Raaba | daballee |
| Rakoo | sirna guyyaa gaa'eela rawwatamu |
| Shaabola | gosa oromoo gujii ayyanttu ta'an |
| Shanoo Shanachaa | minjeefi misiroota |
| Sigabaa | dhiira dubartii dhirsi irraa duitti gale /waliin ciise |
| Sirna barcumaa | sirna gogeessa gadaa gamma keenu kittanamuu isaa mirkaneessu. |
| Teeda | Hooda |
| Ulfaa | meeshaalee Safuu kan akka kallachaa, caaccuufi kan biroo |
| Uraagaa | gosa Oromoo Gujii hangafa |
| Waaqatu itti gamade | bakakkatu itti bu'e |
| Waaqefanna | amantaa waaqa tokkichatti amanu |
| Wandabboo | Ufata Bokkuu |
| Wareega | Qalma ulfina Waaqatiif qalamu |
| Wayyuu | Safuu / ulfoo |
| Xaddacha Rabaa | caasaa sirna Gadaa Odaatti aanee jiru |

**Gabajee**

OBS - Oromiya Broadcasting Service

OSSREA- Organization for Social Science Research in Estern and Sousthren Africa

Tv- Telvision

# Baafata

Axeerara ... ii
Galata ... iii
Jibso ... iv
Gabajee ... vii
Baafata ... viii
Tarree Gabateewwanii ... xiii
Tarree Caatoowwanii ... xiii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1
1.1. Seen Duuba ... 1
1.2. Ka'uumsa Qorannoo ... 11
1.3. Kaayyoo Qorannoo ... 15
1.3.1. Kaayyoo gooroo ... 15
1.3.2. Kaayyoo Gooree ... 15
1.4. Barbaachisummaa Qorannoo ... 15
1.5. Daangaa Qoranichaa ... 16
1.6. Hanqina Qorannoo ... 16
1.7. Qindoomina Qorannoo ... 17
BOQONNAA LAMA: SAKATA'A BARRUU ... 18
2.1. Oromoo ... 18
2.2. Duudhaa (Norm) ... 18
2.3. Sona Hawaasaa /Social Norms ... 19
2.4. Hawwasummaa / Socialization ... 20
2.5. Uumaa, Ayyanaafi Safuu ... 20
2.6. Uumaafi Uumama ... 22
2.7. Safuu ... 22
2.8. Safuu Uumama Jidduu Jiru ... 24
2.9. Safuu Hangafaa ... 25
2.10. Dirreewwan Ulfoo ... 26

2.10.1. Malkaa ....................................................................................... 27
2.10.2.Tulluu ....................................................................................... 29
2.10.3. Odaa ....................................................................................... 30
2.11. Ulfoowwan Safeefaman ....................................................................................... 30
2.11.1. Kallacha ....................................................................................... 31
2.11.2. Caaccuu ....................................................................................... 32
2.11.3. Bokkuu ....................................................................................... 33
2.11.4. Siinqee ....................................................................................... 34
2.11.5. Qanafaa ....................................................................................... 35
2.11.6. Jaanoo ....................................................................................... 35
2.12. Safuu Fuudhafi Heerumaa ....................................................................................... 36
2.12.1. Seera Rakoo ....................................................................................... 37
2.14. Xiinxalla Barruu Walfakkatanii ....................................................................................... 38
BOQONNAA SADI: MALA QORONNOO ....................................................................................... 40
3.1. Iddattoofi Mala Iddateessuu ....................................................................................... 41
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa ....................................................................................... 42
3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee ....................................................................................... 43
3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa ....................................................................................... 43
3.4.1. Sakata'a Ragalee ....................................................................................... 43
3.4.2. Af-gafiii ....................................................................................... 44
3.4.3. Daawwannaa ....................................................................................... 45
3.4.4. Marii Garee ....................................................................................... 46
3.5. Mala Qaaccesa Ragaalee ....................................................................................... 47
3.6. Naamusa Ogummaa ....................................................................................... 48
BOQONNAA AFUR: RAGAA DHIYEESUUFI QAACCEESSU ....................................................................................... 49
4.1. Maalummaa Safuu ....................................................................................... 49
4.2. Safuu Hangafaa ....................................................................................... 52
4.2.1.Safuu Hangafaa Gogeessa Gadaa Keessatti ....................................................................................... 52
4.2.2. Safuu Hangafaa yaa'ii Keessatti ....................................................................................... 55

4.2.3. Safuu Hangafaa Jila Malkaa Keessatti ........................................................ 56
4.2.4. Safuu Hangafaa jireenya Hawasaa keessatti ................................................ 57
4.3. Safuu Ardaa /Ardaalee ........................................................................................ 58
4.3.1. Safuu Malkaa /Horaa ........................................................................................ 58
4.3.2. Safuu Tuulluu ........................................................................................ 61
4.3.3. Odaa ........................................................................................ 62
4.4. Ulfaawwan Safeefaman ........................................................................................ 63
4.4.1. Kallacha ........................................................................................ 63
4.4.2. Caaccuu ........................................................................................ 65
4.4.3. Bokkuu ........................................................................................ 65
4.4.4. Waddeessa ........................................................................................ 66
4.4.5. Siinqee ........................................................................................ 68
4.4.6. Qanafaa ........................................................................................ 71
4.4.7. Guutimala /SaMaxee ........................................................................................ 73
4.4.8. Laadduufi Irboora ........................................................................................ 74
4.4.9. Ruufa ........................................................................................ 75
4.4.10. Alangee ........................................................................................ 76
4.4.11. Haalluu Gurrachaafi Diimaa ........................................................................................ 77
4.4.12. Marga Lattu /Saarddoo/ ........................................................................................ 78
4.5. Safuufuu Fuudhaafi Heerumaa ........................................................................................ 80
4.5.1. Safuu Gaa’ela Fira Dhiigaa ........................................................................................ 81
4.5.2. Safuu guyyaa Gaa’ela ........................................................................................ 81
4.5.2.1. Safuu Rakoo ........................................................................................ 83
4.5.2.2. Safuu Harimii ........................................................................................ 86
4.6. Safuufi Hoodachu. ........................................................................................ 87
4.6.1. Safuufi Hooda, Hormaataa Namaa ........................................................................................ 88
4.6.2. Safuufi Hooda Hormaata Qabeenya ........................................................................................ 89
4.6.3. Safuufi Hooda Ibddaa ........................................................................................ 90
4.6.4. Safuufi Hooda Madda Bishaanii ........................................................................................ 91

4.6.5. Safuufi Hooda Du’aa ......................................................................91
4.6.6. Safuufi Hooda Lubbuu Namaa ......................................................................92
4.6.7. Safuufi Hooda Guurraafi Ijaa ......................................................................93
4.6.8. Safuufi Hooda Dhibeewwan Hamoo ......................................................................94
4.6.9. Safuufi hooda Mandiisuu ......................................................................94
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO QORANNICHAA .......96
5.1. Cuunfaa......................................................................96
5.2. Argannoo ......................................................................100
5.3. Yaboo ......................................................................102
Wabii......................................................................103
Dabalee –A
Dabalee –B
Dabalee _C
Dabalee _D
Dabalee –E
Dabalee_ F
Dabalee –G

## Baafataa Suuraa

Suuraa Lak. 1. (Xaddacha Raabaa Heeraafi Seeraa) Godina Arsii daangaa aanaa Heexosaafi Loodee Heexosaa iddoo Qixiibe jidhamutti argamu. (Maddi: Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Arsii.) ........ 3

Suuraa L.K.(2) Ardaa Me'ee Bokkoo Walkkaan maddi qorataan (16/02/2016) qorataan kaafame 8

Suuraa Lak.3.Ardaa Me'ee Bokkoo Gamisaan maddi suuraa qorattichaan (16/02/2016) kana kaameeraa soonii kaafame. ........ 8

Suuraa Lak.4 Ardaa jilaa Me'ee Bokkootii Korma qalamu Abbaan Gadaa erga ariiratee booda Hayyuun Gadaa yoo ariirratu madda qorataan guyyaa (15/02/2016) kaameeraa Soonii kan kaase. ........ 54

Suuraa lak.5. Qachaa Abbootii Gadaa Ardaa Me'ee Bokkootti maddi qorataan guyyaa(14/02/2016) kaameeraa soonii fudhate ........ 55

Suuraa L.K.6 waddeessafi Safuu Waddeessaa yeroo ardaa Jilaatti yoo qorphiisa taa'an madda qorataan guyyaa (17/02/2016) kaameeraa sooniin kana fudhatame ........ 67

Suuraa L.K.7. Haawwan Siiqee qabatanii Ateetee Bahana .Madda waajjira Aadaafi Turizimii godina Arsii irraa Argame. ........ 71

Suuraa Lak.8. Suuraa deessuu qanafaa hidhatte. Madda qorataan guyyaa (10/05/2016) Godina Arsii aanaa Heexosaa ganda Dabayaa Adaree kaameeraa sooniin kaafame ........ 73

Suuraa Lak.9. Faaya Guutimalaafi Samaxee haawwan gogeessa Abbootii Gadaa Gujii. Madda qaorataan guyyaa (18/02/2016) kaameeraa soonii Ardaa Jilaa Me'ee Bokkootti fudhatame. ...... 74

Suuraa Lak.10 Abbaa Gadaa Gujii Gosa Uraagaa Waaqoo Duubee madda qorataan guyyaa (19/02/2016) kaameeraa soon kan kaase ........ 75

Gabatee Lak.4 halluufi uffata Oromoo sirnoota ayyaana adda addaa keessati dhimma bahu. ...... 78

Suuraa Lak.11. Gaa'ela godina Arsiis aanaa Heexosas ganda Goondee Fincamaati raawwate gurbaan fuudhee mana warraatti galu agarsisu. Madaa qaorataan bilbila Samsung fayyadamee kaase 02/05/2016 ........ 85

SuuraaL.K.12. (02/05/2016) Sirna rakoo yoo raawwatu godina Arsii aanaa Heexosaa ganda Goondee Fincammaa madda qorataan guyyaa (02/05/2016) bilbila moobayilii SAMUNG fayyadamuun fudhate. ........ 85

Suurra L.K.13. Sirna harmii tufuu yoo raawwatamu aanaa heexosaa Ganda Gondee finacama madda qorataan guyyaa (03/05/2016) kan kaameeraa soonii tiin fudhatme ........ 87

## Tarree Gabateewwanii

Gabatee Lak.1 Xaddachoota Raabaa Godina Arsii Bahaafi Lixaatti Argaman agarsiisu. ..3

Gabatee Lak.2 Marsaa Gaadaan Oromoo Gujii ummata gaggeessan agarssisu maddaa Waajjira Aadaafi Turzimii godina Gujii. ......................................................................9

Gabatee Lak.3 sadarkaa umriifi Gadaa Agarsiisu (maddi barruulee Ballii 74ffaa Aadaafi Turiziimii Godina Gujii 2008/ 2016)...........................................................................10

## Tarree Caatoowwanii

Caatoo Lak.1 Marsaa Gadaa Oromoo Arsii (Maddi: Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Arsii.) ..........................................................................................................................4

Caatoo Lak. 2 Marsaa Gadaa Oromoo Gujii (madda: The Guji Gadaa: Ablu print for democracy and Distinctive Socio –Cultural characterstics Of Guji Oromo) fuula 6. .........9

Caatoo Lak.3 Angawoota Bulchiinsa Gadaa Oromoo Gujii (maddaa Barruule Aadaafi Tuurzimii Godina Gujii Bara 2016 fuula fuula 33 .........................................................11

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seen Duuba

Mallattoo hawaasni tokko ittin beekamu keessaa tokko aadaadha. Aadaan ibsituu eenyumaati. Uummanni Oromoos uummata biroo irraa adda kan isa taasisu aadaafi duudhaa mataa isaa qaba. Aadaafi dudhaa uummata Oromoo keessaa inni tokko *Safuufi Safeeffanaadha*. Oromoo yeroo gutummaan sirna Gadaatin bulaa tureefi osoo dhiibbaan alagaatin aadaafi duudhaan isaa harkaa hinlaafiin Safuun hawaasa Oromoo biratti iddoo olaanaa qaba ture. Jireenya namaa dhuunfaa  hanaga sirana Gadaa biyyaa ittiin buluutti Safuudhaan kan guutame yoota'u namni *Safuu* hawsaa  hineeginne hawasa biratti fudhatama hinqabu.

Galmeen jechootaa Oromo English, Tilahuun Gamitta, (1989:511) "Safuu refers to expression of astonishment, fear, pit, shame etc." Jedha. Kan jechuun, *Safuun* waan hawsin sun Safuudha jdhe kabajanii; osoo itti hinbu'in, hindabsin, ykn hincabsin jiraachuudha; Safuu cabsuun qaaniidha ykn salphina. Safuu osoo hincabsin kabajanii jiraachuu mul'isa. Dhimma kana ilaalichisee Dirbii Damisee, *(2012 :64)*  yoo ibsu

> *Safuun waa hedduu of keessaa qaba Safuun seera Waaqaa lafaati. Safuu eegun seera. Garuu, seerri hundi safuu miti. Seerri namaan tumama, nibaha, nijiga, garuu safuun hintumamu hinbahus safuun seera uumamaati. Safuu eeguun dirqama jireenyaati. Yoo safuun cabsan cubbuu hojjetu, miidhaa fidu.*

Qaaccessi Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo godina Arsiifi *Gujii "xiyyeeffannoo Aanaa Heexosaafi Ardaa me'ee Bokkoo"* jedhu kun godina Arsii keessaa aanaa Heexosaafi Godina Gujii keessaa immoo Ardaa Jilaa Me'ee Bokkoo irratti kan xiyyeefateedha.

Aanaan Heexosaas aanaalee godina Arsiitti aragman 24 keessaa takka yootaatu akka aanaatti kan hudoofte 1950, akka taateefi maqaa Heexosa jedhamu kana kan argatte gosa Oromoo Arsii Heexosa jedhamu irraa ta'uu ragaan waajjira bulchiinsa aanicha irraa bara 2015/ 2008 argame ni'ibsa. Aanaa Heexosaa sirrii galaanaa irraa olka'insa metra 1,700 hang 4,000 irratti argamti. Haalli teessuma lafa  aanaa Heexosaa irraa caalaa isaa diriiraadha. Lafti olka'insaan beekaman keessa walqabatoota gaareen Arsiifi Baalee

gaarri Cilaaloo hammi tokko aanaa Heexosaa keessatti argama. Aanaan Heexosaa Kaabaan aanaa Doddotaa Kibbaan aanaa Xiiyoofi aanaa Digaluufi Xiijootiin, Bahaan aanaa Loodee Heexosaafi aanaa Roobeetiin, Dhihaan aanaa Zuwaay Dugdaatin daangeeffamti. Magaalli guddoon aanaa Heexosaa Itayya yootaatu maqaan kanas kan argatte qubsuma Oromoo Arsii ilmaan damee Wucaalee keessa Itayyaa jedhamu irraa yoo ta'u; magaalli Itayyi Asalla irraa kallatti Kaabaa Bahaatti KM 25 fagaattee; Finfinnee irraa kallattii baahaa KM 150 fagaattee argamtti. Balli'inni aanichaa hekitaara 53,795 yoota'u balina lafaa kana keessaa hekitaar 27,415 qonnaaf, hekitaarri 4,044 bosonaan kan uffifamee, hekitaarri 8,320 lafa margaa deedicha loonif oolu, hekitaarri 14,016 tusiin kan ufufame yoo ta'u aanaa Heexosaa keessatt laggeen argaman Qalaxa, Gunaa,Waraqaa, Bonayyaa, Booruufi Goondee jedhamuun beekamu. Haalli qilleessaa aanaa Heexosaa % 20 gammojjii % 48 badda dareefi % 32 baddaa yoota'u oomishinni aanaa Heexosaa ittin beekamtu qamadii, garbuu, midhaan dheedhii, midhaan dibaataa keessaa talbaafi ijji raafuu, boqqoloofi Misingaa akka duraa duuba isaanittiin kana oomishaman akka ta'e ragaan Waajira Qonnaa aanaa Heexosaa irraa argame ni'ibsa.

Akkaataa raga Ogeeyyii waajjira aadaafi Turizimii godina Arsiifi aanaa Heexosaa akkasumas, manguddoota irraa aragmetti. Oromoon Sirna Gadaatin yeroo bulaa turetti Oromoon Arsii Odaa Roobaa jalatti akka bulaa turaniifi Caasa bulchiinsa Sirna Gadaa keessati Odaatti aanee jiru *Xadaacha Raaba*a kan jedhamu yoo ta'u caasaan Xaddachatti aanee argamu *Yaa'ii*fi caasaan gadi aanu *Baym*a jedhama. Odaa Roobaas xaddachoota digdama of jalaa qaba. Isaan keessaa jaha godina Arsii Bahaatti sadi Arsiis lixaatti kudha tokko Godina Baaleetti kan aragaman yoo ta'u, Xadachoon Godina Arsii Bahaafi Arsii Lixaatti argaman kan armaan gadiit.

| T/L | Maqaa Xaddachaa | Godina | Argama aanaan |
|---|---|---|---|
| 1 | Xadacha Raabaa Heeraafi Seeraa | Arsii Bahaa | Heexosaa |
| 2 | Xaddacha Raabaa Kakuufi Amantii | Arsii Bahaa | Amiinyaa |
| 3 | Xaddacha Raabaa Muraa murtii | Arsii Bahaa | Suudee |
| 4 | Xaddacha Raabaa Nagaafi Araaraa | Arsii Bahaa | Gololchaa |
| 5 | Xaddacha Raabaa Gammachuufi Qananii | Arsii Bahaa | Martii |
| 6 | Xaddacha Raabaa Aanaa Aananii | Arsii Bahaa | Siree |
| 7 | Xaddacha Raabaa Bana Bantii | G/ Arsii Lixaa | Gadab Asaasaa |
| 8 | Xaddacha Raabaa Yaa'ii Lallabaa | G/Arsii Lixaa | Kofalee |
| 9 | Xaddacha Raabaa Guutuu Godaa | G/Arsii Lixaa | Shashamannee |

Gabatee Lak.1 Xaddachoota Raabaa Godina Arsii Bahaafi Lixaatti Argaman agarsiisu.


( Maddi: Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Arsii bara 2015/ 2008)



**Suuraa Lak. 1.** (Xaddacha Raabaa Heeraafi Seeraa) Godina Arsii daangaa aanaa Heexosaafi Loodee Heexosaa iddoo Qixiibe jidhamutti argamu. (Maddi: Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Arsii.)

Ilmaan Sikkoofi Mandoo (Arsii) sirna Gadaa Odaa Roobaa dhiibbaafi waraana nafxanyootaatin Gadaa kudha torbaaf ykn waggaa 136 erga addaan citeen booda bara 2016 gumii Abbootii Gadaa Oromootiin irra deebi'ee ijaramee jira.Gadaan Baharaas

Gadaa Horataa irraa Baallii fudhatee jira. Sirni kunis Adoolessa 2016 Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa iddoo Caffee jilaa jedhamutti fudhatee jira.




Caatoo Lak.1 Marsaa Gadaa Oromoo Arsii (Maddi: Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Arsii.)

Aanaan Heexosaa diddaa sirna nafxanyaa keessatti bara 1886 iddoo Oromoonni heddu ta'an waregama Lubbuufi qaamaa  itti kafalamedha. Keessattuu iddoon Oromoonni hedduun harkaafi harma itti muraman Aanoole aanaa Heexosaatti argamtti. Iddoon seenaa Aanoolee Asallaa irra kallatii Kaabatti KM 34 Itayyaa irraa kallattii Kaabaa Dhihaatti Km 9 irr'atti argamti.

Wareegamtoota Aanooleetiif yeroo ammaa siidaa yaadannoo   kan dhaabbateef yoo ta'u iddoon seenaa kun bal'inni isaa heektaara kudha torba  ta'e  daangeefamee  godihanbaafi iddoon haara galfii  ijaaramee tajaajila kennaa jira. Iddoon siidaa yaadannoo wareegamtoota aanoolee itti ijaarame kun iddoo loltoonni Minlik harkaafi harma Oromootaa itti muran, Odaan harka namoota murame itti fannifamefi awwaala namoota guyyaa sana ajjefeemanii itti awalamanii daangaa kan keessatti argama. Awwalli kunis awwala darbaa jedhama. Awwala darbaa kanjedhameefis namoonni sirnaa kana awaalaman osoo hintaane akka bineessi hinyaanne qofa bool'atti darbamanii awalaman akka ta'efi awwalli namni du'e sirnaan itti awwaalamu awwaala daglaa akka ta'e ragaan

mangudoota, waajjira aadaafi turzimii godina Arsiifi anaa Heexosaa Mudee, 2015/2008 irraa argame ni‘ibsa.

Gama biraatiin aanaa Heexosaa keessatti malkaa Orommoonni aanichaa irreessa birraa Fulbaana digdamii saddeet itti irrefatu kan jiru yoo ta’u malkaan tunis Malkaa Booruu jedhamti. Booruu Obboleessa Itayaa ilma Wucaalee yoo ta’u maqaan Booruu bu’uurri isirraa akka dhufe ibsi mangudoota irraa argame ni’addeessa. Malkaan Booruu magaalaa Itayyaa irraa kallatti Kibba Bahaatti fageenya Km 5 ganda qonnaan bultoota Odaa jilaa jedhamu keessattii aragma. Akka ragaan waajjira Aadaafi Turizimiifi abbaa Malkaa Booruu manguddoo Dabalee Yaamii irraa argame akka ibsutti iddoon irreesa kun dur irraa eegalee akka itti irreefamaa tureefi sirnoota darban keessatti dhiibbaa gahaa tureen baay’inni ummata irrefatu bay’ee gad’i bu’ee akka turee ni’addeessa. Waggoota dhiyoo as immoo sirni irreessaa kun akka aanaatti malkaa tanatti kabajamaa kan jiru yoo ta’u yeroo ammaa kana lakkoofsi ummata irreessa malkaa Boorutti argamun irreeffatu waggaadhaa waggatti dabalaa kan jiru yoota’u irreessa birraa bara 2015 kanas uummanni 2,500 hanga 3,000 tilmaamamu argamuun irreefate jira. Iddoon irreesaa kun bali’ina hekitaara 5.7 daangefamee waajjirri Aadaafi Turizimii aanaa Heexosaa bulcha jira.

Dabalataanis aanaa Heexosaa keessatt holqi baay’ee gudaa ta’eefi Oromoonni Arsii yeroo lola Waraana Nafxanyaa waliin gaggeessaa turanittifi bara weerara Xaaliyaanii akka dawootti dhiima itti bahaa turan goda Hamdaa jedhamu kan argamu yoo ta’u holqi kun magaalaa gudditti aanaa Heexosaa irraa kallatti Dhiyaatti KM 18 fagatee ganda qonnaan bultoota Daannisaa keessatti kan argamu yoota’u, holqi kun bali’ni seensa afaan isaa meter iskuweerii afurti / 4/ kan tilmaamu yoo ta’u hojii isaa metara lamaafi walakkaa /2.5m/ dheerata. keessi holqichaa bayy’ee bal'aa yoota’u keessa isaa naannoo metira sagaltamaa (90m) erga keessa deemaniin booda qaawwa gara guubbaa dacheetti nama baasuu qaba. Qaawwa kanaan booda fagoo ta’uu isaa malee guutummaa bal’ina isaa akka birra hingahamne ragaan waajjira aadaafi Turizimii aanichaa irraa argame ni’ibsa. Holqi kun maqaa goda Hamdaa jedhamu kan argate nama maqaa Hamdaa Buttaa jedhamu irraa yoota’u; Hamdaa Buttaa sirna Hayilasilaasee keessati lafa isaan loon itti horsiisaa jiratan irraa fudhatamee nafxanyootaaf yoo kennamu qalaxaayii lafa safartu tokko ajjeesun haada lafaan safaran kutee waan ari’eef motii Hayila silaaseen waggoota kudha torba

mana hidhaa ‘*alm baqqaa*’ Finfinneetti mana dukkanaa keessatti hidhamee turee gaafa mana hidhaati bahu ijji isaa akka jaamte ragaan firoota isaafi manguddoorraa argame ni’ibsa.

Aanaan Heexosaa dhaabbilee barnootaa kana muutummaa mana barnootaa qopha’iina tokko, sad. $2^{ffaa}$ afur, sadarkaa $1^{ffaa}$ (1- 8) afurtamii lama, sad.$1^{ffaa}$ (1- 4 ) tokko kan dhuunfaa sadarkaa $1^{ffaa}$ ( 1- 8 ) tokko Olmaa da’imanii lama walumaa galatti dhabbilee barnootaa shanatamii lamatu argama. Gama birtaatiin, dhaabileen fayyaa aanaa Heexosaa kessatti argaman buufata fayyaa afurfi keellaa fayyaa baadiya digdamii sadiifi magaalaa sadi walumaa galatti dhaabbilee fayyaa soddoma ta’antu argama. Akkasumas, aanicha keessa Bankii Daldala Itoophiyaa lamafi baankii dhuunfaa saditu argama. Aanaa Heexossaa keessatti yeroo ammaa warshaa daakuu lamaa kana jiran yoota’u, warshaan Kopleeksii Nyaataa /food Complex /Yuuniyeenii Qonnaan Bultoota Hexosaatiin ijaramee xumura irra gahee jira.

Baayi’nni Uummata aanaa Heexosaa 160,636 yoo ta’u; gandootaa baadiyyaa digdamii sadifi Magaalaaloota sadi keessatti jiraata. Uummata aanaa Heexosaa keessaa % 84.4 baadiyaafi % 15.6 magaala keessa kana jiraatu akka ta’e ragagaan karoora bara 2015/ 2016 waajira bulchiinsa aanaa heexosaa irraa argame ni’ibsa.

Uummata aanaa Heexosaa qubatee jiraatu keessaa harki olaanan gosa Oromoo Arsiiti. Gosa Oromoo Tuulamaas dhiibbaa sirnoota mootummoota darbaniin nannoo godinoota Shawaa kabaafi iddoo magaalli Finfinnee itti hundoofte irraa buqa’an godina Arsii qubataan kan jiraatan yoo ta’u saboonni biros lakkoofsan bay’ee muraas ta’an niaragamu. (Maddi Ragaa walii gala aanaa Karoora Bulchiinsa Anaa Heexosaa)

Goddinni Gujjii godinoota Oromiyaa keessatti argaman keessaa takka yoo taatu Finfinnee irraa kallattii Kibbaatti KM 595 fagaattee argamti. Magaalli Guddoon godina Gujii Nageellee Booranaa jedhamuun Waamamti, Godinni Gujii aanaalee 13 fi bulchiinsa magaalaa 3 kan qabdu yoo taatu Kibban Mootummaa Naannoo Sumaalee, Kaabaan Mootumma naannoo ummattoota Kibbaa, Bahaan Godina Baaleefi Arsii Lixaa, Dhiihaan Godina Booranatiin daangefamti.

Akka ragaa Barrulee waajjira Aadaafi Turizimii godina Gujii bara 2008/2016 Ballii 74[ffaa] jettu irraa argametti; Godni Gujii bal'ina Km iskuweerii 218,577.05 kan qabdu yo ta'u, Olka'iinsi teessumma lafaa sirri galaanaa irraa 500m hanga 3500m kan qabu yoo ta'u haalli qileensa godinchaa baddaan % 27, badda dare %33, gammoojjin % 40 ta'a.

Ummata godina Gujii keessa jiraatukeessaa% 9.4 daldalaan jiraata. % 22 horsiisa loonitiin % 68.6, qonnaan kan jiraatu yoo ta'u, midhaan godincha kessatti oomshaman Qamadii, boqqolloo, garbuufi warqeen (false banana) isaan olaanaa yoo ta'an, nyaanni warqee irraa qophaa'u godinchatti keessatti harka caalu qabata. Goddinni Gujii Omisha Bunaatiinis badhaatuudha.

Goddinni Gujii godina sirni Gadaa Oromoo dhiibbaa alagaan dandamachuun, akka hanbaatti keessatti  hafan keessa takka yoo tatu, Ardaan Me'ee Bokkoo ardaa Gadaan Oromoo Gujii waggaa saddet saddeetin baallii /aangoo/ waliif itti dabarsudha.  Godinchi qabeenya uumamaa adda addaa qabeenya bosonaa, looniifi bushaayee akkasumas albuudonni hedduun kan argama yoo ta'an keessayuu Ommisha albuuda Taantaaniyeem, ayirani kan akka warqee, iddo oomsha alabuudaa warqee Adoolaa,Shaakisofi Okkoteen beekamodha.

Ardaan jilaa Me'ee Bokkoo aanaa Soraa ganda Me'ee Malkaa Galmaatti kan argamtu yoo ta'u magaala guddoon aanaa Soraa Hirbaa Muudaa irraa kallattii Bahaati Km 11 fagaatee, daandii gara  magaala Adoolaa geessu iddoo lamatti qoodee keessa darba. Ardaan tun bal'ina hekitaara 888.18 kan qabdu  yoo taatu tajaajila walharkaa fuudhinsa baallii Abbootii Gadaafi iddoo seerri Gadaa itti lallabamu taatee Waggoota 500 akka tajaajiltte ragaan waajjiira Aadaafi Turizimii godina Gujii irraa argame ni'addeessa.

Ardaan me'ee Bokkoo haalli teesuma ishee kan nama ajia'ibuufi magarisa kan mukkeen gurguddoo akka Odaa, Bakkannisa, Abbayyii, dhugoo, Me'eefi kkf kan guutamtee yoo taatu  maqaa me'ee jedhamu kan argattes muka kana irraa akka ta'e ragaan manguddoota irraa argame ni'ibsa. Me'ee Bokkoo lafa wayyuu yootatu lafa tana irraa mukka muruu, qotuun hindanda'amu. Hata'u malee, loon marga /marra/ tikifachuun hindhoorgamu. Me'ee Bokkootti yoo godaanan qabeeny namaa kan kufe fudhachuu, dhara dubbachuu, namaan walitti bu'uu, dubartii waliin ciisuun hineeyyamamu.



**Suuraa L.K.(2)** Ardaa Me’ee Bokkoo Walkkaan maddi qorataan (16/02/2016) qorataan kaafame



**Suuraa Lak.3.**Ardaa Me’ee Bokkoo Gamisaan maddi suuraa qorattichaan (16/02/2016) kana kaameeraa soonii kaafame.


Gadaan Oromoo maqaan isan ittin beekaman garaa garummaa xixinnoo akka qaban beekamaadha Gujii birattis gadaan shanan maqaa Muudana, Halchiisa, Dhallana, Harmuufaafi Robaalee jedhamaniin beekamu.

Gadaan Oromoo Gujii bara 2016tti ballii 74 ffaa kana waliif dabarsan yoo ta'u, Gdaan shananuu marsaa isaan gaggeessan gabatee armaan gadi irraa hubachuun nidanda'am.

| Gadaa | Muudanaa | Halchiisa | Dhalana | Harmuufa | Roobalee |
|---|---|---|---|---|---|
| Marsaa gaggeessan | 15 | 15 | 15 | 15 | 14 |

Gabatee Lak.2 Marsaa Gaadaan Oromoo Gujii ummata gaggeessan agarssisu maddaa Waajjira Aadaafi Turzimii godina Gujii.

Asirraa kan hubatamu Gadaa Muudanaafi Halchiisaa Marsaa kudha shan (15) akaa gaggeessan Gadaan Harmuufaa marsaa 15ffaa gaggeessuuf Guraandhala 2016 baallii kan fudhate yoo ta'u Gadaan Roobalee wagga saddeetiin booda baalli fudhachuuf eegachaa jira.




Caatoo Lak. 2 Marsaa Gadaa Oromoo Gujii (madda: The Guji Gadaa: Ablu print for democracy and Distinctive Socio –Cultural characterstics Of Guji Oromo) fuula 6.

Gulantaaleen sirna gadaa kan namni sadarkaa sadarkaan keessa qaxxamuru gara gulantaalee *kudhanii sadii* yoo ta'u gulantaalen kunnin haala namni tokko itti gaafatamummaa inni siyaasa diinagiddeefi hawaasummaa keessatti bahuu danda'ufi hindaneenye sadarkaa gurguddoo *afurtti* qoodama. Isaanis: sad. ijoollummaa, sad. dargaggummaa, sada. manguddummaafi jaarsummaayoo tan isaanis gabatee armaan gadiirra hubachuun nidanda'ama.


| T/L | Sadarkaa ilmi namaa keessa darbu | Sadarkaa Gadaafi umrii naman keesa darbu |
|---|---|---|
| 1 | Ijoollumma | • Dabballee |
| | | • Qarree<br>qarree duubaa<br>qarree duraa |
| | | • kuusa |
| 2 | Ga'eessuummaa | • Raaba |
| | | • Doorii |
| | | • Gadaa |
| 3 | Manguddumma | • Baatuu<br>• Yuuba diqqaa<br>• Yuuba guddaa |
| 4 | Jaarsummaa /extinicitve phase/ | • Jaarsa guduruu |
| | | • Jaarsa qululluu |
| | | • Jaarsa raqeyya |
| | | • Jaarsa ginya |

Gabatee Lak.3 sadarkaa umriifi Gadaa Agarsiisu (maddi barruulee Ballii 74[ffaa]Aadaafi Turiziimii Godina Gujii 2008/ 2016)

Filatamtoota aangawoota /kaabinoota sirna Bulchiinsa Gadaa kan filataman kan kaadhimaman jila Odaa buliinsa ykn gaafa yaa'a Odaa buluu yaa'ii hayyootaatiin kaadhimaman yoo ta'u isaaniis

1. Abbaa Gadaa: hooganaa walii gala aangoo olaanaa kan qabuudha.
2. Jalkeya: haala mijeessaa Abbaa Gadaa (protocol Officer) bakka abbaan Gadaa hinjirretti hojii Abbaa Gadaa kan hojjetudha.

3. Faga: gorsaa hafuuraa (ritual advisory) deegarsa lubaa ykn abbootii murtii itti gaafatamaa yaa'aati.
4. Hayyuu: aangawoota wajjin ta'uun mormii waldhabee yakkoota adda addaa kan hiikan yoo ta'u maqaa kabajaa kan akka Abbaa Lookoo, Abbaa Gannaalee, Abbaa doolaa, Abbaa heessaa, Abbaa mojoo, Abbaa girjaa jedhamutu kennamaaf. Maqaa kana hanga lubbun jirutti ittiin Waamama.
5. Jaldhaaba: seera eegsisuu, namoota ballessan irratti tarkaaf fudhachu yoo ta'u poolisii abbaa gada jechuun nidanda'ama.
6. Waamura: aangoon isaa yaa'ii qajeelchuufi deegarsa kennuudha.
7. Torbiin: namoota ergaa jaldhaaban darbe fudhatanii hojiirra oolchan yoo ta'an caasaan aangoo isaanii kan armaan gadii kana fakkata.




Caatoo Lak.3 Angawoota Bulchiinsa Gadaa Oromoo Gujii (maddaa Barruule Aadaafi Tuurzimii Godina Gujii Bara 2016 fuula fuula 33

### 1.2. Ka'uumsa Qorannoo

Qorannoo Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo jedhu kan gaggaassuuf kan nakakaase: uummanni Oromoo dhimmoota jiruufi jireenya keessatti raawwataniifi, umama lafa kana irra jiraatan maraaf kabajaafi ulfina mataa isaanii qabu. Dhimmi raawwatu kamiiyyuu akkafeeten hinraawwatu, sodaafi kabajaa uumaa qaba. Bakka manguddoon jirutti mangudoo dura hindeeman, ilmi abbaaf, intalli haadhaaf, Safuudha jedha. Yeroo eebbsus ta'ee yoo uumaa isaa kadhatu akka feeteen osoo hintaane duudhaafi Safuu eegee kan raawtuu dha.

Manguddoon Oromoo daa'imman yoo balleessan bira hindarbu nigorsu, ykn ni'adabu kana malees, ergaa iccittii qabu maatii daa'imman ykn ijoollee sanatti ergu malee bira hindarban. Eragaa iccitii qabu keessaa erga maatii ijoollee gaafatee booda"Teepha jiidhaa maruu teepha kan jiidhaa mari abbeetti naaf him" jechuun warri maatii daa'ima sana akka sirreessan taasisu. Kana irraa kana hubatamu Mangudoon Oromoo hagam dhaloota boruuf akka yaadudha.

Walumaagalatti, ummata Oromoo biratti jireenyi addunyaa kanaa Safuun kan eegamuudha. Namni lafa kan iraa yoo jiraatu qabeenya uumamaalee karaa Safuu eegeen dhiimma itti baha. Akka feeteen dhimma itti bahuun hindanada'amu, Dhiima kan irratti Jamjam Uddeessaa (2014) yoo ibsu:

Oromoon Gujii muka guddaafi bosonaf ilaalcha addaa qaba warddiyaa malee kan bosonni eegamu yoo ta'u muka sababa quubsaa malee hinmuramu. Kun kan raawwatamu ajaja mootummaatiin osoo hinta'iin aadaafi duudhaa hawaasichaatiin. Bosonnifi mukinni gurguddaan qabeenya namoota dhuunfaa osoo hinta'in kan waliinitti. Gujiin boolla bishaan eelaa itti waraabee loon isaa obaafatu, loon obaasee yoo geesse, bishaaniin guute deema. Sababin isaasi bineessonni boosona akka dhuganiif yoo ta'u; kana malees Gujiin bineessota yoo adamu malkaa bishaan irratti hinadamsu; akkasuma, bineessa toowwannaa namaa jala jiru ajjeessun safuudha.

Yaata'u malee, duudhaa boonsaan kun waggoota dheeran dura eegalee dhiibbaa siyaasaa, amantiifi hawasummaatiin akka laafaa deemu ta'ee jira. Oromoon aadaa, amantaa isaa laaffisaa amantaafi aadaa warra birootti madaqee aadaafi dudhaa bonsai mataa isaa gataa deema jira. Kana ilaalchisee Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaa ( 2007:121) akkana jedha.

> --- *Dhuma jaarraa 16 [ffaa] booda sochii godhameen Oromoon Walirraa fagatanii Abbaa Muudaa tokko qabaachuu hindandeenye. Gosin itti makamuufi duula guddaratti hirmaatan kallatuma irra deemaniin amantii abbootii isaan duraanii gatuun irra caalaa amantii Islaamaa yoo fudhatan kan gara Dhiyaafi Kaaba Dhihaa akkasumas jiddu galeessa Oromiyaa jiran immo amantii Kirstaanaa fudhatan.*

Kana irraa hubachuun akka danda'amutti dhiibbaafi miidhaan alagaa aadaafi duudhaa uummata Oromoo irraan gahaa tureen Oromoon duudhaafi amantii isaa ganamaa

safuudhaan guutame gatuun, amantaafi aadaa ormaatti madaqaa akka deemuu namatti agarsiisa.

Kanaan walqabatee, Oromoonni amantii kirstinnaa hordofan aadaa, duudhaafi Afaan Oromoo laafsuun kana warra amantaa irraa fudhataniitti yoo madaqan Oromoonni amantii islaamaa hordofanis aadaafi duudhaa warra amantaa irraa fudhatanii madaqauun ammas hawaasa Oromoo biratti wanti mul'atu jira. Kanaafis, fakkeenya gaarii kan ta'u hammachisaa, Ateetee bulchuu, Malkaafi Tulluuttu irreefachu lagachuu. Amantaa sababeeffachuun *fudhaafi heeruma akka duudhaa Oromootti firummaa dhigaa hanga abbaa torbaa lakkayuun hafee, ilmaan adaadaafi eesumaa walfuudhuun raawatama jira*.

Gama biraatin Araddaawwan irreeffanaa Oromootaa irratti manni amantaafi tajaajila biro irratti ijaaruun akka badu tasiifamaa ture. Ragaan Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Arsii irraa argamen *Tulluun Sibuu (*aanaa Loodee Heexosaa ganada Maraaroo) iddoo irressa Afraasaa kan ture manni amantaa Ortodoksii 'Bataskaana' Maaramii irratti akka ijaarameefi iddoo *irreeffannaa Malakaa* Walkeessaa uummata aanaa Xiyoofi naannawa Magaala Asallaa irratti argamu manni amantaa Ortodoksii mana sagadaa 'Igizaarabii' akka irratti ijaaramefi A*raddaawwn irreefannaa* kun baduun isaa aadaafi duudhaan saba Oromoo akka laafuufi gara amantaafi aadaa saba birootti madadaqaa akka deeman gahee taphachuu raga ta'uu danda'a. Yeroo ammaa kanas sababa

1. Dhiibbaa sirnoota mootummootaafi siyaasatiin uummanni Oromoo dhuudfaafi aaddaa isaa akka hingudifanneefi, hinkunuunsine taasifamuu irraa kan ka'e beekumsi hawaasaa guddina biyyaatiifi dagaagina hawassummaatiif bu'aa buusuu dand'u kun dagatamaa kan jiru ta'uu isaa.
2. Amantaati hirkachuun aadaafi dhuudhaan ganamaa Oromoo laafaa, Oromoon aadaa warra birootti madaqaa deemuu.
3. Sababa babalachuu amantaaleen alagaatiin amantaan Waaqeffannaa akka laafuu dhiibba kallatii adda addan irra gahaa tureen Safuufi safeeffannaan xiyyeeffannaan itti laatamu xinnachaa dhuufuun dhalaoota ammaa birratti dagatamaa jiraachuu.

4. Sababa babal’achuu magalootaafi ‘*hammayumaa jechuutiin’* Oromoon magaala jiraatan duudhaafi aadaa saba isaaniitiif xiyyeefannoon kennamu laafaa deemun dhaloota duubaa dhufaa jiru biratti *Safuufi Safeeffanaan* laafuu.

Duudhaa boonsaa kana irratti, qorannoon osoo gaggeefamee, uummatichi kunuunsuun dhaloota itti aanuuf kan dabarsu yoo ta’e, dhaloota eenyummaa isaan boonu, naamusa, gaariifi fayya qabeessa uumuuf, faayidaan inni akka biyyatti qabu olaanaa ta’ee waan natti mul’ateef.

Qorannoo kun sababni godina Arsiifi Gujii irratti gaggeessef, godiini Arsii dhiibbaa sirnoota darbaniitin sirna Gadaa Oromoo iddoo itti laafee waggota dhibbaa ol addan cite turedha. Yeroo ammaas, dhiibbaa gama amantiitin dhufaa jiruun safuufi safeeffanaan Oromoo fuudhaafi heeruma fira dhiigaa abbaa torbaa asitti raawwachuun laafaa akka jiru darbee darbee komiin hawaasaa irraa nidhagahama.

Godinni Gujii godinoota hanbaan sirna Gadaa keessatti argamu keessa tkko. Kanaaf, qorataan godinaalee lamaan jidduutti safuun jiru xinxalafu mijawaadha jedhee itti yaade yoota’u, dabalataan sirn ballii waliif dabarsuu Oromoo Gujii Gadaa Dhalanaafi harmuufaa ardaa me’ee Bokkotti Amajjii 13-21waan gaggeefameef ragaa mala dawwanaan funaanamuufi safuu sirna Gadaa keessa jiru qorachuuf mijaawaa ta’uu isaati. Qorannoon kunis gaafilee armaan gadii kana deebsa.

1. Safuufi Safeeffanaan Uummata Oromoo hangafaaf qabu maal fakkata?
2. Dirreewwan uummata Oromoo biratti safeeffataman eenyu fa’a?
3. Ulfaawwan uummata Oromoo biratti Safeeffataman isaan kami?
4. Safuufi Safeeffannaan uummanni Oromoo sirna fuudhaafi heeruma keessattti qabu maal fakkata?
5. Safuufi Hoodaa uumman Oromoo qabu maal fakkata?

### 1.3. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kayyoo gooroofi gooreetii qoqqodamee akka armaan gadiiti dhiyaate jira.

#### 1.3.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Safuufi Safeeffannaa Uumata Oromoo funaananii qaaccessuun maal akka fakkatu agarsiisudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Safuufi Safeeffannaa uummanni Oromoo hangafaa qabu agarsiisuu.
- Dirreewwn uummata Oromoo biratti Safuu qaban tarreessu.
- Ulfaawwan Uummata Oromoo biratti safeeftaman tarreessu
- Safuufi Safeeffannaa uummanni Oromoo sirna fuudhaafi heeruma keessatti qabu agarsiissu.
- Safuufi Hood uummanni Oromoo qabu maal akka fakkatan agarsiisu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannoo

Qaaccessi Safuufi Safeeffannaa uummata Oroomoo jedhu kun faayidaa armaan gadi qaba.

- Safuufi safeeffannaa uummata Oromoo durii jalqabee dhimma itti bahaa ture kana dhaloonni ammaa kun beekuun akka dhimma itti bahu yoo tasiifame, dhaloonni egerees duudhaa ababileefi akkaakilee isaa irraa darbaa dhufe eeguun guddisuun dhimma kan itti bahu yoo ta’e; naamusafi ofitti amanamummaa akka gonfatuf fayidaa olaana qaba.
- Beekumsaafi qaroominni uummanni Oromoo baroota dheeraf dhimma itti bahaa ture kun guddinaa, dagaagina hawasaafi biyyaatiif faayidaa olaanaa gumaachuu danda’a.
- Namoota Safuufi Safeeffannaa uumata Oromoo irratti qorannoo gaggeessaniif akka madda ragaafi ka’uumsatti tajaajilu danda’a.
- Ogeeyyii sirna barnootaa qopheessaniif akka cicataata tokkotti tajaajiluu danda’a,
- Ogeeyyii himaammata hawaasaa baasaniif akka cicataati fayyaduu danda’a.

## 1.5. Daangaa Qoranichaa

Qaaccessi mataduree ‘Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo’ jedhu Kun baay’ee baladha. Safuufi Safeeffannaa Ummata Oromoo Oromiyaa guututti beekkaman maraa isaanii waraqaa qorannoo kana keessatti qaaccessanii dhiyeessun bay’ee ulfaatadha.

Sababni isaas; dhimmoonni uummata Oromoo biratti Safeeffataman hedduufi lafti uummanni Oromoo irra jiraatu bay’ee bal’aadha yoota’u, dhimmoota Safuu ta’an hunda isaanii qaacceessuuf yeroofi maallaqaa hedduu gaafata waan ta’eef; qorannoon kun: Safuufi Safeeffannaa uummanni Oromoo hangafaaf qabu, ardaalee uummata Oromoo biratti Safeeffataman, Safuu ulfaawwan uummata Oromoo biratti Safeeffataman, Safuufi Safeeffanna uumman Oromoo fuudhaafi heeruma keessatti qabuufi Safuufi Hooda uummanni Oromoo qabu Godina Arsii Arsiifi Gujii Xiyyeeffannoo aanaa Heexosaafi Ardaa me’ee Bokkoo irratti daangefamee jira.

## 1.6. Hanqina Qorannoo

Qorannoo kana gaggeessuuf ragaa barbaachisaa argachuun bu’aa bahii hedduu, yeroo dheeraa fudhata. Gama biraatin, ragaa bilchaataafi duudhaa Oromoo isa durii (ganama) argachuun mataa isaatiin akka salphaatti kan yaadamuu hinturre. Kunis kan ta’uu danda’eef dhaloonni lafaa dhufuu, jiraatton magalaafi naannoo magaalaa sababa amantaafi dhiibbaa adda addatiin aadaa isaanii dhiisuun aadaa warra birootti madaqanii jiraachaa jiru waan ta’eef, ragaa qoranoo kanaaf barbaachisu argachuun rakkoo ture. Keessattu dhimma kanarratti raawwii hawaasaa akka duudhaa ganamatti argachuun rakoo guddaadha.

Rakkoo kana furuuf qorataan manguddoota umrii dheeraa qabaniifi hawaasa baadiya fogoo keessa jiratan irratti xiyeefachun alatti fageenya Km 350 ol deemee sirna Gadaa Oromoo Gujii godina Gujii aanaa Soraa Ardaa Me’ee Bokkootti aragmuun raawwii baallii wali irraa fuudhuu Gadaa Dhalanaafi Harmuufaa qamaan argamuun daawwatee jira.

Kana malees, dhimma kana irratti carraa Tv OBS aadaafi duudhaa Oromoo irratti qophii “Qe’ee Oromoo” jedhuun tamsaasu hordofuun akka carraa gaariitti dhimma itti bahuun,

ragaa funaanameefi hojii hojjetameen qorannichaaf ragaan barbaachisu qindeessun danda'amee jira.

### 1.7. Qindoomina Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaa tokko seensa qorannichaa, boqonnaa lama sakata'a Ogabarruu, boqnnaa sadi mala qorannoo, boqonnaa afur qaaccessa ragalee, boqonnaa shan Cuuffaa, Aragannoofi Yaboo qoranichaa ta'uun walduraa duuban qindaayee dhiyaa

# BOQONNAA LAMA: SAKATA'A BARRUU

Boqnnaa tokkooffaa qorannoo kanaa keessatti seenduuba qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannichaa duraa duubaan dhiyaate ture. Boqonnaa kana jalatti immoo kitaabileen wabiifi qorannoo adda addaa mata duree kanaan waliin walitti dhufeenyaa qaban dhiyaatu.

## 2.1. Oromoo

Kitaabni 'Oromoo English Dictionary' Tilahun Gamta (1989: 492) jecha Oromoo jedhu yoo hiiku, "the largest single tribal in Ethiopa use /takes/ Afaan Oromoo Language." Kana jechuun, ummatta biyya Itiyoophiyaa keessaa bay'inaan olaanaa qabu, kan Afaan Oromoo dubbatu ykn Afaan Oromootiin walii galu.

Alamaayyoo Yaadasaas (2012:9) Oromoo yoo ibsu: "Uummanni Kuush uumata naannoo Kibba Baha Afrikaa keessa waggaa 5000 BC jalqaba jiraachaa tureedha.Ummani Oromoos isaan keessaa isa tokkodha."

Leellisaa Aadaa (6413 LW) waa'ee Oromoo yoo ibsu: Oromoon uummata dame uummata Kuush waggoota heddun dura dame tokko ta'ee baheef naannoo Baha Afrkaa jiraatu dame guddaafi Afaan Oromoo dubbatu jedha.

Ayalew Qannoo (2008:13), waa'ee Oromoo akkas jedha "They claim to have the same father whom they call Orma "son of Orma." By which they identify them selves in conversations and the ordinary common rece of life." Kana jechuu, ummata hundee dhalootaa tokko Ormaa jedhamu qabu, ilmaan Oromaa jechuun of waamaniidha jedha.

Biiroon Aadaafi Turzimii Oromimyaa (2007) Oromoon hortee saba Kuush ta'ee iddoowwan kuush dur jiraachaa turan akka yeroo dheeraf jiraata tureefi dame uummata Kuush keessa isa gudaadha jechuun ibsa.

## 2.2. Duudhaa (Norm)

Kitaaban Oxford Advanced Learnr's Dictionary The 6$^{th}$ edition (2000:526). jecha "Norm"/ Dhuudaa yoo ibsu "The usual, typical, or standard thing. required or acceptable

standard: the norm of good behavior.” Jechuun yoo hiiku kunis; hawaasnni tokko aadaafi barmaatilee sirriidha jedhee fudhate tokkof sadrakaafi ulagaa kaayee qabau jechuudha.

Ogeeyyi hiika duudhaaf kennan kaayyoofi mataduree isaaniitii irraatti hundaa’uun hiika itti kennanu. Marsaan Inatareetii WWW.chegg.com/home (28/02/2016) “Norm is a situation or a pattern of behaviour that is usual or expected a deviation from the norm.” hiika gama hawaasaa, yoo ibsu akkasi jedha: “Duudhaan barmaatilee garee hawasaa tokko sirriidha jedhee fudhatee ittin bulu yoo ta’u, namni seera hawaasaa kana cabse dhiibbaa irraa gahun duudhaa san akka eegan taasisa.”

Hiika gama dagaagina Hawaasatii /Sociology/ kennaman “standard of behavior that are typically of or accepted with a group or society social culturel norm.” kan jechuun, dudhaan yaadaafi ilaalcha hawaasa keessatti amala namoota dhuunfaa qajeelchuudhan alati, dhuudhaan tokko maal akka ta’e, eessattifi akkamitti akk raawwtu kan agarsiisudha jedha.

Hikkaan gama warra aadaatiin kenname immoo akkas jedha, “dhuudhaan akkataa amaleefannaa gareen hawaasa murtaawwaa tokko hoojiirra oolu yoota’u; amaleefannan akkasi kun maatii, hawaasafi gochoota raawwiin kan baratamufi kan hojiirra ooluus akkataa yaadi-rimee hawaasichi sun qabun.”

Walumaa galatti hiikinni sadeenuu kan agarsiisu dhuudhaan bartee hawaasaa kana hawaasin sun sirridha jedhee fudhatee jireenya isaatiif dhimma itti bahu, kana bartee hawaasa san hinfudhanne hawaasichi kallattii adda addatin qequun akka sirrawwu taasisu hubanna.

### 2.3. Sona Hawaasaa /Social Norms

Marsaan Intarneeti WWW.dictionionery.com.(28/02/2016) jedhu akkas jedha “social norms are the rules of behavior that considered acceptable in agoup or society. People who do not follw thus norms may be shunned or suffer some kind of conse quence.” Kana jechuun, sona hawaasaa jechuun seera hawaasni tokko amalaafi gocha sirridha jedhee fudhate yoota’u, garee ykn dhuunfaan seera hawaasni sun kooti jedhee irratti walii gale sana cabse hawaasichi nituffata, akkasumas dhiibbaa irraan gahun qaanessa.

Asirraa akka hubatamutti sonni hawaasaa seerota hinbarreefamne kan hawaasin sun sirridha jedhee fudhatee ittin buludha. Seera miseensi garee hawaasa sanaa fudhatee amaleefate ittin jiraatu sana ala akka hinbaane kan ittin toowatu humna qaba. Humni kunis, gareen hawaasa /dhuudhaa/ sona hawaasa hinqabinne ykn hineegne hawaasichi kallattii adda addaatiin dhiibbaa irran gahee fudhatama dhabisiisa, namni sona hawasaa hinkabajen tufatamaa, jibbamaafi abaramaa waanteef sona hawasaa sanaa kabajuun dirqama itti ta'a jechuudha.

## 2.4. Hawwasummaa / Socialization

Hawaasummaan adeemsa gareen ykn gurmuun tokko miseensa garee isaa aadaa duudhaa isaa ittin barsiisu ykn ittin leenjisuudha. Dhimma kana ilaalchisee marsaan intarneetii https://WWW.(28/02/2016) Akka armaan gadiitti addeessa.

> *"Socialzation is to acquaint indivduals with the norms of social groups or society. Socialization prepares future members to particpate in a group by teaching them the expectaions held by other group members. Socialzation is an important process for children, who are socialzed at home and school.*

Akka ibsa kana irraa hubatamutti hawasumman namoota duudhaa Safuu hawaasaa qabatanii jiratan kan taasisu yoo ta'u namoota miseensa garee hawaasa sanaa ta'an ykn da'imman hawaasichaa barsiisuuf gahee olaana akka qabufi hawaasummaan adeemsa da'iimman aadaa, duudhaa, haala jiruufi jireenyaa hawaasichaa barsiisuuf bay'ee barbaachisaa ta'eedha.

## 2.5. Uumaa, Ayyanaafi Safuu

Gammachuun (2013) yaad-rimee Uumaa, Ayyanaafi Safuu yoo ibsu safuu, ayyaanaafi uumaa addaan baasanii hubachus ta'ee ibsuun rakkisaadha. Ayyanni akkaataafi haala Waaqayyyoon Addunya ittin uume, uumama wantoota addunya kana irra waliigala jiraatan yoo ta'u; safuun sadrkaa hawaasaafi akkataa namni dhunfaa seera uumaatin walii galanii jiraatanidha. Seera kanaan walii galanii jiraachuun daandii Waaqayyoo yoo ta'u, kunis jireenya gammachuufi milk'aa akka ta'u Waaqayyotu guuta jedhamee yaadama. Kun immoo Waaqayyo Uumama hundaa waan caaluuf.

Asirraa akka hubachuun danda'amutti *Safuun Ayyaanafi Uumaa* addaan baasanii ibsuun hindanda'amu sadeen isaanituu walitti dhufeenya qabu. Uumaan addunyaa tana irrtti

Uumama yoo uumus Ayyaanaafi seera waliin akka uumee seerri kunis *Safuu* yoo taa'u, Safuun immoo seera Waaqat. Seera waaqaa kabajanii jiraachuun dirqama uumamaaati.

Gammachuun ( 2003:75) waa'ee seera duudhaa ganamaa yoo ibsu

> *The law of the ancestor is divided into two categories. The first consist of the laws given by Waaqaa. These laws are the laws of nature. The second comprises of the laws made by man. Safuu thus refers to the knowledge of these natural laws as recognized by the ancestor. In other words one knows how to relate to these laws and to act according to them.*

Kana jechuun seera duudhaa ganamaa Oromoo bakka lamatti qoodamuu isaanis inni duraa seera Waaqan kenname kunis seera uumati. Inni lammaaffaa seera nam tolchee yoo ta'u, Safuun seera duudhaa yoo ta'u kuns seera uumaa ganaamaati. Seerota kana kabajuun seera Waaqaa kabajuudha. Namni kamiyyuu seera /Safuu/ beekee akka seeraa kanattti jiraachu ilaallata.

Gammachuun *(2003*) dabalataan Dhimma Safuu eeguu ilaalichise yoo addeesu: ilmi namaa Safuu eeguufi hojiirra oolchuun uumama biroo irraa /adda kan ta'eedha. Seeronni kun gochoota ilma namaa walitti dhufeenya dhimma maraa waliin qabu kan eegudha. Seeronni kun jiraachuufi eegamuun kana qaban akka fedhii Waaqatti waan ta'eef, namni kan jiraachuu qabu akka seera Waaqatti ta'uu qaba. Kunis filannoo gocha gaarii / good /fi gocha yaraati /evil/. Seerri Waaqaa seera uumaa namni safuu eegaa ittin jiraatuti.

Kana irraa akka hubachuun danda'amutti *Safuun* seera Waaqaa yoo ta'u namni safuu kan eeguu Waaqayyo kabajuuf. Seera kana eegun uumama mara waliin wal kabajanii waliin jirachuu akka danda'u kan taasisu akka ta'edha.

Warqineh Qalbeessaa (2005) Gammachuu (1993) waabefachuun wa'ee Safuu yoo ibsu '"Safuun akkataa gocha namni hojjetu sirrifi sirri ta'uu dhabuu kan hawaasi Oromoo ittin madaaludha.''' Jedha. Kana jechuun Safuun ilaalcha Oromoo keessatti seera ilmi namaa addunyaa tana madaala uumamaa eeguun tokko kan biroo osoo hinmiidhin walii jiraachuuti.

## 2.6. Uumaafi Uumama

Xilahuun Gamtaa kusaan jechootaa Oromo English Dictionary (1989) jedhu keessatti uumaa yoo hiiku:

"Uma: creat. I.e. cause some thing or bring into Bing …1 creation. Creat. Or allving uumaa rabbi: God's creation / creatre.Jedha. "Hiika kan irraa akka hubatamutti uumaan Waaqa, kan lafaafi uumama lafa kanaa uumme jechuu yoota'u dabalatanis hiika uumamaa kan Waaqayyo uume jedhu qaba.

Gammachuu Magarsaa (2005:70) qorannoo isaa "The Oromo Worlid View" jedhun "

> *Uumaa refers to the entier physical world and the living things and divine being contained with it, animal, vegetable minerals and spiritual.In this sense, uuma embrace ayyana itself, just as ayyaana. Which is the cause of uuma, also encompasses it. The term uuma is derived from the verb uumu meening literally "to creat" the nominal form of uumaa therfore to everything that is crated, in short waaqa's (God's) creation.*

Umaan wantoota lafa kana irra jiraatan lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii bineessota, biqilota, alboodotafi afuura ilaallata. Haala kanaan uumaan ayyanafi kannen ayyanan walqabatan ta'a, jechi uumaa jedhusi hundeen isaa xumura uumuu jedhu irraa akka horeefi uumuu jechuun kalaqu yoota'u uumaa jechuun gabaabumatti wantoota waaqan uumaman jechuudha.

Baruuleen Gadaa (6409/2014: 13-14) "Falaasama Ummata Gurrachaa Duuba Eenyutu Jira" jedhu jalatti waa'ee Seera Uumaafi Uumama yoo ibsu:

> *Seeraa uumaa Waaqa guddaa kana hir'isuunis jal'isuun hin danda'amu; sakkaba ta'a sakkaba ooluun immoo uumaan mormuudha.Kanaaf siriniifi seerri Waaqaa-lafaa kan ittin hubatamuudha malee akka sirna siyaasa Addunyaa ittin wal bulchuuf ykn Orma ittin cunqursuuf kan uumamuu miti. Kanaafuu, Gadaa siyaasaan dorgumsiisuun uumaa fi uumama wallaalu ta'a. Gadaan seera uumaati kalaqa uumama miti….*

As irraa kan hubatamu *uumaa* jechuun *Waaqa* jechuu yoo ta'u *uumama* kan *uumaan /Waaqaan*/ kalaqame ykn hojjetame ta'uu namatti agarsiisa.

## 2.7. Safuu

Safuu jechuun aadaa Oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaaf qabu kan ilaalatuudha. Kana jechuun, Ilmi namaa lafa kana irratti uumama biroo waliin

waldanda'ee wal kabajee akkaataa waliin jiraachuu danda'anii kan agarsiisu seera uumaa jechuudha.

Safuu ilaalchisee Gamachuu Magaarsaa (2003: 70) yoo ibsu:

> *Safuu is a moral category based on Oromo nations of distance and respects for all things. The concept of Safuu is not merely an abstract category: it is constitutes the ethical base up on which all human action should be founded; it is that which direct one on the right path; it shows the way in which life can be best lived with the context of Oromo world.*

Safuun ilaalcha Oromoon uumaafi uumamaaf qabuudha. Yaanni Safuu jedhu yaada qabatama hinqabinne jechuu miti. Akka ilaalcha Oromootti yaada gocha ilmi namaa raawwatu mara wajjin kan wal-qabatu, daandii sirrii, kan karaa jireenya gaaritti nama geessudha.

Haaluma walfakkaatun, Warqineh Qalbeessaa (2005: 9) Lambert Bartels, 1983 waabefachuun

> *"Safuu is a moral concept that serves as the ethical basis for regulating practices in order to insure high standard of conducting appropriate to different situation. It helps individual to avoid morally wrong action. The safuu is what makes human different from other animals. Safuu help individuals relate natural laws and to base their activities on these laws. Safuu is mediating category btween different things. There are Safuu btween mother and daughter, between father and son, between generation, between humanand nature, between God and Earth. Safuu regulate people's activities.*

Safuun duudhaa hawaasaa eegudha. Kunis hawaasaa keessatti iddoo olaanaa kan qabu yoota'u, safuun ilma namaa bineessota biroo irraa adda kan taasisuudha. Safuufi Safeeffanaan dhimmotaafi qaamota adda addaa jidduutti kan jiraatudha kunis: Safuun haadhaafi inatala jiddutti, abbaafi ilma jidduutti, namaafi uumama jidduutti, Waaqaafi Lafa jidduutti. Walumaa galatti safuun jireenya namaa kan qajeelchudha.

Gama birattin; maalummaa Safuu, garaagarummaa safuufi seeraa ilaalchisee Dirribii Damissee, (2012:66) haala armaan gadiitin lafa kaaya.

> *Akkataa ittin Uumamni waldanda'anii, wal kabajanii hanaga danda'ameetti bakka walii kennanii waliin jiraatan Safuu jedhama. Safuun addaa adduummaa jiru beekanii nagaan waliin jiraachudha. Safuun seera Waaqaa Lafaati. Safuun waan heddu of keessaa qaba, Safuu eeguun seera. Garuu, seerri hundi Safuu mit. Seerri namaan tumama, nijiga garuu Safuun hintumamus, hinbadus.Safuu seera uumamaat. Safuu eeguun immoo dirqama jireenyati.*

Kan jechuun Safuun Seera Waaqaa Lafaa uumamni martuu waldanda'ee walii jiraachuuti. Safuun seera uumaa yoota'u; Safuun seera namaan tumamu irra adda kan

taasisu akka seerota namaan tumamanii hinjigu hinbadu hinfooya'u. Safuu seera uumaati. Safuu eeguun dirqama uumamaafi jireenyaa ta'uu hubanna.

Dabalataanis Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa, (2006:24) kitaaba "Moral, ethical and scientific Oromo wisdom of safuu about nature" jedhu bu'uureefachuun safuu akka armaan gadiitti ibsee jira.

> "*Safuu is amoral category based on Oromo nations distance and respect for all things. The concept of Safuu is not merely an abstract category: it constisutes the ethical basis upon which all human action shoud be founded, it is that which direct on the right path; it show the way in which life can be best lived.*"

Safuun ilaalcha uummanni Oromoo dhimmotaa maraaf qabu kan agarsiisudha. Dhiimma yaadan jiru qofa osoo hintaane gocha ilama namaa mara kan ilaaltuudha. Daandii jireenya sirri, amala gaarritti nama qajeelchuufi ittin jiraataniidha.

### 2.8. Safuu Uumama Jidduu Jiru

Safuun seera hawaasni Orommo ittin walkabajee waliin jiraatu akkasumas uumama biroo waliin osoo miidhaa wal irraa hingahin waliin jiraataniidha. Warqinah Qalbeessaa (2005:9-10) Lambert Bartels, 1983 waabefachuun akkana jedha.

> *Akka Oromootti Safuun ulfina / respect/ ulfina abbaa, haadha, adaadaa, eessuma, Lafaa, Waaqaati. Safuun walitti dhufeenya wantootaati. Kunis Safuu haadhaafi intalaa, Safuu abbaafi ilmaa, Safuu labataafi labataa, Safuu namaafi Uumamaa Safuu Waaqaafi Lafaati. Aadaa hawasaa keessatti wantoonni hunduu iddoo uumamaaafi aadaan keessatti qabanitu jira. Iddoo qaban kun eegamee akka iitti fufu seerri eegu jira. Serri kun seera waaqarra kennameedha. Seerri kuns Safuudha.*
>
> *Yaadni rime olaanan Safuu ilmi namaa wal danda'ee uumama kamiiyyuu waliin naannoo isaa keessatti nagaan jiraachuudha. Safuun cabuun walitti dhufeenya gaarii namoota jidduu jiruu, namaafi uumama biro akkasumas naannoo irraan miidhaa geesisuu danda'a*.

Ibsa kana irraa akka hubachuun danda'amutti Safuun ulfina waliif laachuu yoo ta'u uumamni lafa kana irra jiraatu tokko kan biroo kabajee waliin jiraachuudha.Waliin jiraachuun naannoo keessa jiratan keessatti tokko kan biroo osoo hinmiidhin, iddoo walii kennuun iddoon isaan uumaman qaban kun seera uumaatiin eegamee jiraata.Safuun uumama hunda jidduu jiru eegamuun seera uumati. Seerri kun yoo cabe walitti dhufeenya uumama jidduu jiru rakkoo irrati kufa. Rakkoon kun akka hinuumamne Seerri eegu

Safuudha. Kanaafuu, Safuun walitti dhufeeny uumama jidduu jiru seera qabeessa akka ta'ee itti fufu seera eegudha.

Gama biraattin, Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2006:25) Safuu uumama jidduu jiru akkanatti ibsa.

> *Akka dhuudhaa Oromootti, Safuu buufachuun ulfina Waaqaa dura buusudha. Walii, ofiis Oboofi Cooraan, anagfaafi quxusuun walkabajaniidha. Yoo waan dabanii seera uumamarraa jallate, kan Waaqni hin jaalanne hojjetame safuu waaqayyoof, kana Waaqayyo nu haabaraaru jedhama. Safuu kan hin qabinne kan hin saalfanne, hangafaafi quxusuu kan hin kabajineedha. Walumaagalatti, kan Waaqayyo hin feene, karaafi seera uumaa uumamaa Waaqayyoorraa kan jallate hundaaf safuu Waaqayyoof jedhama. Safuun Waaqayyoo Ulfina guddaadha. Kabajaafi sodaa Waaqayyoorraa seera uumaa uumamaa Waaqayyoof abboomuurraa kana ka'e Safuu Waaqayyoo jedhama.*

Walumaa galatti Safuun uummata Oromoo biratti seerri uumaafi uumamaa kan ittin eegamu, ilmi namaa lafa kana irra yeroo jiraatutti seeratti walitti dhufeenya uumama biro waliin walitti isa fiduufi ittin qajeeluudha. Safuun seera Waaqaa ulfinaafi kabaja waaqatiif hojiirra ooluu qabuudha. Kunis Safuu Waaqaafi Lafaa, Safuu abbaafi haadhaa, safuu hangafaafi quxusuu, safuu uumaafi uumama jidduu akkasumas safuu uumamaafi uumama jidduu jiru jechuun nidanda'ama.

### 2.9. Safuu Hangafaa

Aadaa Oromoo keessaati hangafaafi quxusuun iddoo olaanaa qaba. Gocha raawatamu kamiiyyuu hanagafummaafi quxusummaan ni'eegama. Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007) dhimma hangafoomaa yoo ibsu; Sina Gadaa keessatti aangoo yoo qabatamu warri sadarkaa Gadaa /Lubaa irra jiran aangoon isaanii ol aanadha. Kana jechuun filannoo Gadaa keessatti hangafoomni iddoo ol aanaa qabaachuu namatti agarsiisa. Bokkuun aadaa seenaa Oromoo keessatti mallattoo aangoofi hangafoomaati. Hangafoomniifi ol aantummaan isaanii kan sirritti mul'atu jila Gadaa keessatti yeroo abbootin Gadaa warra bokkuu muudaniifi harka fuuchaa raawataniidha.

Abbaan Gadaa gosa hangafaafi mana maree warraa ykn gosaa hangafaa iddoo marattuu dursa argata. Fakeenyaaf Tuulama keessatti kan Galaan dursu hinjiru. Yaata'u malee hangafoomni gosoota maraan yoo atoome malee wanti raawatamu hinjiru. hangafoomni kennan osoo hinta'in hundee dhalootaan kan argamuufi hawaasni warra hangafaa, warra

bokkuu jechuun waama. Gama biraatin gosni tokko hangafa ta'ee yeroo lamaa sadi caffee goodaanuu didee yoo dhiise hangafoomni irraa mulqamee quxusuu akka ta'u taasifama.

Sirna baallii walii dabarsaa irratti qachaa ijaaramu hangafaa quxusuu eegee ijarama. Kunis gosa irraa kaasee hanga manaafi balbalaatti duraa duuba hangafaafi quxusuuti ijaaarrama. Waltajji qachaa kana irrattis miseensi Gadaa sadarkaa Gaammee, Dabbalee, Raaba, Kuusafi Gadaa duraa duuba eeguun qachaa ijaratuufi sirna irratti hirmaata.

### 2.10. Dirreewwan Ulfoo

Akka ilaacha Oromootti Waaqayyo lafa tana yoo uumu callisee kan uume osoo hintaane akkaataa isaan namaaf tajaajilanitti mijeesse uume. Iddoon marti tokkoo miti. Iddoon tokko, tokko irraa adda. Kunis, Waaqayyo akka tajaajila issaniiti adda taasiisee uumee iddoo tokko kan biroorraa adda kan taasiseef kaayyoofi akeeka waan qabuuf. Dhimma kana Tarruu Unguree (2015:133-134) akkanatti ibsa:

> *Addunyaa tana waaqin gaafa uumu cal jedhee mit. Kaayyoo akeeka wayitiif uume. Akkasumas, kabajaaf, ulfinafi eebba waliin uume. Horri, tuulluun, daandii, caffeen martinuu kabajaaf ulfina Waaqaa waliin uumaman. Waaqni humna isaa ayyaantummaas kenneef Waaqeefattoonni Waaqatti aansanii lafa /dacheedhaaf/ iddoo guddaa kennu. Waaqa akka abbaatti yoo ilaalan lafa immoo akka haadhatti ilaalu.*
> *Lafti waan hunda baatti waan hundas uumamaaf laatti. Lafti yakkamas, quufaas, beelayaas, jabaas, dhibamaas, fayyaas,miidhamaafi fokkisaas,akkasumas jiraafi du'aa keenya baachuun uumama Waaqayyoo hunda tajaajilti. Dacheen irra jiraannu midhaan nyaannu, kafana uffannu, bishaan dhugnu biqiloota adda addaa waan ittin ijaarrannufi bashannannu, bareedna uumamaa hunda osoo of hinqusatin nuuf laatti. Kanaaf, nu irraa galata, ulfinaafi kabajaa guddaa argachuu qabdi.*
> *Lafti /dirreen/ irra bobbaanee faayidaa daangaa hinqabinne irraa argannu tanaaf Waaqefataan kabajaa ayyantummaa /hoodaa/ guddaa qabaaf. Dirreen akkuma jirutti nikabajama. Malkaa, tulluu,hora, odaa, caffee /bakka Gadaan seera itti tumu/, qa'een warra ayyantuufi abdaariin kabajaa addaa qabu. Dirreewwn ayyaanan guutaman jedhee dhugeefata, ayyantummaa isaanii nikadhata, itti irreeffachuun akksumas daddarbaa gochuun galatefata. Dirreen inni kabajaa kennuufis dirree irra boba'ee [galuufi]. Dirree /dachee/ ofii dhisee dachee ormaaf ulifina hin kennu. Kan ormaa halaalatti kabajjaan kennaf kan ofii garuu, waan irra bobba'ee galuuf kan eenyuu caalaa kabajaa kennaf.*

Akka walii galaatti, Waaqayyo addunya yoo uumu sabafaafi fayyidaa tokkoof akka uumeefi taajaajilaafi jireenya ilama namaa addunya tana irratti jiraatuuf mijeesse tokko kan biroo irraa adda taasisee ayyana kan uume yoota'u, uuma isaan adda taasisee tajaajila ilmaan namaatiif uume kana dinqisiifachuuf akka ulfinaafi galata uumaa dirreewwan kana irratti taasifamu agarsiisa.

Safuu dirree ilalchisee Dirribii Damissee (2012) yoo ibsu bara Safuun eegamaa turetti Waaqeffataan bakka dhaabbatee eebbisetti dhaabbatee hinabaaru, bakka dhaabbatee kakateetti dhaabbatee Waaqaa hingabbaru ykn hinwareegu. Iddoon hunduu Safuu mataa isaa qaba.

Gama biraatin ayyantummaafi ulfina dirreewwanii Dirribii Damisee (2012:69) yoo ibsu akkana jedha."Tuulluu,burqaa mukkeen ayyaantuu ta'an nijiru. Fakkeenya tulluun nama durii, burqaan Walaabuu Odaan Nabeefi kkf "

Lalisaa Aadaa dirreewwan ulfoo ilaalchisse (6413 ALW) yoo ibsu: Waaqeetan Tuulluu gurguddoo yoo bira darbaniifi laggeen gurguddoo yoo qaxaamuran iiti irreefatu. Sababni isaas Waaqinni waan hunda yoo uumu ayyaana walii uumee. Tulluu gurguddo yoo uumu ayyana gurguddoo waliin uume lafa biro irraa ol kaasee adda taasisee kan uumeef sababa malee miti. Kanaaf, Tulluun dirree ulfoo jedhee Safeefata.

Laggeen gurgiddoonis ayyana guddaa Bonaa Ganna bishaan osoo hindhabin maddoota gurguddoo Bonaa Ganna madduun uumama lafaatiif bishaan yoo dhiyeessan kabajaafi ulfina uumaa isaani uumeef galateefachuuf itti irreefatu.

### 2.10.1. Malkaa

Malkaan iddoo namnifi uumamni biroo irraa bishaan dhugu yootaatu, Waaqayyo dirree tana dirreewwan biroo irra adda ishee taasisee uume. Kanaaf, Waaqa bishaaniifi qileessa uumee lubbuun akka jiraatu taasise bakka jidhaa kanatti walgahahanii, walta'anii yoo kadhatan Waaqni namaaf dhagaha jedhanii amanu.

Ulfina Malkaa ilaalchisee Alamuu Yaadasaa (2012) yoo ibsu; iddoo Oromoon Waaqa iiti kadhatu keessaa malkaan tokko. Oromoon ulfina malkaa yoo ibsu malkaan ulfaadha, gaarri ulfaadha jedhee ulafina dirree ibsa.

Taaboor (215-216) waa’ee Malkaa ilalchisee yoo ibsu:

> *የመልካ ዕሬቻ በመስከራም ወር ውስጥ በመስክ ላይ የምከበር በዓል ነው፡፡ የመልካ ዕሬቻ ተፈጥሮ ህግ ሳይዛባ በመቆየቱ ወደፊትም ሚዛኑ እንደተጠበቀ እንዲቀጥል ለዋቃ ቶክቻ (ለአንድ ፈጣሪ) ለምለም ሣር ተይዞ ምስጋና የሚቀርብበት ዕለት ነው፡፡ ኦሮሞ በጋራ ተሰብስቦ የሚያ ከብረው የመልካ ዕሬቻ ላይ በክረምት ወራት ዝናብ ለሰጠው ዋቃ (ፈጣሪ) ምስጋና ያቀርባል፡፡ ለወደፊቱም ቡቃያው ተገቢውን ፀሓይ አግኝቶ አብቦ አሽቶ ፊሬ እንዲይዝለት እንዲሁም ተመጣጠነ አየር ንብረት ዕና ከተለያዩ ፀረ-ሰብል ተባዮችና ተምች… ወዘተ ፈጣሪው እንዲጠብቅለት ልመናውን ያቀርባል፡፡ እሬቻ የኦሮሞ ህዝብ በሬ በማረድ ከአምላካቸው ጋር በምስጋና ሚገናኙበት ዕለት ስሆን የፀሎት መቅረቢያ ቦታ በሀይቅ ወይም በወንዝ ዳር ምቹ የሆነ ስፍራ ይሆናል፡፡ ግምባሩ ነጭ በሬ ከክረምት የመውጣት ተምሳሌት ነው፡፡ በቱለማ ኦሮሞዎች ስድስቱ የዋቃ ሀይቆች ተብለው የምታዋቁ የመስዋዕተወ ማቅረቢያ ቦታዎች ናቸው እነሱም ፡- ሆራ አርሰዲ፣ ሆራ ክሎሌ፣ሆራ ፊንፊኔ፣ ሆራ ኤሬር፣ሆራ ሀዶና ሆራ መርጦ ናቸው፡፡*

Oromoonni waliin ta’uun irreechaa malkaa irratti ji’a Fulbaanaa galata Waaqaaf dhiyeessa; midhaan facaafate aduu gaarii argatanii daraaran Callaa gaarii akka kennu raammoofi ilbiisoonni midhaan isaa akka hinmiine Waaqa isaa itti kadhata. Irreecha irratti Oromoon Korma qaluun guyyaa Waaqa isaa itti galata galchu yoo ta’u kunis Malkaa ykn Horatti ta’a. Mallatoo Ganna keessaa gara Birratti bahu korma gurracha addaa gaaree qabu qalu. Oromoon Tuulamaa Hora jaha kan itti irreefatu qabu. Isaanis Hora Arsadii, Hora Kiiloolee, Hora Finfinnee, Hora Erer, Hora Hadhoofi Hora Marxoo jedhamu.

Mulegeta (2014:58) waa’ee malkaa ilaalchisee yoo ibsu:

> *According to the World View of the Oromo ingeneral and Karrayyu in particular, river is a source of water, and water is created by God to purify human and nature gives alife for creature of God. In relation to this the mytrological narative of Oromo reveal that God created Adam & Hawa around the river basin. Thereafter, they (Adama &Hawa) stood up to the two opposite sides of the river and saw each other in their bare bodies. Since that time, they become husband and wife. This indicates that river is the sacred place and considered as a palce of Orogin of the Oromo associated with Madda Walbu.*

Asirraa wanti hubatamu Oromoo ialaachi inni malkaaf qabu malkaan madda jireenya hundaati malkaan madda bishaanii jireenya hundaaf murteessa ta’e kan itti argatu qofa osoo hintaane, iddoo madda namni itti uumameefi haadhaafi abbaa mana argate waan ta’eef akka safeeffatuuf kabajuu dha.

### 2.10.2.Tulluu

Tulluun dirree ulfoo Oromon itti Waaqa kadhatu keessa takka. Tulluu ilaalchisee Alamuu Yaadasaa (2012) yoo ibsu; Oromoon dirree keessaa bakka olguddaa ta'e. Tulluu irratti irreefata. Tulluun bineessi hamaan, diinnifi dukkanni yoo dhufe iddoo iiti baqaatan. Oromoon durii diina hamaan dhufee jennaan Tulluu Baasaa jedhamutti akka jalaa bahan af-seenaa irraa nidhagahama; yeroo ammaa Oromoon kanaaf Tullutti irreefachuun Waaqayyo kadhatu. Waaqayyo Tulluu dirree biro irraa adda taasisee ol kaase uume. Kanaaf Oromoonni lafa addaa tana irrati walgahanii roobni akka roobuf itti irreefachuun Waaqa kadhatu.

Taaboor (2007:216) Tulluufi irreessa isaaTulluu ilaalchisee yoo ibsu:

> *እሬቻ የሚፈፀመው በበጋው ወራት ማብቅያና የበልግ (አፍራሳ) መግብያ ላይ ነው፡፡ ጎተራ የገበው የእህል ዓይነት ሁሉ በአንድነት የተዘጋጀ ምግብና በሬ ተይዞ በቅርብ ባለው ተራራ ላ በመውጣትና በሬውን በማረድ ለፈጣሪ ዋቃ ምስጋና ስቶታ የሚቀርብበት ፣ ለመጭው ክረምት ዝናብ ስጠን፣ ወራቱን የአስመራ ግዜ አድርግልን በማለት የእርድ መስዋዕት የሚቀርብበት ዕለት ነው፡፡ የቱለማ ኦሮሞዎች የእግዝአብሄር ተራሮች በመባል ከዖዳ ነቤ ጋር የሚጠቅሱትና ለዋቃ ቶክቻ ምስጋና ስነስሪዓት የሚፈፀምባቸው መዕከላት ስምንት ተራሮች አሉዋቸው፡፡ እነሱም፡- ቱሉ ጩቃላ ፣ ቱሉ ኤሬር፣ ቱሉ ቦሰት፣ ቱሉ ፉሪ፣ ቱሉ ኤግዱ፣ ቱሉ ፎያታ፣ቱሉ ገላን፣ ቱሉ ዋቶ ዳለቻ ይሰኛሉ፡፡ ሌሎችም እንድሁ በአቅራቢቸው በሚገኙ ተራሮች በመገኘት ለፈጣሪ ዋቃ ምስጋና ያቀርባሉ፡፡*

Irreechi Tulluu kan raawwatu Waytiin Bonaa yeroo raawwatufi wayittiin Afraasaa yeroo seenu yoo ta'u midhaan gara gumbii gale hunda irraa nyaanni qophaa'ee korma qabanii Tullutti bahanii galata Waaqatiif korma qalu. Waytii Gannaa dhufu rooba nuuf kenni wayitii dhufu wayitii oomishaa nuuf taasis jechuun kadhannaa korma qaluun raawatuudha.

Oromoo Tuulamaa Tulluwwan Waaqaa jedhanii seenaa Odaa nabee waliin walqabatee tulluwwan sirna galata Waaqa Tokkichaatiif irratti galchan Tulluwwan jiddu galoo saddeet qabu isaanis: Tulluu Cuqqaalaa,Tulluu Erer, Tulluu Boosat, Tulluu Furii,Tulluu Eegduu, Tulluu Fooyetaa, Tulluu Galaan, Tulluu Waatoo Daalachaa keessatti argamu yoota'u warri hafanis Tulluwwan naannoo isaanii Waaqayyo Uumaa isaaniitiif galata galchu.

Haaluma walfakaatuun, Tulluu ilaalchisee Mulugeetaa Ngaasaa (2014:58) yoo ibsu:

> *Mountain is sacred land where God is always available.Thus praying and conducting libation in such shrine land brings about peace full, life besides thanks givinging praising and praying to God in this sacred place would make evils impotent prevents demonic acts ensure the provision of rain and makes the land fertile.*

As irra kan hubannu Oromoon tulluun lafa eebbifama bakka Waaqayyo itti nama dhagahu yoo ta'u Oromoon lafa eebbifamtuu jedhee amanu tanatti bahee Waaqa galateeffata akkasumas Waqa nageenyaa akkasumas akka roobee lafa qananiisu itti kadhatuudha.

### 2.10.3. Odaa

Ulfoowwan Oromoo keessa tokko odaadha. Odaan Oromoo biratti muka qofaa miti. Muka Safuu olaanaa qabuudha. Waa'ee Odaa Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007:123) yoo ibsu

> *Odaan akka manguddoo Tuulamaatti muka ulfatadha.ykn muka ulfina guddaa qabuudha. Hundeen Odaa lafa dhagaafi gooroo ta'e baqaqisee seenuun hundee isaa hanga metira shantamaa /50/ lafa jala deemun [bishaan]kan barbaaduufi bonaa ganna otoo hin jedhin muka yeroo hunda lalisuudha. Kana malees jedhu manguddoonni Odaan muka bifa adda ta'een aannan qabu, Kanaaf; odaan ulfina argate gama tokkon immoo gaadisni odaa haaluma umrii isaan kana uummata hedduu of jalatti hammatu gaadisa bal'aadha. Kanaaf Odaan yeroo baay'ee akka iddoo irreechaa fi Waaqeffannaa kan jila Gadaa jalatti gaggeefamuuf hambaa seenaa Oromooti. .*

Gama biraatiin Alamaayyoo Yaadasaa (2012), waa'ee Odaa yoo ibsu Odaan muka Gannaa Bona laisee jiraatufi eebbifama yoo ta'u, Odaan waggota dhibba shaniin duraa eegalee muka seerri. Seerri Gadaa Oromoo jalatti tumamuudha. Bara gamoon yaa'ii itti gaggefaman hinjirretti gaadisa gamoo yaa'ii Gadaa Oromoo tajaajilaa tureefi ammas ya'iin jalatti gaggefaman waan ta'eef Odaan Oromoo biratti muka kabajaafi ulfataadha

## 2.11. Ulfoowwan Safeefaman

Adaa uummata Oromoo keessatti ulfoowwan safeeffaman heddutu jiru. Ulfoowwan kun hawaasicha biraatti nikabajama ykn iddoo olaanatu kennamaaf.Ulfoon kun akka feeteen osoo hin taane iddoo murteessaafi barbaachisaa qofatti dhimma itti bahu. Dhimma kana,Tarruu Unguree (2015:132) akka armaan gadiitti ibsee jira.

> *Ulfaawwan Safuu ykn hoodaa meeshaalee amantii ta'anii kan ayyaantummaan qabaniidha. Yeroo Waaqa kadhatan, yeroo araaraa, yeroo intala kadhatan kkf ulfaawwan kanatti dhimma bahama.ulafaawwan safuu kun ayyaana uumamaa ykn ayyna Gadaan tumeef qabu. Ayyaantummaan isaaniinkunis saba tiksa, saba fayada, sabaaafi maatii, waatii eega.*
>
> *Ulfaawwan Oromoo kan ganamaa Ulfaawwan safaffama guddaa qabu. Ayyaantummaa guddaa qabu dhibdeefi rakkoo isaaniif uumaafi uumama biroo giddutti uumamu ulfaawwan kan baasee yoo kadhate Waaqinni ni*

*araarama, uumamas ni araarsa. Ulfaawwan hoodaa kanneen ittin Waaqa kadhatan qabatanii ittin abaaru ittin kakisiisu ittin yoo bulan nimilkaa'u, nihoru, waan gargaraa ofiis ni argatu.*

*Ulfaawwan Oromoon kabajaa kennuuf hedduudha. Isaan keessaa muraasin: Bokkuu, Kallacha, Caaccuu, Callee, Siiqqee, Qanafaa, Alangee, Qorxii, Barcuma, Gulantaa, Okoleefi Gaadiidha. Ulfaawwan kun Waaqqefattoota biratti kabajaafi ulfina adda qabu. Waaqa kadhachuf barbaachisu. Oromoon meeshaalee ulfoo kana ni ulfeessa kabajaa guddaa kennaaf, ayyaana isaanii kadhata garuu, Waaqa jedhee akka Waaqatti isaan hinilaalu, iddoo qulqulluu teesisa.*

### 2.11.1. Kallacha

Kallachi Ulfaawwan uummata Oromoo biratti iddoo olaanaa ykn kabajjaa olaanaa qaban keessaa tokko waanta'eef iddoo kabajaa/ qulqulluu kaawama. Kallachi dhiima ulfaatafi kabajaamaa ta'eef malee iddoo marat gad hinbasan.

Kallacha ilaalchisee Alamaayyoo Yaaddeessaa (2012:102-103) akka armaan gadiitti ibsee jira.

*Kallachi kan tolfamu waan Waaqaa bu'e /bakakkaa/ irrayi jedhama. Fakkidhuma isa Waaqaa bu'ee sanini sibiila irraa hojjetama. Kallachaa kan qabani warra Ayyaanat. Akaakuu kallachaa lamatu jira. Isaaniis kallacha Kormaa fi Kallacha Lafaa Jedhama. Kallach kormaan dhimmoota gururguddaaf ittti fayyadamu. Fkn uummataa keessattti seerri tokko yoo cabe namni seera cabse suni yoo amanuu baatee kallachaan kakkachisu. Namni tokko yakka hojjetee sobaan kallacha qabatee yoo kakate isa Kallacha lafaa immoota xixiqqoo ta'aniif fayyada. Warri gadaa gaye mataa isaa irratti kan keewwatan kallacha lafaa isa jedhamu. Kunis aangorra jiraachuu isaanii agarsiisa.*

Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007) kallachi meesha hoodaa, ulfna guddaa kan qabuu yoo ta'u bifa lamaan beekama isaanis kallacha kormaafi kallacha laafaa jedhama. Kallacha kormaa warri qaalluu caaccuu waliin qabtu. Kallacha laafaa warri gadamoojjii mallattoo aangoo agarsiisuf kallacha irrati kan hidhataniidha. Kallachi walitti bu'iinsi yoo uumame hayyoon qabatanii jidduu yoo senan bakka kallichi jirutti walitti bu'uu Safuu cabusuu waan ta'uu sodaa guddaa uuma. Kallachi iddoo ayyaana, moggaasatti, waltajjii nibaha. Ilmi guddifachaa ilama kallachaa jedhame yaamama. Sirana guddifachaa raawachuu /seera guutuuf/ kallachi bahee moggaasin raawatama.

Walitii bu’iins Oromoo jiddutti yoo uumame Kallaachaafi Caaccuu qabatanii waltajii ykn araddaa beekamaa tokkotti yoo bahan araaraaf kadhatu. Namoonni araara kanaaf bahan hanga yaada araaraa fudhatanitti gara manaatti hingalan. Yaata’u malee, kallach waan ala hinbulleef kadhannaa kallachaan baheef fudhatama argatee araarri raawwata. Araarichi battalatti raawwaatuu yoo baate araaraaf yaata’u yoo jedhame beelamaan akka ulfinaan raawwatamu taasisuun araarri sun haloo malee qulqulinaan akka raawwatu eebbaafi abarsan deegaru. Kallachaafi caaccun wal biraa hinhafan. Kallacha abbaan warraa yoo qabatee bahu haati warraa caaccuu qabattee baati. Kallachi mallaattoo qama dhiirati /kormaati/. Caaccun immoo mallatto qaama hormaata dubartiiti. Kallachi Waaqaa kan bu’e yoo ta’u caaccuun bishaan keessaa bahe. Kallachaafi Caaccun mallattoo hormaataa yoo ta’an. Kunis Waaqaafi Lafti walitti dhufani dhala namaa argamsiisan agarsiisa.

Dirribii Damissee (2012) Kallachi ulfaa guddaa Waaqeeffatan Waaqatti aansee kabajaa kennu yoota’u; sodaatamaafi safeeffatamaadha. Kallcha yeroo bay’ee dhimma nageenyaatiif araarat dhimma itti bahama. Bara hoongeen hammate kallacha qabanii malkaatti bahuun Waaqa ittin kadhatu. Yoo namni wal ajjeese kallacha baasuun ittin araarsu.

Lalisaa Aadaa (6413 LW) Oromoo hunda biratti Kallachaafi caaccu bachuuf kana mirga qaban warra hangafaati. Gosa hangafaa keessaa warri dhiiraa Kallacha yoo baatan dubartoon haadha warra hangafaa caaccuu baatu.

### 2.11.2. Caaccuu

Caaccuun ulfaa uummata Oromoo biratti kabajaafi ulfina olanaa qaban keessa tokko. Caaccuun Safuufi ulfina guddaa qaba. Dirribii Damissee (2012) Caaccuun gogaa goromsaa iraa elellaanfi calleedhaan bareedee tolafama. Caaccun abarsaaf hinbahu. Yoo eebbaf ta’e malee; Caaccuu dubartiitu baata.Caaccuun mallattoo araaraa yoo ta’u; dubartoon Caaccuufi Siiqqee qabatnii araara, rooba, fayyaa hormaataafi waan kkf Waaqa kadhatu. Haati caaccuu Caaccufi siinqee qabatee waraana jidduu yoo seente waraan nidhaabata.

### 2.11.3. Bokkuu

Bokkuun ulfaawwan Oromoo biratti bal'inaan beekkaman keessa isa tokko yoo ta'u sirna Gadaa keessattis Bokkuun iddoon inni qabu ol aanaadha. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, Bokkuu ilaalchisee (2007:160-161) yoo ibsu:

> *Akka aadaatti Bokkuun iddoo lamati qoodama: kan gosa hangafaa kana malka hin ceeneefi kan gosa quxusuu malkaa ce'uu dnada'udha. Gadaa keessatti warri Bokkuu eenyumaa caalaa ulfina qabu. Iddoo rakkoofi bakka hamtuun jiru maratis araara buusu. Akkuma kallachaa karaa aadaan human waan qabuuf, warra isa qabateef dhimmichi batalumatti raawwata. Kanaaf tuulamni mammaaksa keessatti, "Bokkuun ala hin bulu jedha."*

Alamaayyoo Yaadasaa (2012) Bokkuun uuummata Oromoo biratti bakka guddaafi kabajaa qaba. Dur bokkuun Waaqa irraa muka ejersaa irratti bu'e jedhamee amanama. Yeroo ammaas bokkuun mukaa ejersaa irraa kan tolfamu yoo ta'u dheerinni isaa ciqlee tkko kan gahu yoo ta'u wanta hanga hamma haboottuu harkaa gahu mataa isaa irraa qaba. Dur bara sirna Gadaa bokkuun Booranaa fudhachaa turan. Uffanni Bokkus Wandabboo jedhama.

Dirribii Damissee (2012) Bokkuun inni calqabaa akkuma kallachaa Waaqaa kan bu'eefi mallattoo aangootti. Bokkuun kabaja guddaa yaaqabaatu malee akka kallachaa hinsodaatamu. Abbaan Gadaa Bokkuu qabatee seera tumame labsa. Bokkuun naannoo adda addaatti malattoo Gadaatti. Bokkuun naannoo isaatii bahee laga hincehu, yoo akka tasa laga cehe falaafi faloo qaba.

Biiroon Aadaafi Turizimii Oromoyaa (2007) Bokkuu Walitti bu'iinsi Orommota jidduutti yoo uumame abban bokkuu araddaa isaarra gara araddaa walitti bu'iinsi uumameetti Bokkuu isaa qabatee godaanee jidduu isaanii seena. Kana booda abbaa bokkuu tarkaafatee kan gara lolaa seenu hinjiru. Abbaan bokkuus hayyuu baasee hanga fe'es turu warri walitti bu'an taasisan walitti araarsa. Kun ta'uu baanan abbaan bokkuu bokkuu isaa lafaan rukutee abaaruun deema. Diduun garuu gonkumaa waan yaadamuu miti. Kunis maaliif yoo jedhame Bokkuun bahee Oromoon araara didu ykn mormu hinjiru. Yoo kan araara didu ta'ee hammeenya hamaatu uumamuu danda'a jedhamee amanama. Kanaf, Bokkuun akka Safuufi duudhaa araaraa tokkotti kan fudhatamuudha.

### 2.11.4. Siinqee

Siinqeen ulfoowwan Oromoonni kabajaa olaanaa qabaniifi Safeeffatan keessa tokko yoo taatu Siinqee kanqabataniifi itti fayadaman dubartoota. Waa'ee wayyoma Siinqee Dirriibiin (2012:158) akka armaan gadiittii ibbsee jira.

> *Siinqeen kabajaa, saalfiifi Sodaatama guddaa qabdi. Akka ulee biro siinqee horiin hintiffatan, sareen hindarbatan akkasumas, dugdaaf hin dhaabatan. Seeraf qabatan (ittin seereffatan) Wayyuuf wayyoomaf qabatan. Kanaaf, dubartii Siinqee qabatte nisodaatan, nisaalfatan, ni ulfeeffatan (kabajan). Fakkeenya yoo dubartiin Siinqee qabattee karaa irratti namatti dhufte nama hookalchitu malee bira hindarban ykn hinqaxxamuran, malkaa ishii dura hince'an. Kana malees, dubarttiin rakkattee Siinqee kadhaaf baate waan of harkaa qaban hindhoowatan.*

Gama biraatiin Dirriibiin, (2012) haala Siinqee mormiifis ta'ee sirnaaf dhiima itti bahan ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsee jira. Dubartoon yoo malakaatti bahan Siinqee biratti coqorsa lattuu, qarruu, ciicoofi gadii qabatu. Gaafa mormii bahan immoo Siinqeefi waan mormaaf bahan harkatti qabatti. Kuns, yoo mormii dhaqxu Siinqeefi waan mormuuf baatu haraktti yoo qabattu yeroo gara manaa deebtu irreessa cirattee Siinqee waliin harkatti qabattee galti. Dubartoon gocha raawwii aadaa keessatti Siinqee haalaafi raawwii aadaa san waliin faayadamu walii dhiima itti bahu. Fakkeenyaaf, yeroo qanafaa baatu Siinqee waliin xuxxoo, shaxxee, kornyeefi iirreesa harkatti yoo qabatu. Guyyaa ateete facaafattu Siinqee qabatanii moramatti callee, qomatti wandabboofi qoloo uffatanii irreessa qorii keessa cuuphanii dhadhaa facafatan. Gaafa duula gaggeessan wandabboofi callee kaawatanii Siinqee irreessa waliin qabatanii bahau. Walumaa galatti dubartoon yoo mormiif bahan malee Siinqee irreessa waliin harka mirgaatti kan qabatan yoo ta'u guyyaa mormii Siinqee harka bitaatti qabatanii waan mormaan harka mirgaatti qabatu.

Siinqeen faayidaa hedduu qabdi. Waldhabbii gosa /hawaasa/ jiddutti uumamee waaranni ka'ee dubartii Siinqee qabattee ililchaa jidduu yoo seente waraanni sun battalumatti dhaabbata. Kana malees diinni naannoo biraarra dhufee yoo biyya weerare dubartoo Siinqee qabatnii ililchanii warra dhiiraa eebbisanii gara waraanaa gaggeessu. Kana qabeeny jalaa barbadaaye ykn bade Siinqee qabatanii hirphaniif. Dubartii dhala dhabdee Sinqee qabatanii dhala kadhataniif dubarii imala deemtu akka dhiirri ishee hinxuqinne Siinqee qabatee deemte Wayyooma siinqeetiif dhiirri ishee hinxuqu.

Akkaa dhuudhaa Oromoo ganamaatti Oromoon fira dhiigaa hinfuudhu, waliin hinciisu yoo fuudhe ykn waliin ciise haraamuu jedhama. Osoo hinbeekin yoo kun raawate akka hinharaammofinne haraamitticha dubartoon Siinqee qabachuun kuldhaa baasu ykn qulqulleessu.

Mulugeeta Nagasaa (2014: 60) waa'e Siinqeefi wayyooma siinqee ilaalchisee yoo ibsu akka armaan gadiiti kaayee jira. "Sinqe is a symbol of power that stands for protection of womens right in the Goda system. It function through ritual practice predomiantly by Women." Jedha. Kana jechuun siinqeen sirna Gadaa keessatti ulfaa dubartoonni mirga isaanii ittin eegataniifi fakkoomii aangoo dubartootaa agarsiisudha.

### 2.11.5. Qanafaa

Qanafaan meshaa faayaa dubartoon Oromoo Arsiisti kan dubartiin yeroo dhiyoo deesse faaya adda isheetti kaawwattu yoo ta'u kunis; yeroo dhiyoo dayuu ishee dubartoota birroo irraa adda kan ishee taasisuudha. Qanafaan meeshaa ulofoodha. Dubratiin ji'oota shanii as dayan qofatu ittiin faayama.

Dhimma qanafaa ilaalchisuun Dirribii Damissee (2012) yoo ibsu qanafaan Oromoo Arsii biratti dubartiin deessuu takka warra biroo irra faaya adaa ishee taasisee qananiifi kunuunsa ishii argamsiisudha. Dubartiin qanafaa mataa qabdu abbaa warrattiin hindhaanamtu, hinarrabsamtu, iddoo kammittuu nikabajamti, nisafeefatamti. Namni Safuu kana cabse akka aadaa ummatichaatti ni'adabama. Dubartii miidhe nikiisa. Safuun kun yoo cabe dubatoon naanoo deessuu sanii jiran siinqee qabatnii ililfachaa mana deessuu sanii dhquun nama Safuu sana cabisse akka aadaatti akka adabamu taasisu. Gama biraatin dubartiin Qanafaa hidhattee jirtu iddoo kamtuu hawaasin nikabaja deegarsa barbaachisaa taasisaaf.

### 2.11.6. Jaanoo

Jaanoo ilalachisuun Mulugeetaa Nagaasaa (2014:93) yoo ibsu akka armaan gadiitti kaayee jira.

> *Jano'is atype of costum commonly used in Oromo religious and secular rituals. It made up of garment having a wide red color inits edges. Relatively it is large in size it is read colour symbolzed blood bandage, community ties and individual courage as sacred and handed over the religious and cultural elites*

*during ritual ceremonies particularly of marriage and power transfer of Gada class.*

*During marriage ceremony the Jano is handed over the father of a bride by the bridegroom as bride wealth. During ritual performance dedicated to the power of transfer of Gada system the custome of this kind is given as gumata (gift) to the out going Abbaa Boku and by their relatives and affiliates.*

Kan irraa kan hubannu akka amantaafi duudhaa Oromootti jaanoon ufta kabajaafi safuu qabu yoota'u jaanoon yeroo hojjetamu haalluu /Kuula /diimaa bal'aa ta'e fiixee irraa kan qabufi uffata abbootii amantaa, abbootii Gdaafi hayyootaan yeroo sirnaa ufatamuudha. Haalluu /kuulli/ diimaan jaaanoo fakkoomii walitti hidhamiinsa dhiigaa hawaasichaafi gootummaa kan ibsuudha.

## 2.12. Safuu Fuudhafi Heerumaa

Fuudhafi heeruma kessati uummanni Oromoo Safuu eegata. Akka aadaatti fuudhaafi heerumni osoo hinraawwatin dhimmoota raawwataman keessaa inni duraa firummaan dhiigaa jiraachuu dhabuuf namoonni lamaan walfuudhuu danda'uu isaanii mirkanaayuu qaba. Kana booda milkiifi dhimmoon milkiin walqabatan erga ilaalamanii booda gara sirna fuudhafi herumaatti tarkaafatama. Dirribii Damissee (2012) Aadaa Oromoo keessatti firri wal hinfuudhu ykn intalli durbaa firatti hinheerumtu. Gaa'elli fira jidduutti raawwate eebba hinargatu. Abbaa torba ykn sagal lakkaayanii walfuudhuun seera fuudhaafi heerumaati.

Gama biraatiin Safuu Fuudhafi Heerumaa Oromoo Gujii ilaalchisee Dhadachaa Gololhaa, *(2006:86-87)* yoo ibsu akan jedha.

*Relation in Guji families are defined by various factors such as relationship by consanguinty, by affinity, by filiations, by luba and by social status consantituting sexual and marital prohibition. In the society there are some sorts of family bondages defined by these relationships so the marriage within them is categorized as unlawful marriage. The consanguil degree of the marital prohibition goes adinfinitum being divided into two stages, worra and fira out of which the former extends up to seven generation "from the common anscestor indrict and collatreral liens". And fira starts from the very cut of worra going to adifinitum.*

Gama biraatiin gaa'eela fira dhiigaatiifi fira lubummaa abbaa-haadhafi ilmee /ilmoo/ jiduutti gaa'ellis ta'e walqunnamtiin saalaa raawwachuun Safuu cabsuu ta'uu ilaalchisee Dhadachaa Gololchaa (2006) Akka aadaa Oromoo Gujiitti gaa'elas ta'ee qunamtii saalaa

fira dhiigaa ykn fira lubaa abbaa- haadhafi ilmee /ilmoo walliif ta'an jiddutti raawachuun Safuu cabsuu  waan ta'eef uummata biratti jibbamaafi hawaasaa keessaa akka bahu taasifama.

Kanaafuu, namni tokko gaa'ela raawwachuun dura namoota walfuudhan jidduu firumaan dhiigaafi walitti dhufeeny lubummaa abbaa-haadhaafi ilmoo jiraachuu dhabuu mirkaneefachuun dirqama ta'a. Gaa'ela raawwachuufi firummaa dhiigaa hanaga balabala torbaatti osoo hinlakaayin hinraawwatamu. Osoo gaafii gaa'eelaatti hindhiyeessin ulaagaan dura firummaan jiraachuufi jirachuu dhabuu mirkaneessuudha.

Fuudhaaf heerumaan alatti namni qunnamtii saalaa fira aanaa ykn firummaa lubaa /abbaa- haadha ilmoo waliin raawate adabbii guddaa adabamu. Adabbin kunis hawasa keessaa adda bahu ykn  gosa keessaa ari'amun alattis bakka namoonni hedduun walitti qabamanitti qullaa isaanii akka mana Koran /yaaban/ taasifamu; kan biraa hafee, qaama saalaa isaanii illee homaanuu dhoksachuu hin eeyyamamuuf. Mana yoo Koran ishee dubarti dursuun inni dhiira iiti aana. Adabbin kun adabbi biraatin bakka buu hindanda'amu. Adabbin erag raawwatee gosa keessaa ar'amaniin booda miseensa balabal turban Gujii kamiituu ta'uu hindanda'an jedha.

### 2.12.1. Seera Rakoo

Seerri rakoo aadaa Oromoo keessaatti seera ga'eela/ fuudhafi heermni/ ittin raawwatu jechuudha.   Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007) seera Gadaa keessatti mirga dubartootaafi da'imanii seerri eegu seera Rakooti. Akka seera Gadaatti namni tokko hawaasa keessatti fudhatama argachuuf duraan dursee maatii ofii keessatti nama seera maatiitiifi seera Gadaa kabajaafi ulfina kan kennu ta'uu qaba. Akkasumas, seera Gadaa keessatti dirqama irraa eegamu bahuun qaba. Namni tokko nama guutuu kan ta'u Waaqaf ulfina kennee seera Gadaa yoo guuttatee yoo ta'u. kunis haadha manaa Seeraa rakootiin fudhee daa'iman horachuudha. Maatii horachuun akka feeteen osoo hintaane yeroo murta'eefi seera iitn raawwatu qaba. Seerii maatii itti horatan kunis seera maatii keessatti kan akeekamu Seera rakooti. Osoo Seerri rakoo hinguutin gaa'eelli raawwate gaa'ela yakkatti. Ga'eela akanaa hawaasin akka badiitti ilaala. niitii seera rakootin ala fuudhaniifi daa'imti dhalatte hawaasa keessatti kabajaa hinqabdu. Daa'imti Seera rakootin ala

dhalatte maqaa fokkisaa Gameelchu, ykn Diigala jedhamutu kennamaaf. Haadha warra seera rakoo malee heerumte Foolleen ykn Kuusni dhiyana irraa hinnyaatu. Ijoolleen Seera Rakootin ala dhalatan mirga abbuuma abbaa isaanii hinqaban. Sirana Gadaa keessatti yeroofi dabaree isaanii gulataalee Gadaa keessa darbuu hindanda'an waanta'eef ijoolleen Seera Rakoottin ala dhalatan warra Safuu cabsuun dhalatan jedhamanii waan fudhatamniif jibbamoodha.

Gama biraati dubartiin takka gaa'ela Seera Rakootiin heerumtee yeroon booda namni biraa fuudhee ijoollee yoodeesse ijoolleen kun seerri isaanii abbaa warraa isa duraa waliin waanta'eef abbaan warraa booda /gursumaaya fuudhe miraga ijoolleea sanii mormuu hindanda'u. ijoolleen kunis jigaa jedhamu. .

Namni gaa'ela Seera Rakoo otoo hinguutin guutuu miti. Akka hangafaati eebbisuu maatii eebbisuu, wareega kennuu, ariirrachuu hineeyamamuuf. Akkasumas, jila Gadaa godaanuufi maatiifi hiryyoota isaa birata kabajaafi fudhatama hinaragtu. Walumaa galatti namni Seera Rakoo hinguunne hawaasa keessatti fudhatama kan hinqabinneefi maatiin isaatiifi innis iddoon hawaasa keessatti qaban gadi aanaadha.

### 2.14. Xiinxalla Barruu Walfakkatanii

- Qorannoowwan qorannoo kiyyaan waalitti dhufeenya qaban tokko tokko sakata'ee jira. Isaan keessaa: Warqineh Qalbeessaa (2001) mataduree "*Traditional Oromoo Attituds towards the Environmetally Sound development*. OSSREA Social science Research report, Warqinahe Qalbeessa, (2005) "*The Utility of Ethical Dialogue for margianalized People in Aferica"* jedhu; kana malees, matadure "*The Indigenous and More Enviornmental Ethics: Astudy of the Indigenous Oromo Environmental Ethics in the light of Modren issues of Environmental and development* jedhan.

- Qoranoo koo waliin kan walfakkeessu Safuu Oromoo qaburratti yoo ta'u garaa garummaan isaanii kayyoo qabatanii ka'aniidha. Qorannoon Warqinahe safuu Oromoo eegumsa naannoofi qabeenya uumamaa qabu irratti kan xiyyeefatuudha. Kunis, aadaafi duudhaa Oromoo eegumsa naannootiif qabu irratti yoota'u, xiyyeeffannon qoranoo koo Safuu hangafaa, safuu dirreewwanii, safuu ulfaawwan

Oromoon safeeffatuu, safuufi safeeffannaa uummata Oromoo fuudhaafi heeruma keessatti qabufi safuu hoodaa kan ilaallatuudha.

Xannaa Daawoo (2008) mata duree “*The Concept of Peace in the Oromo Gada System: Its mechanesms and moral.”* Jedhu, kan waa’ee Safuu Nageenyaa umman Oromomoo Sina Gadaa keessatti qabu irratti kan xiyyeeffatu yoo’u’ta,

Gammachu Magarsaa (2003) immoo, mataduree “Elments *Of the Oromo World view.*” Jedhuun Journal of Oromo Studies Volum12, Number 1&2 (2005) maxxansiise xiyyeefannoo isaa ilaalacha Oromoo ilaalcha Oromoo Uumaa, Ayyaanaafi Safauu ilaalata.

Tokkouummaan isaanii safuu Oromoon qabu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta’an graa garummaan isaanii Xannaa Daawoo kan irratti xiyyeeffate safuu Oromoon sirna Gadaa keessatti nageenyaaf qaabuiirratti yoo xiyyeeffatu. Gammachuu Magarsaa ilaalcha Oromoon Uumaa, Ayyanaafi Safuu qabuuirratti kana xiyyeeffateedha.

Umar Aada (2004) matadure, “Qaaccesa Sirna Araaraa Aanaa Dodolaa“ jedhuun waa’ee duudhaa siran araara Oromoo irratti, Korree Kurmaanaa (2015) “*Xiinxala Sirna Araara Waaqayyoo Godina Horroo Guduruu aanaa Jimmaa Raaree.”* Safuu Bakakkaa irratti, Muhaammad Jamaal (2015) mataduree “*Qaaccessa Raawwii Sirna Hooda Oromoo Arsii Nageellee.”*

Tokkuummaan isaanii safuu uumman Oromoo qabu kana ilaaltan yoo ta’an, garaagarummaan isaanii Umara(2014) safuu Oromoon duudhaa manguddoofi araaraf qabu irratti yoo xiyyeeffatu, Korree (2015) Safuu Oromoon Bakakkaaf qabu qofa irratti kan xiyyeefateedha.

Mulugeetaa Nagaasaa (1997) “**በኣዳ ሊበን ወረዳ የኦሮሞ ሴራ ጉማ ከግጭት አፈታት አንፃር**“ jedhu safuu uuummanni Oromoo luubuu namaaf qabuufi akkaataa seerii gumaa rakkoo hawasumma hiikuuf gahee qabu irratti kan xiyyeefateedh.

Matadureen qorannoo kiyyaa *Qaacce Safuufi Safeeffan Ummata Oromoo yoota’u*, xiyyeefannoo koos: *Safuu hangafaa, Safuu Gaa’elaa, Safuu Ardaalee, Safuu Ulfaawwaniifi Safuu hoodataman* irratti kan xiyyefatu waan ta’eef qorannoowwan armaan olitti eeramanii garaagarumaa kan qabuudha.

# BOQONNAA SADI: MALA QORONNOO

Boqnnaa lammaffaa qorannoo kanaa keessatti sakata'a barruu qoranoo koo naaf cimsan jedhee yaade walduuraa duubaan kan dhiyaatn yoo ta'u boqonna kana jalatti immoo mala qorannoo kan ilaalaman ta'a.

Qorannoon kunis qorannoo qulqullaa'inaa (qualitative research) yoota'u qorannoo kanaaf qorataan ragaa, ragaa kennitoota /informant/ irraa sassaabee, raawwii hawasaa daawwanaan hordofee, adeemsa Saayinsaawaa ta'e eegee qaacceessuun dhiyeessa.

Qorannoo Qulqullaa'inaa /qualitative Research/ ilaaschee Dasataa (2013) yoo ibsu Qorannoowwan akka qorannoo aadaa hawaasaa /ethnographic research/ addeemsa kana akka hordfaniifi qorannoo Qulqullaa'inaa haala namoonni addunyaa kana ittin hubatan qorata. Adeemsa kanaan qorataan odeefannoo walitti qabachuufi odeeffannoo argate addeessuun qaaccessa.

Cresuewel (2003:16) waa'ee qorannoo qulqullaa'inaa ilaalchisee akka armaan gadiitti kaaye jira.

> *Qualitative approach constructivist world view, ethnographic design and observation of behavior in the situation the researcher seeks to establish the meaning of phenomena from the view participants. Thie means identifying one the kee elment of collecting data in the way is to observe participant behaviors by engaging their activites.*
>
> *Qualitative approach participatory world view, narrative design and open ended interviewing for this study the inquier seeks to examine an issue related to appreciation of individual's oppression.*

Kana jechuun qorannoo qulullaa'naa mala raga /data/ amala, yaada namootaafi hawaasaa mala gaafiifi raawwii naannoo qorannoo bira gahuun ykn duukaa bu'uun funaanamu. Qorataan ragaa barbaadu af-gaafii banaafi daawwanaan keessatti hirmaatee mala ibsaatiin kan hubatu, ragaa kennamu haalafi miira raga kennitootaa hordofee raawwatuudha.

Marsaana intarneetii http //www.aivniv.edu. (23/05/2016) waa'ee qorannoo Qulqullaa'inaa /qualitative Research/ ilaalchisee yoo ibsu: "Qualitative research used to gathred data which gathred by interviews, Obsarvation, notes and descriptions of behavior and motives on." Jedha. Kana jechuun qorannon qulqullaa'inaa kan gargaaru

raga /data/ karaa af-gaafii, daawwannaa, ibsaan ykn addeessufi amala irratti xiyyeffatan sassabuuf garagaara.

Yaalwu (2011) Qorannoo qulqullaa'inaafi qaaccesa ragaa ilaalchisee yoo ibsu qorannoo qulqullaa'inaa yeroo baay'ee lakoofsa osoo hintaane jecha irratti kan xiyyeefatuufi gosa qorannoo Saayinsii Hawaasummaatiif hojiirra oola. Ragaa bilchaataafi cimna qabu argachuuf bu'a qabeessadha. Akkasumas qorataan qorannoo qulqullaa'ian yoo gaggeessufi qaaccessu adeemsota *ragaa sassaabuu, ragaa hir'isuu, ragaa agarsiisuufi cuunfaa raga kennuu* keessa darba. Qorataan *Safuufi Safeeffannaa* Ummata Oromoo ragaan funaaname jechaan waan ta'eef ragaa sakata'a ragaa, af-gaafii, daawwannaafi marii gareetin argate kana qindeesse qaacceessuun ibsa *addeessuun* dhiyyesse jira.

**3.1. Iddattoofi Mala Iddateessuu**

Qorataan qorannoo Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannoo Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo. Jedhu kana gaggeessuf malli iddattoo iddateessuf filate; mala iddatteessuu Miti Carraa /Non probablity Sampling/ keessaa Mala Idaadatteessuu Itti Yaadamee /Purposive Sampling/ jedhamudha. Malli kunis mala iddateessuu biroo irra adda kan taasisu ragaa barbaadamu, madda ragoota barbaadaman argachuuf murteessaa waan ta'eef yoo ta'u; mala kana yoomfi akkamitti fayyadamu akka qabnu Yaaleewu (2011) yoo ibsu, sababoota adda addaatin mala iddatteessuu Carraa /Probabilty Sampling/ fayyadamuu hindandeenye jira. Kunis ragaa barbaadame mala iddatteessuu carratiin aragachuun yoo rakkoo ta'u; qorataan mala iddateessu mit-carraa garagarammuf dirqama. Yeroo akkasii malla Iddatteessu Itti Yaadamee /purposive Sampling methods/ gargaarama. Si'a kana, iddattoo kan murteessu amala qorannichaafi qorataa ta'a jechuudha. Jedha.

Dastaan, (2013:134) dhimma itti yaadamee iddatteessu yoo ibsu "qorannoo qulqullaa'inaa keessatti mala kanaan iddatteeffachuun kan barame. Yommuu mala kan fayyadamnufi odeefannoo funannu mada ragaa itti yaannetuma filanna. Kanaafis sababa quubsaa qabaachun barbaachisaadha."

Qorataaniis sababni mala *Iddatteessuu itti yaadamee* fayyadameef qorannon gaggeesu qorannoo qulqullaa'inaa waanta'eef ragaan Safuufi Safeeffannaa kun argamuu kan

danda'amu namoota Safuu, aadaafi duudhaa Oromoo beekan, barbaaduun kallatiin filachuun dirqama waan ta'ef.

### 3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Madda ragaa qorannoo ta'anii kan tajaajilan maadda raga tokkoffaa yoota'u kunis: namoota beekumsaafi hubannoo *Safuufi Safeeffannaa* uummata Oromoo qaban jedhamanii yaadaman isaanis; manguddoota, Abbootii Gadaa, Ogeeyyii waajjira Aadaafi Turizimiiti.

Ragaa gama barrefamatiin kitaabilee aadaafi dudhaa Oromoo irratti barreefaman, Qorannoo duudhaa, Safuufi Safeeffannaa ummata Oromoo irratti hojetaman, barreefamoota gaggabaaboo dhimmoota aadaafi duudhaa irratti barreefaman galaalchaalee Safuufi Safeeffannaa ummata Oromoo irratti barreefaman marsaa intaneettii madda ragaa sadarkaa lammafaati.

Akkasumas; rawwii waltajjii hawaasaa iddoo kabaja ayyeenefanna irreessa birraa Fulbaana 29, 2015 godina Arsii aanaa Hexosaa malkaa Booruutti gaggeefame, rawwii sirna gaa'eelaa godina Arsii aanaa Heexosaa Amajjii 13, 2016 ganda Dabayyaa Adareefi Caamsa 2, 2016 ganda Goondee Fincamaatti raawwate.

Gama biraatin waltajjii hawaasaa raawwii sirna walirraa fudhiinsa baallii Gadaa Dhalanaafi Harmuufaa Oromoo Gujii godina Gujii aanaa Soraa ardaa Mi'ee Bokkoo irratti argamuun sassabame. Akkasumas, Tamsaasa kallattii TvOBS irreessa Hora Harsadiifi tamsaasa qophii "Qe'ee Oromoo" jedhu dokimantarii aadaafi dudhaa Oromoo irratti (Fulbaana,2015 hanga Adoolessa, 2016) dhiyaatan irreessa malkaa Soori, irressa malkaa Danbal (Taajoo Malkaa), Ateetee Deemsisaa, irreessa Tulluu Baarrak, waltajii tokkummaa Abbootii Gadaa Odaa Roobaa, dhiyeesse irraa, ragaleen qorannichaaf barbaachisan meshaa waraabbii sagalee, suursagalee, suuraanfi yadanoo barrefamatanii walitti qabanii jiru.

Madda ragalee barreefaman argaman, ragalee af-gaafiifi daawwannan raawwii hawasa waliin walbira qabamuun xinxaluun raawwatee jira. Kun immoo ragoonni walitti

qabaman gama daawwannaa, af-gaafi barreefaman waliiti dhuufenya isanii mirkaneefachuun qindeessuun ragaan addeessun danda'amee jira.

### 3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaa kaayyoo qorannoo kanaa milkeessuuf, hojiin funaansaa ragaa kallattii adda addaatiin gaggeefamee jira. Inni duraa hojii aloolatiin; daawwannaan sirna eebba malkaa, hangafaa quxusuu gogeessa Gadaa, safuu rakoofi harmii argamanii jiru.

Af-gaafiidhaan ulfaawwan safeeffataman, safuu dirreewwanii, safuu fuudhaafi heeruma firummaa dhiigaa, safuu hoodaa kan funaanaman yoo ta'u, marii gareetiin, ragaa af-gaafiin funaanan garaa garumaan ragaa yoo jiraate walitti araarsuufi cimsuuf, akkasumas ragaawwan safuu hoodaa, fuudhaafi heeruma dhiigaa, hangafa yaa'ii keessatti, safuu ulfawwanii kana maleessi, ragaawwan daawwana keessatti ifa hintaane irratti mara'achuun ifa akka ta'an taasifamee jira.

### 3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo kana gaggeessuuf malleen funaansa ragaatiif dhimma itti bahame

- Sakata'a ragaa
- Af-gaafii
- Daawwannaa
- Marii gareefi

#### 3.4.1. Sakata'a Ragalee

Qorannoo kanaaf ragaaleen nigargaara jedhamanii yaadaman; kitabileen, barrulee, galaalichaalee, qaorannoo dhimma Safuufi duudhaa ummata Oromoo irratti bareefamaniifi marsaa intarneetii sakata'amanii jiru. Ragaan *sakata'ama ragaaleetiin* argame kutaa qorannoo kanaa Boqonnaa lammaffaa jalatti deegarsa ragaatiif akka ta'anitti duraa duuban qindaa'anii jiru.

### 3.4.2. Af-gafiii

Safuufi safeeffannaan aadaa uummanni Oromoo guyyaa guyyaan dhiimma itti bahaa jiru yoo ta'u raggichi kan argame hawaasa keessaa namoota beekumsa aadaafi duudhaa hawaasaa qaban jedhamanii yaadaman dhiira *kudha torba* dubartii *afur* walitti qabaa *digdam tokkotiif*, af-gaafii dhiyaate jira.

Sababni af-gaafiin ragaan akka sassabamu barbaadameef raga qorannichaaf barbaarchisu argachuuf irra caalaa faayidaa waan qabuuf qorataan ragaafi odeeffannoo brabaadu argachuu jedhee waan itti amaneef. Af-gaafi ilaalichisee, Nunan (1992:149) yuu ibsu

> *The oral interview has been widely used as research socio linguistics and so on. Interview can be divided into three depending up on their characterized in terms of their degreeof formality.These are unstructured interview, semi-structured interview and structured interview. The agenda is totally predetermined by the the researcher who works through alist of set questions in a predetermined order.*

Akka ibsa barreeffama kana irra hubannutti af-gaafiin gosota qorannoo saayinsii xinqooqa hawaasaafi gosa sayinsiiwwan hawasaa biroof kan gargaaru yo ta'u, qorataan akaakkuwwan gosoota af-gafiin qabu keessa filatee akkaata qorannoo isaattif ta'utti akka filachuu danda'u ibsa.

Qorataanis af-gaafiin qorannoo kana keessatti fayyadame af-gaafii gamisaan qindaa'aa /semi-Structured/ ta'eedha. Kuniis gaafileen ragaa argachuuf barbaachisan qinada'aniij ka'uumsaf kan dhiyaatan yoo ta'u odeeffannoo kennitoon /informants/ daangaa tokko malee akka deebii kennuufi akkasumas dhimma gaafii tokko iratti ka'e gaafii biraa keessatti irra deebiin ibsuuf carraa kan uumuu yoota'u, qoratanis dhimmota ifa hintaane gaafii barbaade keessatti irra deebi'e kaasuuf haala mijaawaa waan uumuuf mala kanati gargaarame.

Gaafileen af-gaafiif akaakuu gaafii banaa ta'an jaha dhiyaate jira. Sababni gaafilee banaa /open ended questions/ ta'aniitti fayyadameef ragaa barbaadamu argachuuf gaafilee cufaa /closed ended question/ caalaa na gargaara jedhee qorataan waanan yaadeefi namoonni gaafatamanis bilisaan akka deebsan mijaawaa ta'uu isaatti. Kanas Yaalawu (2011) wa'ee gaafii bana fayyadamuu yoo ibsu gaafii banana mala qorataan odeeffannoo kennitoonni

/Informants / irraa gaafii qofa dhiyeessee deebii ittin funaannatuudha. Akaakuu gaafii kana keessatti filannoo dhiyaatu hinjiru. Odeeffannoo kennitoonni daangaa tokko malee yaada, beekumsaafi hubannoo qaban akka fedhii isaanitti ibsuuf, isaan taasiisuun ala faayidaa hedduu qaba. Isaan keessaa :

- Qorataan waan irraaffate maddoota ragaa irraa argachuu danda'a.
- Maddoon ragaa /informants/ bilisa ta'anii akka deebii kennan isaan taasisa, kun immoo qorataan ragaa bal'aa qorannoo isaaf barbaarchisa argachuuf gargaara.
- Qorataan yaada bu'uuraa furmaataa qorannoo isaatiin kennuu akka argatu isa gargaaa.
- Keessayyuu dhimmoota baay'ee murteessafi barbaachisaa miira odeeffannoo kennitoota irraa argachuuf bu'aa olaanaa qabachuu isaati.

Gaafileen qajelchituu afi-gaafii od-kennitootaaf dhiyaateef.

1. Safuun jechuun Oromoo biratti maal?
2. Safuun hangafaauumata Oromoo biratti akkamittii laalam? Maatii keessatti, Yaa'ii keessatti, goggeessa gadaa keessatti , yaa'ii malkaa keessatti.
3. Ardaalee uummanni Oromoo safeeffataman isaan kami?
4. Safuun Oromoon Gaa'ela keessatti qabu maal fakkatu?
5. Ulfaawwan Oromoon safuufeefatu eenyu fa'a?
6. Safuun hoodaaf Ormoo maqaa hoodatu eenyu fa'a? Maaliif? hoodatamu?

### 3.4.3. Daawwannaa

Qorannoo qaaccessa Safuufi safeeffannaa uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannoo Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo jedhu kanaaf mala ragaan ittin funaname keessaa tokko daawwannaa yoo ta'u kunis ragaa qorannichaaf qorataan barbaaduuf murteessa ta'an argachuuf barbaachisaa ta'ee waan argateef. Daawwannaa ilaalchisee Yaalawu (2011) qoratan bar-gaafiifi af-gaafii alas odeeffannoo sassabbachuuf daawwanna fayyadamuu nidanda'a. malli odeefannoo daawwannan qorataan sassaabu namoota, ykn naannoo qoratu waan raawwatamu ija isaatiin daawwachaa galmeessaai ittin sassabatuudha.

Kanas, qorataan gaafatee osoo hintaane wanta qoratamaan ykn qaamni ragaan irraa barbaadamu itti yaades ta’ee osoo itti hinyaadin raawwatu qaamaan argee raga sirrii ittin argatuu yoo ta’u qorataan odeefannoo yoo sassabbatu ala dhabbatee daawwachuun ykn garee odeeffannoo irraa sassabbbatu waliin hirmaachu ta’uu danda’a.
Ala dhabatanii dawwannaa geggeessu irra, keessatti hirmaachuun ragan sassabamee argame kallattii kaminyuu irra caalaa murteessadha. Sababni isaas, ala dhabatanii ilaaluun raawwii qofa kan ilaalamu yoo ta’u keessatti hirmaachuun raawwii raawwatamu ofiifis raawwachuun waan ta’eef qabatamaadha.

Qorataanis qorannoo isaatiif daawwannan gaggeesse jira, daawwannan gaggeefames raawwii sirna irreessa Malkaa Malkaa Booruu (19/09/ 2015) godina Arsii aanaa Heexosaa ganda Odaa jilaatti, raawwii sirna Baallii dabarsuu Gadaa Oromoo Gujii Ardaa Me’ee Bokkootti, raawwii sirna gaa,eela aaanaa Heexosaa keessaatti raawwataman lama, dawwanwwan maraa keessati hirmaan gaggfffame.

Akkasumas, mataduree qorrannaa qorataaf barbaachisaa ta’anii argaman tamsaasa kallattifi dokmantarii TV OBS Fulbaana 2015 hanga Adoolessa 2016 raawwii aadaa adda addaa ( Ireesa Birraa hora Harsadii, irreessa Malkaa Soor, Irressa Malka Dabal ‘Taajoo Rooba’, Ateetee deemsisaafi Sirna Siinqee godina Arsii aanaa Muunessatti, irreessa Tulluu Baarrak, gumii Abbootii Gadaa sirna Gadaa Odaa Roobaa deebsanii ijaaru) dabarsaa ture hordofee jira.

### 3.4.4. Marii Garee

Qoranno Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo jedhu kana gaggeessuf mariin garee kan barbaachiseef, raga mala af-gaafiitiin funanaman dhugummaa ragaa walitti qabame cimsuuf, ragaa bilchaataa argachufi dhugaa jiru mirkaneessuf murteessaa ta’ee waan argameef.

Marii garee ilaalchisee Kother (2004:98) yoo ibsu “Focsses group interview is means to focus attention on the given experience of the respondent and focused the attention particular topics” jedha. Dabalataan, Yaalawu (2011) mariin garee, gaafii bifa marii gareetin dhiyeessun raga quubsaa ta’e aragachuuf bu’aa qaba. Akkasumas, mariin raga

gadi fageenyaafi bali'ina qabu argachuuf gargaarun alatti yaada gudunfaa qorannichaaf mala garaarudha jedha.

Bu'uuruma kanaan, mariin garee namoota beekumsa aadaa qaban jedhamanii yaadaman garee lama ragaa, maddoota ragaa /informants/ irraa aragaman iiratti kana mar'atame yoo ta'u ragaan argame akka cimuufi qulqulaa'u te'ee jira. Kunis; garee 1$^{ffaa}$n dhira 4 dub_ Wq. 4 godina Gujiittii Ardaa Me'ee Bokkoo irrattifi gareen 2$^{ffaa}$n dhi 5 dub. Wq. 5 godina Arsiitti aanaa Heexosaa magaala Itayyaa irrtti yoo raawwatu, gaafileen akka gareetti irratti mara'atme kana armaan gadiiti.

- Safuu hangafaa uummata Oromoo biratti safeeffatu kan akkamiti?
- Dirreewwan uummanni Oromoo Safeeffatu isaan kami? Maaliin safuu isaanii ibsama?
- Ulfaawwan /Olfoota/ Oromoon Safeeffatau eenyu fa'a? Ulfinni isaanii maaliin, akkamitti ibsama? Akkamitti dhimma itti bahu?
- Safuun Ummanni Oromoo fuudhaf heeruma keessatti eeggatu maal fa'a?
- Dhimmoota safuu isaanitiif Oromoon hoodatu eenyyu fa'a?, Yoomi?, Essaatti?, hoodatamu?, Maaliif hoodatama?

### 3.5. Mala Qaaccesa Ragaalee

Odeeffannoo malleen funaansa raga afran (daawwannaa, af-gaafii, marii gareefi sakkataa baruu) bu'uura ragaalee qorannoo kanaaf funaanamanii ittin qaaccefamanit adeemsa ittaanu qabatanii jiru.

Meshaaleen ragaa qorannoo kana gaggeessuf ittin sassabaman: sagalee waraabuuf Bilbila "SAMSUNG GT-S7262", suraafi suur sagles kameeraa "Sony" akasumas yaadanoo baruun qabachuun raawwatame.

Kunis ragaaleen gama af-gaafiitiin argaman, gaafileen dhiyaataniif maddoota ragaa /informants/ bilisaan akka waan beekan ibsan ta'ee iddoo ibsi isaanii ifa hintaanetti irra deeb'anii akka ibsan gaafii dhiyeessun akka ifa ta'u taasifamee jira.

Ragaa af-gaafiin argame marii garetiin akka bilchaatuufi dhimmoonni ifa hintaane ifa akka ta'an bakka ragaan kenname garaa garuumman mula'atetti gaafii kaasuun akka

walsimatu taasifamee jira. Dhimmota raawwii daawwaan argaman yeroo af-gaafiifi marii garee irrati mar'atame jira. Ragaalee bifa sagalee, suur-sagaleefi suuratiin sassabaman irra dedeebi'amee dhageeffachuun gara barreeffamatti jijjiruun sirreessufi qindeessun qaacceffamee jira.

### 3.6. Naamusa Ogummaa

Yeroo kamiiyyuu qorannoo tokkof haala qorattich hawaasatti dhiyaatee gaggeessu milkaayina qorannichaaf murteessadha. Haala kana keessatti hawaasatti haala aadaafi duudhaa isaa eeguun, Safuu hawaasichaa kabajuun itti dhiyaachun raawwatame jira.

Ragaafi odeeffannoo kennan iccitii isaanii eeguun gamatti, sagalee isaanii waraabuufi suuraa isaanii kaameeraan fudhachuuf fediifi eeyyama isaanitiin qofa kan raawwatame yoo ta'u ragaa qorannoo keessatti dhiyaataniifs fedhii maddoota ragaa kan mirkaneeyedha

# BOQONNAA AFUR: RAGAA DHIYEESUUFI QAACCEESSU

Boqonnaa kana keessatti waa'ee Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo hangafaa qabu, Safuu fuudhaafi heeruma, Safuu ardaalee, Safuu Ulfaawwan Oromoofi Safuu Hoodaa Oromoo ilaalchisee ragaalee sakata'a barruu, odeefannoo daawwanna, af-gaafiiffi marii gareetiin argaman irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti qaaccefamanii jiru.

## 4.1. Maalummaa Safuu

Uummanni Oromoo aadaafi duudhaa hedduu waraabamee hindhumne qabu keessa tokko Safuufi Safeeffannaa yoo ta'u; qorataan maalummaa Safuu ilaalchisee manguddoota godina Gujii Ardaa Me'ee Bokkootti, Abbaa Gadaa Gaambeelaa Bariisoo, Canaa Adoolaa, Abbaa Lookoo Galgalo (13/02 2016) Adoolaa Quxulee, Jadleessa Argoo (16/02/016) marii gaggeessen Safuu yoo ibsan"Safuun seera, seera Waaqaati, Safuun kabajaa uumaat, Safuun seera waaqayyoo ilm namaa eegat uu" jedhu.

Dabalataan Gumiii Tokkummaa Abbootii Gadaa Oromiyaa (18/06/2016 ) TV OBS qophii Qe'ee Oromoo tamsaasa isaa sirna Gadaa Odaa Roobaa deebsuuf raawwaatame, Abban Gadaa Bayyanaa Sanbatoo uummata sirnicha irratti argame *Seerota Sammuu seeraa* jechuun yoo barsiisu; Waaqni Ulfaadha, Lafti Ulfoodha, Abbaan ulfaadha, Haati Ulfoodha , Horri / malkaan ulfoodha, Tullun ulfoodha jedhanii barsiisan.

Manguddoo Mukitaar Tuuqaa (19/07/2016) Safuu seera uumaa yoota'u ilmi namaa safuu eeguu akka qabuufi safuu sodaa waaqatiif hojiirra oolchna, seera yoo eegan uumaan nama tiksu; seera yoo cabasan uuman nama cabsu yoo ta'u, akka Oromootti hundeen Safuu sadii isaanis:

1. Safuu yaadaa
2. Safuu jechaa
3. Safuu gochaa jedhamu.

*Safuun yaadaa*: yaadaan waan tolchaniif tikifamanfi yaadan waan balleessaniif badan yoo ta'u safuun yaadaa wanta yaadan eegachuu qabaniidha.

*Safuu jechaa*: kun Safuu dubbiin cabsan /waan arraban Tolchaniifi arraban ballessan /yoo ta'u mammaksan dhimma kan yoo cimsan akkas jedhan.

*Areedaa (fiigaa) hamaan boollatti kufa, dubbataa hamaan Safuutti kufa.*

*Safuu gochaa*: Safuu *harka*a, Safuu *miila*afi Safuu *qaama saalaa* kan ilaallatuudha. Safuun harkaa raawwii harka ofiin rawwatamu, millaan demanii raawwatamufi Safuu qaama saalaa qunnamtii saalaa kan ilaallatuudha.

Namni kamuu Safuu yoo hineegnne rakkoo keessa gala. Kanas, seerota Safuu kana namni hineegne rakkoon akkamii akka irra gahu afoolaan yoo ibsu:

Muudamanii yoo biyya cooncatanii
Duroomanii yoo fira boonfatanii
Dubatanii yoo arraban safan
Osuma hinyaadin qaccee dhaban.

Kun kan nutti agarsiisu Oromoon yoo dubbatu Safuu dubbii eegachuun akka qabu yoo hintaane Safuu jechaa cabsuun rakkoo keessa galuu danda'a jedha. Kanaf, dubbii keessatti wanti dubatamu eessatti, akkamitti, eenunytti akka dubatamu beekun of eeggannoo tasisuu akka qabnu hubanna akkuma mammaksichaa osoo lafa hinilaallatin yoo fiige ykn akka malee yoo fiige bolotti kufuu danda'a, boollotti yoo kufan immoo, qaamaa midhamuu hamma lubbuu dhabamuu nama irraa gaha kanaaf, Safuus yoo hineeganne rakkon hamaa namarra akka gahuu danda'uudha. Safuu cabsuun miidhaan inni geessisu hamma sanyiin /fiixaan/ baduu nama geessisa waan ta'eef yeroo hunda safuu eeguun akka jiraachuu qaban hubanna.

Dabalataanis, Firaa'ool Taamiruu (2012: 9) Saffuu ilaalichisee yoo ibsu:

> *Oromoon gaafa gammadus ta'ee na'u, Safuudha jedha. Safuun dhuma haasawaafi aadaa Oromoot, Safuun Waan hundaa keessaa jira (Du'a, gammachuu, gadda, Waaqqefanna, sirba, jiruuf jireenya, horii, gaa'ela, nyaata, dhugaatii, uffannaa, koorniyaa, umuriifi kkf). Heera uummata Oromooti, aadaan, hawaasummaan amantiif kkfn hundinuu hooganamu.*

Gama biraatiin mulugeetaa Nagasaa (2014:57) wa'ee seerafi safuu akka armaan gadiitti addeessee jira.

> *The Oromoo sera maily divided in to two main categories. These are said to be, Seera Waqaa (Laws of God) and Sera nama (Laws of human bings). In this case seera Waaqa can be related with term 'Safu' in Oromo culature and social context, the concept of safu is defined as multitude ways.*

Uummata Oromoo biratti seerri gosa lamatu jira isaaniis seera Waaqatiifi seera nama jedhamu seerri Waqaa kan jedhamani Seera Safuu yoo ta'an seeronni seera Safuutiin ala jiran seerota namat. Yadi rime kana irraa akka hubachuun danda'amutti seerri nama seera naman tumaman yoo ta'u Safuun seera Waaqa irraa kan maddeedha.

Yaadota armaan olii irraa akka hubannutti Safuun jechuun seera Waaqaa. Seerri kun seera seera olifi uumamnni lafa kanaa irra jratu seera kabajuudha. Keessatu, ilmi nama lafa kana irratti yoo jiraatu seera Waaqaa /Safuu / eegee jirachuu qaba. Oromoon Sirna Gadaatiin yoo bulaa turetti seerri Gadaa hundi isaanii seera Waaqaa irraa kan maddaniidha. Seerri Gadaa yoo tumamu gumiin seera tumuun yoo lallabu kan ittin eegalu *Waaqni Ulfaadha, Lafti Ulfoodha* jechuudhaan. Kun immoo kabajaafi *ulfina ykn Safuu* Waaqaafi Lafaa Oromoon qabu agarsiisa.

Seerri seera Waaqaafi Lfaatti aanee lallabamu seera abbaafi haadhatti kunis abbaan ulfoo /wayyuu, haati wayyuu jechuun kan lallaban yoo ta'an Waaqafi Lafatti aanee abbaaniifi haati kabajaa olaanaa akka qaban nihubatama. Safuu eeguun dirqama uumama maraati Makmaaksa Oromoo "*Safuu manatiif lukkun mataan gad jetti*." Jedhu yoo xinxallee lukkuun mana yoo seentu mataan kan gadi jettuuf mana waan safeeffattuf, ykn kabajaa manatiif mataan gadi jetti malee hojji ishee mana seenuu ishee dhoowwee mataan gad hin jettu, kun immoo ilmmi nama Safuu eeguu dirqama akka ta'e yaada agarsiisudha.

Seerri nitumama safuun garuu seera Waaqaa waan ta'eef hintumamu hinfooyya'u yeroo seeron biroo tumaman, Safuun irra deeb'anii yaadachifamu. Qorataan yeroo daawwannaa sirna Gadaa Oromoo Gujiitiif Ardaa Me'ee Bokkotti aragametti Hayyonni /Yuubni/ Gadaa seera yoo lallaban, "Waqqin wayyuu, Lafti wayyuu, Abbaan Wayyuu, Haati wayyuu, Gadaan wayyuu …" jechuun Wayyoma /Safuu yoo ibsan, seera yoo ibsan " intala kadhatanii fuudhu santi seera, muka seera malee hinmuran santu seera, bineessa hinajjesan santu seera, ilmafi intala nibarsiisan santu seera …" jedhanii seera lallabu.

### 4.2. Safuu Hangafaa

Akka manguddoo Kuusaa Deettii (14/07/2016) ragaa qorataaf kennaniin Hangafaafi Quxusuun uummata Oromoo biratti Safuu olaanaadha. Kunis maatii mana tokko hanga sabaatti; jireenya guyyaa guyyaati hanga sirana Gadaa biyyi ittin gaggefamuutti Safuun hanagfaafi quxusuu ni'eegama.

Hangafamummaa sadarkaa matii keessatti *ilma hangafa*, akka gosaatti gosassa *hangafa*, sadarkaa Gadaatti *gogeessa Gadaatiin* duraa duubummaa ykn irraa jalummaa hangafummaan *niSafeeffatam*a.

#### 4.2.1.Safuu Hangafaa Gogeessa Gadaa Keessatti

Sirni Gadaa Kan Safuudhaan guutameedha. Raawwin sirna Gadaa Safuu Waaqaafi Lafaa hanga Safuu uumama hunda kan eegudha. Dhimma kana irratti qorataan mariifi gaafii manguddotaa Abbaa Lookoo Galgaloo (13/02/2016), Daadhii Dabalee (15/06/2016), Tashoomaa Yaamii, (14/06/2016) geggeessen.

Yaa'ii Gadaa iddoo godaansa Caffeetti, Galmi /Qachaan Abbaa Gadaa dirree godaansa irrtti ijaaramu *duraa duuba baallii /alangee, hangafaafi quxusuu* irratti hund'ee ijarama. Kunis, galma Abbaa Gadaa, Dooriifi Raabaa duraa duubaan *migra irra gara bitaatti* ijaaramu. Gogeessa Gadaa tokko keessatti tartiiba *hangafaa quxusuu gosaa* eeguun kan ijaaramu yoota'u, galmi warra hangafaa yeroo hundaa gara *mirgaatt*i ijaarama.

Kana malees dirree godaansa Caffeetti galmi Abbaa Gadaa Osoo hinijaaramin kan Dooriifi Raabaa hinijaaramu; gama biraatin, osoo Abbaan Gadaa diree godaansatti hinqubatin goggeessi Dooriifi Raabaa hinqubatan. Galmi Abbaa Gadaatis ta'ee kan gogeessa hundaatuu yoo ijaaramu kan gosa hangafaa dursee gara mirgaatti ijarama.

Gama biraatiin qorataan daawwannaa raawwii sirna Gadaa Oromoo Gujii dirree Mi'ee Bokkootti argamuun guyyaa (13/02/2016 hanga 21/02/2016 ) daawwannaa gaggeessen kan mirkaneeffate yoota'u, kunis Galmi Abbootii Gadaa kan ijaaraman duraa duubummaa gogeessa Gadaatiin; isaanis Galama Abbootii Gadaa (Gadaa Dhalaana), galama gogeessa gadaa Doorii (Gadaa Harmuufaa), galmi gogeessa gadaa Raabaa

(Gadaa Roobalee) duraa duubaan ijaramanii jiru. Gama biraatiin galmoon ijaraman kana gogeessa sadeenuu keessatti hangafaa quxusuu eeguun tartiiban ijaarama. Isaanis: kan Gadaa gosa *Uraagaa, Maattiifi Ookku* mirga gara bitaatti tartiiban ijaramni jiru.

Kana malees, gumiin yoo ta'aamu haala duraa duuba *Safuu* gogeessa gadaafi hangafaa quxusuu eeguun gara *agaallaa* / galama gumii/ keessa seenu. Tartiibin kunis: gogeessa *Abbootii Gadaa*, Doorii, *Raabafi* booda irra kan seenan warra *Baasuraa* ykn warra waggootii saddeetan itti anaan Raaboomutu seena. Gogeessonni kunis akkataa hangafaa quxusuu Gadaa Uraagaa, Maattifi Ookkuu ta'anii duraa duuban goggeessa ykn hiriira kan seenan yoo ta'u. Baatuu,Yuubonni /Hayyoonni/fi Abbootii Gadaa waliin gara agaallaa seenu.

Agalallaa erga seenan booda Abbootiin Gadaa eebbifatanin Gumiin seera lallaba. *Eebbisuuf* kan aangoo qaban *Abbootii Gadaa* yoota'an haaluma hangafaa quxusuutiin duraa duuban eebbisu. Kunis: *Abbaan Gadaa Uraagaa, Maattiin* ittiaanuun, *Ookkuu*n booda irra eebisa.

Gumiin seera erga lallabee geessen boodas tartiiba ittin seenaniin agallaa gadidhiisanii bahun gogeessa Gadaa isaatiin qeexala. Qeexala qeexalamu kan dursee eegalufi dursee murteessu ykn xumuru goggessa Gadaa yoota'u goggeessa Gadaa keessa immoo Gadaa gosa hangafaa Uraagadha. Osoo Uraagaan hineegalnis ta'ee hinmurteessin gadaan gosa Mattiifi Ookkuu hineegalu ykn hinmurteessu. Miseensonni Gadaa qexala erga xumurameen booda gogeessa issaati deebi'uun gara qachaa isaanitti tartiiba dhufaniin deeb'u.

Ardaa jilaatti kormi kan qalamu yoo ta'u kormi qalamuun dura ni'arriiratama /eebbifama/, ariirranni kormaa kun *Safuu* hangafaa quxusuu eeguun raawwatama kunis: jlaqaba *Abbaa Gaddaa, itti aanee Jalkeyafi Hayyich* eraga ariirataniin booda hala *hangafaa quxusuutiin* namoonni ariirrachuuf gahee qaban hundi duraa duuban ariirrachuun dhuma irratti Abaan Gadaa warra korma qaluu jalqaba ariirrate irra deeb'ii erga ariirrateen booda kormi qalamee abbaan Gadaa korma qalee dhiiga qabatee; warri hafan duraaduuba *hangafaa quxusuutin* dhiiga korma qabachuun raawwata.



**Suuraa Lak.4** Ardaa jilaa Me’ee Bokkootii Korma qalamu Abbaan Gadaa erga ariiratee booda Hayyuun Gadaa yoo ariirratu madda qorataan guyyaa (15/02/2016) kaameeraa Soonii kan kaase.

Gama biraatin, Gadaa OromooTuulamaa keessatti goggeessi Abbootii Gadaa osoo Baallii /Alangee/ goggeessa itti aanutti hindabarsin Sirna Gamma baasuufi Buttaa qaluu raawwata. Akka odeefannoo manguddoo Daadhii Dabalee (caffee ta’iicha Gadaa Duuloo) qorataaf (15/06/2016) himetti: “Goggeessi Gadaa bara alangee isaa Gadaa itti aanuuf kennu dura Gamma baasa. Gammi dhangaa ykn dhiyana Fooleefi Dabaleetiif kennamuudha. Sirna Gamma basuu keessati goggeessi Abbaan Gadaa osoo gamma hinkennin sirna barcuma raawwata. Matii warra tokoo /ijoolee abbaa tokkoo/ heddu yoo ta’an matiin kun seera kana raawwachuuf hoofkaltii *ilma quxusuu barbaachisa*. Osoo inni quxusuu *sirna barcumaa* hinraawwatin warri hangafaa raawwachuu hindanda’an. Dursee sirnicha kan raawwachuu qabu quxusuudha.

Dabalataan, warri kun, gosa hangafaa yoo ta’an Buttaa qalu. Buttaan korma Sirna Gadaa irratti qalamuudha. Buttaa qaluuf kan seerri eeyyamuuf warra gosa hangafaa yoo ta’an; maatii gosa hangafaa keessaa Buttaa kan qalu qabu ilma quxusuudha. Osoo quxusuun jiruu ilmi hagafinni Buttaa hin qalu.

Walumaa galatti, sirna Gadaa keessatti ijolleen dhiiraa abbaa tokko bara Gadaa isaanii xumuranii Alangee/ Baallii/ Gadaa itti aanuuf dabarsuuf sirna raawwatamu dursa kan raawwatu ilama quxusuudha. Kunis warra gosa hangafaa yoo ta’an *buttaa kan qalu* ilma quxusuutti; warra gosa quxusuu yooo ta’an dursee *sirna barcuma* raawwatee gamma kan kennu quxussudha. Osoo quxusuun sirna kana hinraawwatin obbolaan hangafaa sirna *barcumaas ta’ee Buttaa* qaluu raawwachuu hindanda’an. Walitti qabaan sirna Gadaa keessatti ilmi quxusuun maatiin Gadaa akka hulluqufi hoofkalu gahee olaanaafi safuu qabaachuu nutti agarsiisa.



**Suuraa lak.5.** Qachaa Abbootii Gadaa Ardaa Me’ee Bokkootti maddi qorataan guyyaa(14/02/2016) kaameeraa soonii fudhate

### 4.2.2. Safuu Hangafaa yaa’ii Keessatti

Yaa’iina  namoota hedduun gosa adda addaafi maatii hedduu irraa walitti fida. Uumman Oromoo yeroo yia’ii akkasii yoo raawswatamu Safuufi safeeffannaa mataa isaa eegee raawwatama. Oromoon sirna kamiiyyuu raawwachuun dursee nieebbifata. Eebba yoo raawwatu Safuu hangafaa quxusuu eegee kan raawwatu yoo ta’u; sirnicha raawwachuuf namni seeri dursee akka eebbisu eeyyamuuf argamee akka eebbisu lallabamee hangaf,

/arrabi qareessa/ iyyafatama, namni eebbsuuf yaa'ii duratti bahe kana osoo hinraawwatin eebbisuu mirga hinqabu.

Dhimma kanas qorataan Abbaa Gadaa Jiloo Mandhoo, (14/02/2016), Asaffaa Warquu (12/06/2016), Tashoomaa Yaamii, Getaachoo Dooyyoo, Kamala Gammachuu (14/06/2016) ragaa argateen: Eebbi duura duuba gogeessa Gadaa, hangafaa quxusuu gosaafi duraa duubummaa arrii ykn umrii dhalaootaa irraati hunda'uun raawwata.

Kunis, bakka Abbaan Gadaa jirutti Abbaa Gadaatu eebbisa, yoo Abbootiin Gadaa heddu jiraatan Abbaa Gadaa gosa hangafatu eebbisa,Yoo Abbootiin Gadaa hinjirre hangafaa quxusuu gosaa eeguun, yoo gosa walfaktu ta'an hangafa quxusuu dhalootaatin ykn arriitiin wal eebbisun sirrnichi kan raawwatu ta'a.

Osoo namni gosa hangafaa jiruu namni gosa quxusuun hineebbisu. Umriin namni gosa hangafaa xinnaalee yoo ta'e yoo inni hoofakalche malee namni gosa quxusu umriin hangafaa eebbisuu hindanda'u. Kanaafuu, hangafti arrii dursee eebbsuuf hangafa gosaa hofkaltii gaafatee yoo hofkale malee eebbisuu *Safuu* eegatamuudha.

As iraa akka hubachuun danda'amutti, hangfaa quxusuun yaa'iin yoo gaggeeffamu eebbisuuf mirga kan qabu hangafaafi Abbootii Gadaa yoo ta'an bakka Abbaan Gadaa hinjirretti hanagfa gosaafi hangafummaa arrii eeguun kan raawwatamu yoo ta'u eebba raawwachuun dura eebbisuu akka seera Gadaatti abbaan eebbisuf seerri siif eeyyamu kottu jedhamee afeerama.

### 4.2.3. Safuu Hangafaa Jila Malkaa Keessatti

Oromoon irreessa malkaatiif, yoo malkaatti bahee Waaqa galateeffatu *Safuu* malkaa eegun raawwata. Erreessa malka hangafa dura, kan malkaa saaqun eebbisu *abbaa malkaatti*. Abbaan malkaa erga eebbisee malkaa saaqeen booda hirmaatton sirna Irreessa malkaa sanaa *duraa dubummaa* gogeessa Gadaa, *hangafaa quxusu*u, gosaafi *arriin* wal hoof kalchee eebbisa.

Qorataan sirna irreessa birraa godina Arsii anaa Heexosaa ganda Odaa jilaa, malkaa Booruu (29/09/2015) hirmaachuun daawwate jira. Kana malees, irressa malkaa Arsadii tamsaasa kallattii TVn OBS (04/10/2016) tamsaase, tamsaasa dokimantarii irreessa

malkaa Soor godina Iluu Abbaa Boor guyaa (19/12/2015), Irreesa malkaa Hara Danbal (Taajoo Roobaa) (26/02/2016) Tv OBS tamsaase hordofee jira.

Raga daawwannaafi tamsaasa Tv OBSn uummanni Oromoo irreesa malkaa ykn jila malkaatti raawatu kamiiyyuu *abbaa malkaa* erag eebbisee Malkaa saaqee booda duraa durummaa gogeessa Gadaa, hangafa quxusuu gosaa,ykn hangafa quxusuu arriitin wal eebisuun Waaqa kadhatu.

### 4.2.4. Safuu Hangafaa jireenya Hawasaa keessatti

Qorataan odeefannoo managudoo Kamaal Gammachuu, Getaachoo Dooyyoo, Tashoomaa Yaamii, 14/06/2016), Leencoo Jiloo (19/06/2016) irraa argateen ilmi hangafaa maatiif Safuu olaanaa qaba. Hangafti qixxee abbati, sammuu warraati, ilmi hangafaa hawaasa keessatis ta'ee akka maatitti iddoo olaantu kennamaaf.

Kana jechuun, jireenya iddlee hawaasaa keessatti hangafummaan iddoo olanaa qaba. Ilmi hangafni osoo ga'eela hinraawwatin quxusuun raawwachuu hindana'u; osoo intalli hangafti jirtuu quxusuun hinheerumtu; osoo ilmi hangafni jiru quxusuun hineebbisu, quxusuun eebbisuuf hofkaltii hangafaa gaafata; malkaa kan dura ce'u hangfa; quxusuun dursee ce'uuf hoofkaltii gaafata; ilmi hangafni mana gara *miragaa mana abbaatti*, quxusuun gara *bitaa mana abbaatti* ijaarata

Gama biraatiin ulfaa *maatii (Caaccuu, Kallacha, Bokkuufi Callee*), farad sangaafi mi'a fardaa kandhaaluu qabu ilma hangafaati. Mammaksi Oromoo Arsii "*Ilma jechuun hangafa mandhichoon gurummuu gosaati"* jedhu kanuma cimsa. Ilmi hangafni bakka bu'aa maatii ykn abbaa ta'a; ilmi quxusuun gurmuu gosaa baay'isuuf, gosa cimsuu barbaachisaa akka ta'e namti agarsiisa. .

Dabalatan, hangafummaan maatii qofa keessatti dursa dhalachu osoo hinta'in hawaasa keessati dursanii dhalachuu /arriin/ *Safuu* qaba. Namni umriin nama caalu karaa hinqaxaamuran, yoo alaa gara manaa seenu nooraa jechuun, ol ka'anii simatu, namni guddaan /manguddoon/ kara boroo aaneet taa'a.

Mangoddoon uummata Oromoo biratti kabajaa olanaa qaba; kana kan nuuf mirkaneessu mammaksa "*Jaarsaafi qottoo dura hindhaabbatan*" jedhudha. Kana jechuun jaarsaf

kabajaan olaana qabachuu sodatamaa; ulfaataafi *safeefamaa* ta'uudha. Mammaksa, "*Jaarsi guddaan si hinabaarin; bishaan darbaaf jiru si hinnyaatin*." jedhus yoo xiinxallee ilaalle kanuma nuuf mirkaneessa. Jarsi ulfaataa, kabajamaa, sodaatamaa, jarsi Waaqatti dhiyoofi *safeeffatamaa* ta'uu hubachuun nidanda'ama. Farada yaabbatanii manguddoon yoo namatti dhufe fardarraa bu'an maalee fardda yaabbatanii nagaha hingaafatan.

Akkasumas, Oromoon nama wallole sirna ittin araasan *jaarsummaa* jedhammu qaba. Jaarsummaan akkuma maqqan isaa ibsutti sirna namoonni umrii gurguddoo kana nama araarsan jechuudha. Jarsummaa keessatti *waan jaarsi jedhe hindidan kana jaarsi namaaf arge qixxee Waaqni namaaf argeetti*, jaarsi gaddisa biyyatti, jaarsi arrii qixxee Waaqati jedhama.

Walumaa galatti Oromoon hangafaa quxusuun; duraa dubba dahalchuf Safuu qabachuun alati namni umrii gudaa /manguddoon/ kabajaa, sodaa, ulfinaafi *Sufuu* olaanaa qaba. jaarsi ulfaataafi sodaatamaadha.

Gama biraatin uummata Oromoo biratti namni tokko ilman hedduu yoo qabates akkuma ilma hangafaa *ilm*i *quxusuun safuu* qabu. Maatii tokko keessatti ilmaan dhiiraa yoo kitaanan ykn dhaqna qaban kan dura kitaannatu ilma quxusuudha. Osoo quxusuun hinkitaanamin hangafni hinkitaanamu. Dura kittaannachuun *Safuu* quxusuutti

### 4.3. Safuu Ardaa /Ardaalee

Oromoon lafti kamiyyuu sabaababafi faayidaa malee hinuumamne jedhee amana. Lafa Waaqayyo eebbisee warra biroo irraa adda taasisee uume jedhe amanu nikabaja, nisafeeffata. Lafa Safuufi ulaffina qaban kanatti bahee Waaqa galateeffata akkasums araarfata. Dirreewwan Oromoon safeeffatu keessaa: Malkaa Tulluufi Odaan mataduree kana jalatti ilaalla.

#### 4.3.1. Safuu Malkaa /Horaa

Dirribii Damissee (2015:216) Safuu malkaa ilaalchisee yoo ibsu Oromoon malkaa kansafeeffatuuf "…bakka itti bishaan argate qofa osoo hintaane bakka inni jaalalaafi jaalallee itti aragate waanta'eef nikabaja, itti irreefata." Akka ilaacha Oromootti malkaan

idoo namni yeroo uumamu dhiirrifi dubartiin jalqabaa / Horroofi Haewee/ wal aragnii waliin jiraachuu eegalan. `

Qorataan manguddoo Dabalee Yaamii, Leencoo Jiloo, Yimar Amaanoo (29/09/2016), Fatoo Kaawoo (10/06/2016), Asakaalaa Sassabaa, Asaffaa Warquu, Ganna Fayyisoo, Mareenaa Henekkaa (12/06/2016), Tashoomaa yaamii, Getaachoo Dooyyoo, Kamaal Gammachuu (14/06/2016) irraa raga argateenfi dabalataan sagantaa TV OBS tamsaasa kallatii irresaa malkaa Harsadii (04/10/2015), sagantaa tamsaasa irreessa malkaa Soor / Odaa maaruu / godina Iluu Abbabor (19/12/2015), sagantaa tamsaasa irreesa malkaa Danbal /Taajoo Roobaa/ (26/02/2016 hordfee jira. Akkasumas dawwannaa rawwii sirna irreesa malkaa, malkaa Booruu (29/09/2016 qaaman argamee hordofee jira.

Bishaan jireeny akka iiti fufuf isa murteessadha, bishaan kan aragmu Malkaatti Malkaan lafa namniif bineesson kamiiyyuu bishaan jireenyaaf barbaachsaa ta’e itti aragatan, lafa yeroo maraa jiidha qabduu, lalistuu tatateedha. Bishaan argachuuf ilmi namaafi bineesson manas ta’ee kan bosonaa malkaatti deddebi’u. Namnifi uumamni biroos laggeen gurguddoo iddoon ittin qaxxamuran malakaadha, Malkaan lafa biroo irrra adda taatee waan uumamteef uumaa malkaa adda taasisee Waaqayyoon dinqisfachuuf Oromoon laggeen gurguddoo Bonaaif Ganna bishaan baatanii uumama lafaa bishaan obaasan kanneen yoo ce’u itti irreefata.

Goggeessi Gadaa bara Baallii isaa xumuree gadaa itti aanuuf aangoo dabarsu dura sirna Gamma baasuu raawwata, sirna kan raawwacuuf miseensa googessa Gadaa issa, Foolleefi Dabbalee qabatee malkaa bu’ee malkaatti irrafata. Malkaa bu’ee osoo hinirreefatin Gamma hinbaasu, seera barcumaa gahuu hindanda’u.

Foolleen miseensi Gadaa isaanii yoo sigbaa gale /haadha warraa abbaan warraa irraa du’etti gale malkaa buusanii bishaan itti facaasuun /sirna cubbu irraa dhiquu/ raawwachun/, dubartii sanatti Rakoo qalee akka seera rakoo guutatu taasisu. Kana yoo raawwachuu baatan miseens Gadaa biroo / gogeessi isaan booda bara Fooluma isaanii nama haadha warraa dhirsi irraa du’etti gale *Sigabaa* Waan muranif, namni sigabaa murame immoo, sirna Gadaa keessa huluuquufi ilmaan isaa sirna Gadaa keessa hirmaachu mirga hinqaban. Kanaaf, Foolleen osoo goggeessa Gadaa Foolummaa isaanii

hindabarsin ykn gogeessa itti aanutti hindarbini dura, miseensa isaanii Safuu cabse haadha warraa abbaan warraa irraa du'etti gale malkaa buusanii cubbuu irraa dhiqu. *Sirnichis garba gatuu* jedhama.

Dubartoon Arsii kadhannaa Waaqaatiif yoo malkaa bu'an Irressa, Siiqqee, Gaadiifi Elmtuu aannaniin qabatanii ililchaa malkaatti bahanii, malkaatti irreesa irrefatani aannan dhibafachuun Waaqa akka roobu, rakkoon uumame kan biroos yoo kadhatan Waaqayyo namaaf dhagaha rooba kadhatan ta'e rakkoo uumames battalaumatti deebii argata.

Dur dubartiin dhala dabdef dubartoon Siinqee qabatani elelfaachaa malkaatti bahanii yoo Waaqa kadhatan dubartiin sun nideessi. Dubartoon siinqee qabatanii yoo malakkaatti bahanii Waaqa kadhatan homaa hindhaban.

Malkaa ilaalchisee, Leellisaa Aadaa (6413 LW: 115) yoo ibsu: "Malkaa /Laga/ gurguddoo yoo qaxxamurun ce'an *itti irreeffatu.* Lagni kun bishaan [B]onaaf [G]anna waan baatee deemuuf Waaqni burqaa ayyana qabu kana hingogne wojiin Uumaa isaa hojii Waaqaa dinqisifachuuf." Jedha.

Yaadota kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti, malkaan lafa Ganna Bona bishaan jireenaf barbaachisu baachuun binesotafi ilama namaatiif dhiyeessiti, lafa diriirtuu ittin laga ce'an lafa biroo irraa adda taatee uumamte. Uumaa lafa tanaa /Malkaa/ akanatti uume dinqisifachuf itti irrefatu, dhibafatu.

Ummanni Oromoo malkaatti bahee Waqqa isaa itti galateeffata. Waqtin Gannaa darbee biraan yoodhuf Ganna darbe nagayaan darbuuf wayittii itti aanu nagahaan akka jiraatu Waaqa kadhachuuf malkaatti walgahee galateeffata. Galanni Waaqas irressaafi dhibaayyudha. Malkaatti yoo bahan ulfaawwaan akka Kallachaafi Caaccuu Callee qabachuun yoo ta'u kun immoo *Safuufi ulfina* malkaa kan agarsiisudha.

Oromoon bara hoongeen hammaatee, Bonni dheerate, miidhaan uumamaa adda addaa irra gahe malkaatti bahee, Kormaafi Dullacha qalee Waaqa yoo kadhate hamtuun dabartee robin roobee gogginsaafi dheebuu hanbisa.

Malkaa bu'anii yoo waaqa kadhatan namni wallole osoo hinaraaramin malkaa waliin hinbu'u. Malkaa kan bu'ani garaa qulqullun goomii tokko malee ta'uu qaba. Namni

malkaa bu'es osoo hinirreeffatin dura Abbaan Malkaa, ykn hangafti namni walatti mufattan /goomii/ qabdan waliif akka dhiisan gaafatee harka walfuudhun dhiifama akka walgaaftan, harka walfuusisee walitti araarsa. Namni walitii bu'e hinaraaramu jedhee diduu hindanda'u ulfina malakaatiif jedhee araaramuun dirqama. Kana malees, namoonni malkaa bu'an hundi harka walfuudhu. Kana irraa kana hubatamu malkaan kabajaafi iddoo qulqulluu *safeeffatamtu* ta'uu isheeti. Dabalataanis, kabaja hawwiifi jalala Malkaaf qabuuf Oromoon ilma isaatiif maqaa Malkaa jedhu mogaasun Malkaan Oromoo biratti *Safeeffatamtuu*fi jaalala qabu hubachuun nidanda'ama.

### 4.3.2. Safuu Tuulluu

Tulluun lafa biroo irraa adda tatee kan uumamte yoo taatu, lafa birroo irraa adda kan taasisu ol kaatuudha, fagoodhaa mula'atti, akka laayyotti gubbaa Tulluu bahuun /yaabu/ ulfaatadha diina jalaa gara Tulluu yoo baqatan akka laayyotti diina ofirra ittusu, Tulluun dawoodha,Tulluu Waaqayyo yoo uumu sababa malee miti Ayyaanaafi hiree waliin uume.

Tulluu ilaalichisee Leellisaa Aadaa, (6413 LW: 115) yoo ibsu:

> …*Waaqqeffattoon ayyana kanaa ni safeefatu. Tulluu gurguddoo bira yoo darban itti irreefatu. Tulluun kun lafa diriira jiru keessa olka'ee kan argame, Waaqtu Ayyana guddaa wajjin isa uume jedhee waan amanuuf duwwaa osoo hin taane Waaqatti dhiyaatee jira jedhame ulfina guddaan waan ilaalmuuf.*

Akka qorataan manguddota Fatoo Kaawoo (10/06/2016), Mareenaa Henikkaa, Askaalaa Sassabaa (12/06/2016) Tashoomaa yaamii (14/06/2016)fi Leencoo Jiloo (15/06/2016) iyyafatetti; Tulluun lafa kabajamtuu, mootii lafaatti, lafa hunda irraa kara Waaqatti ol dhiyaaa itti irrrefatamuatti, dur Oromoon mana lafa gooroo tullutti dhiyaatu malee lafa dhooqa ykn golbatti mana hinsijaaratu ture, Tullun lafa ulfoo irreessa Afiraas itti irreefatamu.

Leencoo Jiloo (19/06/2016), "Tullun hangafa lafaat. Iirreefachuuf ta'ee Waaqa kadhachuuf Tulluutti yoo ol bahan *guutuu* ykn sammuu Tulluu irra dhaabachuun *safuudha*. Guutuu bira osoo hingahin dhabatanii kadhaatu. Kunis kana ta'eef Tuulluun kabajamtuufi ulfoo ta'uu isheeti" jedhu.

Dabalataanis tamsaasa TV OBS (18/06/2016) sirana Gadaa Odaa Roobaa deebsuuf Gamataan Abbootii Gadaa Oromiyaa Odaa Roobaa iratti argamuun barsiisan irratti yoobarsiisan seeroota *jahan sammuu seeraa* ta'an "Waaqni ulfaa, Lafti ulfoo, Abbaan Ulfaa, Haati ulfoo, Malkaan/Horri/ ulfoo, *Tulluu /Gaarri/ ulfaa*"jechuun lallaban. Tamisaasa Tv OBS qophii Q'ee ORomoo 18,/03/2016) irreessa Tulluu Baarakii aanaa Baarak Alaltuufi marsaa intarneetii https:// www.sstuube.com (29/07/2016) jedhu irraa irreessa Tulluu Furii aanaa Sabbataa Hawaas (Bitootessa 2015) aanaa Sabataa Hawaas raawate hordofee jira.

Akka raga armaan olii irraa hubatamutti irreessi Tulluu kan gaggeefamu wayitti Afraasaa keessa yoo ta'u irreesi kun irreessa *araaratti* Waaqin akka rooba yeroo isaa eegee roobu, bonaan sa'aa nama akka hinmine, kan araara waaqaa ittin kadhataniidha. Yeroo irreessa Afraasaa margi waan hinjirreef irreessaf kan itti gargaaraman baala mukaa jiidhaadhaa yoota'u keessatuu, baala muka *abbayyii* jedhamuutti dhimma bahu.

Walumaa galatti, Tuulluun Mootii lafaat, Waaqatu Lafa biro caalchisee uume lafa *ulfoo /Safuu* ta'uu isheeti. Kanaaf Oromoon Tullutti bahee Waaqa araarfata, kadhata, irreeffata, yoo Bonni hammate kormaa irratti qalee uumaa isaa kadhata. Hamtuun yoo uumamte, ulfaawwan isaa Kallacha, Caaccuu, Bokkuu, Siiqqee, Gaadiifi Ciicoo qabatanii Waaqa kadhatu. Oromoon yoo eebbisus Tuulluu ta'ii fagoo muladhu jedhu, jaalalafi hawwii Tuulluf qabuu ilama isaa akkuma Malkaa *Tulluu* jedhee mogaasa. Walumalatti Tulluun uumata Oromoo biratti *Ulfoo ykn Safeeffamtuudha*

### 4.3.3. Odaa

Odaan uummata Oromoo biraatti mukaa hoodaati. Odaan muka biroo irraa adda ta'ee uumame. Dameen isaa kallatii hundatti walqixa ta'ee waan guddatuuf kallatiin hundaanuu gaadisni isaa wal qixa. Qorataan Odaa ilaalchisee manguddoo Fatoo Kaawoo (10/06/2016), Asafaa Warquu (12/06/2016), Tashoomaa Yaamii (16/06/2016) Leencoo Jiloo (19/06/2016) iyyafataneen: Odaan mukseer, muka Gannaa Bona lalisuudha. Gaaddisni dameen Odaa nama hedduu of jalatti qabachuu danda'a Odaan gubbaan isaa firii qaba, jirmi isaa aanana qaba, iddoo mukkin Odaa jiru burqaan hindhabau, eela yoo qotan nannaoo Odaatii hindhabamu waan ta'eef Odaan muka milki gaarii qabu, Odaan

yoo jalatti dubbatan gootuu sagalee hinqabu, jaalatamaadha. Odaan gaaddisa abbootii Gadaatti, Odaan muka qulqulluudha. Bineesson Odaa jalattiifi irratti hinqulqula’aan, kana malees, bineesson miidhaa geessisan kan akka bofaa, buutii Odaa jalatti hingalan. Odaa mixii yoo ta’e malee, bineessonni miidhaa nama irraan gahan kamiiyyuu Odaa jalaafi irra hinjiratan.

Managuddoofi Qorataan seena Aadam Xiinna jedhamu Tamsaa Tv OBS (18/06/2016) sirna deebii Gadaa Oromoo Odaa Roobaa irratti argamuun Wa’ee Odaa Yoo ibsu:

> *“Odaa Bakakkaan itti hinbu’u, bineessonni midhaa geessan kan akka bofaa, buutiifi kkf jalatti ykn gubbaatti hingalan, Bineessonni firii mukaa nyaatan kan akka Qamalee, Jaldeessaa Weenniifi Kan biro guyyaa firii isaa irraa nyaatan malee irraa hinbulan, bineesson kun muka kana irratti ykn jalatti hinqulqulaawan gaaddisin Odaa qaulqudha, Ormoon Odaa jalatti dhimma nageenyaa malee dhimma biroo hindubbatan.”*

Asirraa akkuma hubatamutti amalaafi uumama Odaan yoo ilaalle muka eebbifama ayyanaafi milki qabeessadha. Mukinni Odaa Ganna Bona lalisaafi magariisa yoota,u muka carra qabeessaafi nageenya taasifamee waan fudhatamuuf Odaa Oromoo biratti *Safeeffatamaafi ulfaatadaha*. .

### 4.4. Ulfaawwan Safeefaman

Taaboor Waamii (2007) ulfaa ummanni Oromoo Safeeffatu hedduu yoo ta’an isaan keessaa Bokkuu, kallacha, Caaccuu, Siinqee, qanafaa, laadduu, erboora, isaan muraasa. Bokkuun inni jalqabaa Waaqaa kan bu’eefi mallatoo aangoofi tokkummaa dhiiraafi dubartii agarsiisa, Dooqaafi Calleen Walitti hidhamiinsa ilama namaa jalqabaafi Waaqaa (Horroofi Waqaa) kan ibsun yoo ta’u, Kallachaafi Caaccuun inni jalqabaa akkuma Bokkuu Waaqaa bu’e. Akkasumas, *uffata kuula haalluu adii, diimaafi gurrachaa* sirnaafi ayyaaneefannaaf uffataman keessaa muraasa.

#### 4.4.1. Kallacha

Taaboor Waamii (2007:220) kallacha yoo ibsu, “Kallachi tajaajila uummata Oromootiif Waaqa tokkoof Waqaa kan bu’eefi mallattoo araarati jedhanii amanu, Kallachi mallattoo gootummaa, hayyoominaa, Walabummaa, lubummaafi aangootti.” Jedha. Kallacha lamatu jira isaaniis kallacha Laafaafi Qaraa jedhama.

*Kallachi lafaan*, kallacha Abbootiin Gadaa, kallacha isaanii irratti hidhatanii dhiimma itti bahan yoo ta'u; manguddoo Canaa Adoolaafi Girjaa Godaanaa irraa raga (14/02/2016 ), argameen Kallachi mallattoo Abbaa Gadaa yoota'u, kallacha karaa hinqaxxamuran, dura hindeeman. Kallachi ulfinaa, aangoofi Wayyooma Abbaa Gadaa kan Agarssiisudha. Abbaan Gadaaa Kallacha guyyaa sirnaa malee hinhidhatu. Kallacha Abbaa Gadaa, Abbaan Gadaa osoo lubbun jiruu ilmi hidhachu hindanda'u. Kallachi abbaafi ilmaa wal hindanda'u jedhama. Yoo abbaan du'e ilmi hangafin gaafa *hayyu yaa'a Doorii* ta'ee eegalee hamma lubbun jirutti fayyadamuu danda'a.

Qorataan daawwanna (13-21/2/2016) Ardaa Me'ee Bokkootti taasiisen kan mirkaneefate, kallacha kan hidhatan Yuubaa, Baatuu, Abbaa Gaddaafi gogeessa Gadaa Doorii keessaa hayyuu yaa'a qofa.Yuubaafi Baatuun kan kallacha hidhatan warra goggeesa gadaa isaanii keessatti Abbaa Gadaa ta'anii tajaajila turan yoota'an, Gogeessa Dooriin keessaa kana kallacha hidhatu *hayyuu ya'aa ta'ee* nama filamefi, innis, Gadaa itti aanuuf, Abbaa Gadaa ta'ee kan tajaailuudha.

Dabalataan, miseessonni gumii, gumii ta'uuf gara Agallaa / galma Gumii yoo deeman gogeessan ykn hiriiran yoo ta'u, gogeessi martuu akkaataa hangafaa quxusuu isaatiin warra kallacha hidhataniin durfamanii deemu. Seerri gumiis yoo lalabamus Abbaan Gadaa Wayyuu, *Kallachi wayyu* jedhamee lallabamaa

*Kallcha qaraa* kallacha warra ayyaantuu yoo ta'u warri kallachaa warra hangaaft jedhama. Kallachi qara yoo sirnaaf ta'e malee hinbahu guyyaa sirnaa caaccuu waliin kan bahu yoo ta'u sirna kanaaf wareega barbaachisa.

Daadhii Dabalee (29/09/2015), Tashoomaa Yaamii (14/062016) irraa raga argameen kallachi ulfaa safuu qabuufi kan warra hangafaat, kallachaafi caaccuun addan hinbahan warri kallachaa caaccuu hindhaban, akkasumas kallacha guyyaa sirnaa gurguddoo akka irreessafi kadhannaa qofa kan bahu yoo ta' Kallachi guyyaa sirnaaf barbaadame malee ulfaawwan biro waliin boroo manaa ta'aa. Kana malee, kallacha yoo gosti lama ykn gosa keessati waldhabbiin yoo uumame kallacha baasanii araarsu, akkasumas sirna guddifacha kallachi osoo hinbahin hiraawwatamu. Kallacha abbaan arge baatuu hindanda'u, ilma hangafa kallacha yoo baatu haat warraa isaa immoo caaccuu baatti.

Walumaa galatti Kallachi ulfaa *Safuu* guddaa qabuufi ummata Oromoo biratti Kabajamu yoo ta'u kallachi mallattoo aangoofi hangafoomaa yoo ta'uu kallachi hawaasa Oromoo biratti rakkoo gama hawaasaafi araara Waaqayoo ulfaa tajaajila guddaa qabuudha.

### 4.4.2. Caaccuu

Caaccuun ulfaa Uummata Oromoo biratti Safuu olaanaa qabuudha. Caaccuun kallchaan addaan hinbahu warrii kallachaa caaccuu hindhaban Caaccuu sirna ulfaataa ta'e qofaaf dhimma itti bahama yoota'u, elellaan gogaa Roobii irraati diramun hojjetama.

Taaboor Waamii (2007) Caaccuu yoo ibsu Caaccuun qaama hormaata dubartii kan fakkatu eleellafi goggaa Roobii iraa kan hojjetamuufi miila jalaan bilbila nahasaa irraa hojetame qaba. Qaalluu /Ayyaantuu guyyaa ayyaana amantii gateettii bitaa irratti kan uffataniifi mallattoo latiinsaafi badhaadhinaati. Caaccun meshaa amantaatii dheerinni isaa faana shaniifi uffta bal'aa qabuu yoo ta'u caaccuu kan batu dubartiidha. Akkuma kallachaa caaccuun inni jalqabaa Waaqaa kan bu'eedha,

Askaalaa Sassaabaafi Asaffaa Warquu (12/06/2016) akka qorataatti himanitti Caaccuun ulfaa guddaa abaabayyuufi akaakayyuu isaanii irraa dhaalaniifi Waaqa ittin kadha. Caccuu kallacha biraa hinhafu. Caaccuun kabajamaafi *Safeeffatamaa* waan ta'ee diinqa manaa ykn boroo taa'a.

### 4.4.3. Bokkuu

Bukkuun ulfaa Oromoo biratti beekaman keessa tokko yoo ta'u sirna Gadaa keessatti Bokkuu Kan qabatu Abbaa Bokkuu /abbaa murtiiti/. Akkuma kallach mallatoo aangoo Abbaa Gadaa ta'e Bokkuun mallattoo aangoo Abbaa Bokkuu agarsiisudha. Haata'u malee, ummanni Oromoo lafti irra jiraa bal'aafi sirnoota daraban keessa dhuudhaa isaa akka hinguddifanne dhiibba irra gahaa tureen garaa garummaa xixinnoon jiraachuu danda'a. Kanumaa walqabatee Orommoon Karrayyu akkaataa Bokkuu dhimma itti bahaniifi itti fayyadama isaa ilaalchisee Mulugeetaa Nagasaa (2014 : 140) yoo ibsu akkas jedha.

> *Abba Bokku (the father of scepter) in Karrayyuu Gada system, Abbaa Bokku is serving as Gada leader. In their Gada system, there is no naming of Abba*

> *Gada though the position of Abba Bokku is similar to the duties and reponsiblities of Abba Gada. Currently, however, one of the Karrayyu native individual has been elected as Abba Gada by the ruling political party of the regional state to satisfy the political interests of the administrative power of the District in the name of Abba Gada.*

As irraa wanti hubatamuu qabu, Bokkuun mallatoo Abbaa Bokkutti inni jedhu akka Gadaa Oromoo Karrayyuutti garaa garummaa akka qabuudha. Kunis Abbaan Gadaa maqaan jedhamu akka maqaa Abbaa Bokkuutin bakka bu'uufi Gaheen hojii isaa kan Abbaa Gadaa ta'uu isaati. Hata'u malee, Bokkuun akkuma Gadaa Oromoo Tuulamaa mallattoo Aanaagoo ta'uun isaa hubachuun nidanda'ama.

Tashoomaa Yaamii (16/06/2016), Daadhii Dabalee (15/06/2016), Leencoo Jiloo 19/06/2016) Bokkun ulfaa Oromoon sirna Gadaa geessati dhimma itti bahaa ture kabajamaafi *Safuu* qabu yoo ta' u, bokkun durii Waaqaa bu'e jedhamee amanama. Bokkuu kan Abbaa Bokkuti. Abban Gadaa kallachaa yoo hidhatu abban bokkuu Bokkuu qabata. Duri yeroo ummanni Oromoo *Safuu* eeagtaa turetti Bokkuun akkuma ulfaawwan biroo iddo rakkoon uumametti rakkoo hiikuu dhiimma itti bahu walitti bu'iinsi namootaa yoo uumamefi dhiigini namaa akka hindhagalane, Abbaan Bokkuu yoo Bokkuu qabatee bahe rakkoon sun battalumatti furmaata argata. Bokkuun bahee Oromoon araara didu hin jiru.

Kun kan namatti agarsiisu Oromoon sirna Gadaan bulaa yeroo turee Bokkuun ulfaa uummanni Oromoo *Safeeffatu, Sodaatufi kabaju*, yeroo sirnaa malee yeroo biroo akka dhimma itti hinbanefi ulfaan kun nama hunda osoo hinta'in sirna Gadaa keessatti Abbaa Bokkuu qofaan kan qabatamuufi diinqa ykn boroo manatti sirnaa kaawama.

### 4.4.4. Waddeessa

Waddeessa ilaalchisee Taaboor Shuumii (2007:198) yoo ibsu "muka waddesa irraa kan qophaa'ufi aaraan gurracha'ee kan qabatamu ulee kabajaatti. Ulee waddeessaa qabatamanii argamuun mallattoo jaarsummaa, manguddummaa akkasumas mallattoo jaalalaafi tasgabiitti." Jedha.

Manguddoo Dabboo Sorsaafi Conaa Adoolaa (18/02/2016) qorataatti akka himanitti Aadaa Oromoo Gujiitti Waddees yoo muramu adeemsafi sirna mataa isaa qaba, guyyaa

sirnaa akka jilaa yoo ta'e malee guyyaa mara hinqabatamu, waddessi safuu Wayyudha nimuudama. Bakkuma arge osoo hintaane boroo manaa ta'aa.u.

Qorataan daawwannaa (13-21/02/2015) Me'ee Bokkotti raawwateen kan mirkaneefate Waddessa meseensonni goggeessa Gadaa qabatnii yoo deeman *Safuu* mataa isaa eegee kan qabatmu yoota'u Kunis miseensonni goggeessaa Gadaa Waddeessa qabatanii yoo socho'an karaa harka mirgaatti gateetii isaaniirra kaawwatanii deemu, yeroo Qachaa seenan Waddeessa isaanii iddoo tokkotti duraan galmatti hirkisu, yeroo gumiifi qorphiisa taa'an akkuma Agaallaa keessa ykn dirree qorphisaa gahaniin Jaldhaabatti kennuun jaldhaabni kan gogeessa hundaatuu walitti qabee lafara ciibsa. Yoo gumiidhaa bahan ykn qorphisaa ka'an dabareedhaa dabareen fudhatanii deemu.

Walumaa galatti Waddeessa ittin hindhadhabatan, loon hinrukutan, namatti hinbuusan, irra hintarkaaffatan mana yoo galan dhadhaa muuduun diinqa manaatti olkaawu. Sirnaaf yoo ta'e malee guyyaa hunda hinqabatan, nama waddeessa harkaa qabu karaa hinkutan *Safuu* qaba.Waddeessa warra dhiiraa qofatu qabata,



**Suuraa L.K.6** waddeessafi Safuu Waddeessaa yeroo ardaa Jilaatti yoo qorphiisa taa'an madda qorataan guyyaa (17/02/2016) kaameeraa sooniin kana fudhatame

### 4.4.5. Siinqee

Taaboor (2007) dhimma Siinqee yoo ibsu Siinqeen ulee qalloo furdinni ishee mataa hanga miilaa walqixa taattedha. Siinqeen mallatoo wayyoomaa haati intalli ishee gaafa heerumtu kennituufidha. Siinqee dubartii qofatu qabata. Siinqeen furdin ishee mataa hanga miilaa tokko ta'uufi sirrii ta'uun ishee mallatoo seerra dhugaa eeganii deemuu mallattoo haqummaatti. Siinqee loon hinrukutan guyyaa sirnaa malee guyyaa mara hinqabatan. Siiqqeen Waddeessa waliin *diinqa manaa* teessi.

Kidaanuu zallaqaa (2016: 89) Siiqee ilaalchisee yoo ibsu akkas jedha.

> *Dubartii Siinqee qabattee elelfachaa deemtu qaxxamuruun seeraa mit. Namni farda yaabee itti dhufe farda irraa bu'ee dabarsa. Kan waraan /eboo/ qabatee itti dhufes waraana isaa lafa kaayee dabarsa. Siiqqeen mallattoo nageenyaa waan ta'eef namni dubartii Siiqee qabatanii deeman dhufanis"…dhiltee dhinnaa… obbaya na hoofkalchaa ofkalaa… ijarraa hafaa …" jedhee nagaha gaafatee yoo eeyyamamuuf tara. Yoo dhibes hang isaan taranitti eega.*

Mulugeetaa Nagasaa (2014) Siinqeefi fayidaa Siinqee ilaalchisee akaa addeessetti Oromoo Karrayyuu biratti siinqeen fayidaa gurguddoo hawaasa keessatti qabdu yoo ibsu iddoo shan gurguddootti qoodee jira isaanis:

1. *Sinqe from Birth right point of View* (Siinqeen kallattii lattiins hidda dhalootaatiin) siinqeen kennaa warri intalaa isheef kenna yoo ta'u kunis siinqeen fakkommii hidda dhalootaa walitti hidhamiinsa warra intallifi warra gurbaa kan agarsiisudha.
2. *Sinqee as means cooling down Violence* (humna sinqeen walitti buu'insa dhabsisuu keessatti) walitti bu'iinsi gosaa ykn gosa jiddutti yoo uumame dubaratoon siinqee qabatanii yoo walitti bu'iinsa jidduu seenan gareen wal waranu siinqee irra darbee waraan hin gaggeessu.
3. *Sinqe as means of protection of Catastrophes* (Siinqeen balaa uumamaa akkaa miidha hingeessin tasiisuu keessatti) hoongeen yoo uumame dubartoon siinqee qabatanii malkaatti bahuun araara Waaqaa kadhatu.
4. *Sinqe as means of Medacation* (Siinqeen akka tajaajila Jarsummaatti rakkoo hawasaa hiikuu keessatti) rakkoon gosa keessatti yookan gosa lam jiddutti

yoo uumame dubarttoon siinqee qabatanii gama lamaan jiduu demuun akka araarri bu'u taasisu.

5. *Sinqee as means of obtaing husband* (Siinqeen gahee heruuma adda baanaa raawwachu keessatti) dubarri takka osoo hinheerumni yoo turte haftu jedhamte hawasan waan tufatamtuuf tuffii kana jala bahuuf dhiira barbaadde siinqee qabatte yoo mana seente safuun siinqee akka fuudhu isa taasisa. dubartii siinqee qbqtee heeruma dhaqxe rakoo qaluun dirqama.

Dabboo Sorsaafi Dureettii Jiloo irraa (18/02/ 2015) Godina Gujii Ardaa Me'ee Bokkootti qorataatti ragaa waliiti qabateen Siinqeen meshaa fuudhaafi heeruma keessatti gahee olaanaa qabduufi *Wayyuudha.*Meeshaa dubri yoo heerumtu qabattee baatu keessaa inni hangafaa Siinqeedha. Durbi hirumtu siinqee malee heerumuu hindandeessu.

Gosa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii biratti beekamu keessa tokko *hawada* yoo ta'u kunis fedhii intalafi gurbaan qofaan kan raawwatuufi dhokisaan intalli gurbaa waliin deemtu yoo ta'u, fuudhaafi heerunni kun intalli *Siinqeefi Ciicoo* qabatee kan baate yoo ta'e gaa'elli kun seera qabeessa ta'a, garuu, *Siinqoofi Ciicoo* osoo hinqabatin yoo baate akka butiitti fudhatama malee akka sirna *hawadaatti* miti. Durba siinqee hinqabnne gurbaan fudhate akka dirqisiisee buteetti fudhatamee seeran gaafatama.

Qorataan 16/02/2016 manguddoo Mareenaa Heenekaa irraa rgaa argateen: Siiqeen meeshaa *Safuu/ Wayyooma* qabu dha. Siinqee intalli gaafa heerumtu haat ishee kenitiif, Siinqeen wayyoomuu ishee nama guutuu ta'uu ishee kan agarssistu yoo ta'u. Dubri kan hiirmtu gosa ishee keessa baatee gara gosa ormaatti waan deemtuuf gurmuu dubartii gosa itti heerumteetti kan ittii makamtudha. Siinqee guyyaa *gaa'elaa* haati intala heerumtuu gurbaa fuudhutti baarree waliin "*Hoodhu barsee, hoodhu baarree*" jechuun itti laatti. Barseen nama ykn birmaduu jechuu yoo ta'u, baarreen meshaa aannanii aannaniin guutamee mijuudha. Kuns, mallattoo qabeenya kennuu badhaadhinaati. Haati intalaa gurbaatti Siinqee yoo kennitu fakkenya birmaduu eebistee kennuuf; baarreen qabeenya waan ittin jiratan akka argatan mijuun eebbisuu agarsiisa. Gurbaan Siiqee haadha intalaa irraa fudhate Waddeesa isaa waliin qabate gala.

Dabalataan qorataan Tamsaasa TV OBS (8/03/2016) qophii Qa'ee Oromoo sagantaa Ateetee Deemsisaafi Siinqee ilaalchisee godina Arsii aanaa Muuneessaa irratti dokimantarii qopheessen hordofee jira. Tamsaasa kana irratti abbaan warraa dubartii qanafaa reebun dubartoonni naannoo elefatanii bahuun manguddoon bahanii abbaa warraa dubartii qanafaa reebe akka aadaatti loon *irraa qalanii dugida yoo cabsanfi dubartoota duratti kufee araaar* yoo kadhatu tamsaasa dokimantarii mirkaneefate jira..

Walumaa galatti siinqeen meeshaa aadaa ulfaattuu ,Safuu Olaanaa qabduudha. Siinqeen mallatoo haadhummaa ulfinaatti. Dubartoonni Siinqee qabatanii yoo deeman kabajaa olaanaa qabu, Siinqeen humna haadoliiti, Siiqqeen waranni gosa jidduuti yoo uumame humna araarsuu qabdi, akkasumas diina biyatti dhufe deebisuuf yoo duulan, haadholiin duula siinqee qabatnii eebbisuun gaggeessu. Namoota haramuu raawwatan (fira dhiigaa waliin ciisan) dubartoon sinqee qabatanii malkaa buusuun qulqulleesu sirni kunsi Kodhaa baasuu jedhama. Siinqeen ulfaa qabatanii araara Waaqaa iitin kadhataniidha. Kana malees, Siinqeen hadha irra gara intalaa daruub ittifufiinsa sanyii ilma namaati agarsiisa.



**Suuraa L.K.7**. Haawwan Siiqee qabatanii Ateetee Bahana .Madda waajjira Aadaafi Turizimii godina Arsii irraa Argame.

### 4.4.6. Qanafaa

Qanafaan faaya dubartiin deesse adda isheetti hidhattudha. Dubartiin qanafaa kan hidhattu deessee guyyaa nafa dhiqatee /shanan deesu/ hanga ulmaa baatuutti. Kidaanuu Zallaqaa, (2016:48-49) Qanafaafi wayyoma Qanafaa ilaalchise akka armaan gadiitti ibsa:

> *Arsiitti deettuun qanafaa godhachuun beekamti. Qanafaan mallattoo deettuutti. Dubartiin tokko gaafa deetu abban warraa ishee muka seeraa (muka Falaa) hindeessa jedhamu muree qanafaa qopheessa. Darbe darbes haat abbaa warraas qanafaa ishee haadha warraa ilma ishee isa hangafaaf yeroon itti dhaalchiftus nijira.*
>
> *Duabrtiin deetti kunis deettee gaafa nafa /qaama/ dhiqatuu eegaltee qanafaa kan addatti hidhati. Qanafaan yogguu hidhatamu sirna mataa isaa qaba. Sirna*

*kana irrattis dubartoon ollaa ishee jiran walaga'uun Wabaxaa /marqaa / qopheessu. Dubatoon kun daakuu marqaaf ta'u mana mana isaanitii fidanii yookiin daakuu deetuun tun dursitee qopheesite hojetamuu danda'a. Marqa sirana qanafaa hidhuuf qopaa'e kanatti dhiirri hindhiyaatu. Dubartoota qofatu walgahee nyaata. sirna kana erga qopheessanii booda deettuu kana dhaqna dhiqaniifii dubartiin itti dhiyaattu (aantu) qanafaa abbaan warraa laga bu'ee mure qopheese kana itti hidhu.*

*Qanfaan akkuma siinqee wayyuudha. (meeshaa kabajaa, kan ulfinaati) dubartiin qanafaa hidhatte ulfina guddaa qabdi ija qananiin ( jalalaan) eegamti.namni waa balleesse dubartii qanafaa ija dura qabatanii araara (dhiifama) gaafaannan hindidamu. Dubartii akkanaa qabatanii araara gaafachuun nama dhiifama yookin araara gaafatamu sanaaf ulfina guddaa kennuudha.*

Qorataan (12/06/2016) Manguddoo Mareenaa Heenekkaa, obboo Gammachu, (14/06/2016) Leencoo Jiloo (19/06/2016) irraa ragaa walitti walitti qabeen; Qanafaan meeshaa faayaa dubartii deessuun addatti hidhatu yoo ta'u, dubartiin takka dhiira yoo deesse guyyaa shanaffaatti durba yoo deesse guyyaa afraffaatti nafa dhiqattee hidhatti. Dubartiin dhiira deesse hanga jia'a shanafatti; kan dubara deesse hanga ji'a afraffaatti Qanfaan adda irraa hinbu'u. Qanafaan Wayyooma dubartii deessuutiif hidhatamu yoota'u, kan qopheessu abbaa warraatti. Dubartiin takka yoo lakkuu deesse qanafaa lama hidhatti. Qanafaas kan addrrraa buufattu daa'ima deessef maqaa moggaasun kan raawwatu ta'a. Dubartii addaa qanafaa qabdu *Safuu* qabdi, karaa hinqaxamuuran, iddoo kamituu dursatu kennamaaf, burqaa bishaniitti dursitee warabbatti gabaa illee yoo deemte namni irraa bitattu warra biroo caalaa eebisee itti gurgura.

Akkuma asirraa hubachuun danda'amutti qanafaan meeshaa kabajaa olaaantummaa qabu dubartiin deessuun guyyaa nafa dhiqattee ji'oota afurii hanga shanii adda isheetti hidhattu yoo ta'u qanfaan faaya *wayyooma / Safuu*/ deessuun agarsiisufi Oromoon hagam deessuu kabajaa ulfina kennuu agarsiisudha.




**Suuraa Lak.8.** Suuraa  deessuu qanafaa hidhatte. Madda qorataan guyyaa (10/05/2016) Godina Arsii aanaa Heexosaa ganda Dabayaa Adaree kaameeraa sooniin kaafame

### 4.4.7. Guutimala /SaMaxee

Guutamalli ykn Samaxeen faaya dubartoonni Abbootii Gadaa Oromoo Gujii mataa isaanii ittiin faayaman. Qorataan manguddoo Dabboo Sorsaa, (18/02/2016) irraa ragaa fudhateen  samxeen faaya  dubartoota  abbaan  warraa isaan gogeessa Abbaa Gadaa ykn warra  baallii harkaa qabu ta'uu agarssiisu. Meeshaan faayaa kun kan tolfamu gogaa looniifi faaya adda addaa calleefi meetaan /guutimala/ bareedee hojetama

Canaa Adoolaa (18/02/2016) qorataaf odeeffannoo kennan Abban Gadaa bara baallii isaa bakka tokko taa'ee hinardeefatu  ardaa adda addaati goodaanuun  raawwii jilaa aada addaa raawwata. Raawwii kana keessaa tokko ardaa Golocha Gobboo guttimala itti dhawuu. Kunis haawwan warraa warra baallii hundi guuti mala dhawachuun faaya masxee jidhamu waliin miidhakifama /tolfama/. Samaxeen hawwan warraa abbootii Gadaa qoftu ittin faayama waan ta'eef hawaasinni dubartoota biroo caalaa kabajaatu kennamaaf.




**Suuraa Lak.9.** Faaya Guutimalaafi Samaxee haawwan gogeessa Abbootii Gadaa Gujii. Madda qaorataan guyyaa (18/02/2016) kaameeraa soonii Ardaa Jilaa Me'ee Bokkootti fudhatame.

### 4.4.8. Laadduufi Irboora

Meeshaa faayaa abbootiin Gadaa irreetti kaawwataniidha. Laadduu ilaalichisee Taaboor Waamii (2007:200) yoo ibsu "Meeshaa Qaalluun irree irratti kaawwatu mallattoo

gootummaafi itti fufiinsaa seera Waaqati agarsiisa" jedha. Abbootiin Gadaa laadduu heddu irree isaanii irratti kan hidhatan yoo ta'u kuni faayya Abbaa Gadaa mallatoo gootummaa, itti fufiinsa seera Waaqaafi Gdaan seera uumaa ta'uu agarsiisa,




**Suuraa Lak.10** Abbaa Gadaa Gujii Gosa Uraagaa Waaqoo Duubee madda qorataan guyyaa (19/02/2016) kaameeraa soon kan kaase

### 4.4.9. Ruufa

Ruufni Marata Abbootii Gadaati. Haalluun Ruufa abbootii Gadaa Oromoo gurraachaafi cuquliisa. Manguddoon Oromoo Ruufa maratee, Waddeessa qabate yoo bahe yeroo kamiiyyuu caalaa nisafeeffatama, nikabajama. Ruufa ilaalchisee Taaboor Waamii (2007:200) akkas jedha, "Haalluu gurraachaafi cuquliisa kan qabu marata Abbaa gadaafi Qaalluu yoota'u mallattoo hayyoomaa, lubummaatiifi ga'uumsati."

Mulugeetaa Nagaasa (2014:) wa'ee haalluu gurachaa ilaalcha Oromoo keessatti maal akka fakkatu yoo ibsu; "According to OromooWorld view in general and Karrayyu in particular the black is a symbol of grac purity and divinity.the black color is choosen to represent such symbolic meanings" jedha. Kan jechuun akka ilaalcha Oromootti haalluu

gurrach mallattoo ykn fakkoommii qulqullinaa haqumaa ulfinaafi badhaadhinaa ta'ee fudhatama jechuudha

Qorataan daawwannaa Me'ee Bokkootti (13-21/02/2015) kan mirkaneefate gogeessi Gadaa Oromoo Gujii kan ruufa maratan: goggeesa *Abbaa Gadaa, Dooriifi Raabaa*,yoo ta'an warri Baasuraa rifeensa mataa isaanii haadatanii waddeessa osoo hinta'in waraana qabatanii gumii keessatti hirmaatu.

Asirraa akka hubatamutti *Ruuft*i uffata ulfaataa ulfinaaf Abbootiin Gadaafi Qaalluun maratan ta'ee sirna Gadaa keessatti kana marachuuf heeyyamamuuf qaallufi sadarkaa gogeessa Gadaa Abbaa Gadaa, Dooriifi Raaba qofa. Kunis Ruufni mallattoo hayyummaafi lubummaa manguddummaa akka ta'eefi Safuu olaanaa qabachuu namatti agarsiisa. Haaluun gurrachi akka ilaacha Oromootti fakkoommii qulullinaa haqummafi olaantumma Waaqaa yoota'u; abbootiin Gadaafi Qaalluun ruufa maratan haqumman ummata tajaajiluun Waaqaaf abboomuufi sirnni Gadaa sirna waliqixxummaa qulqulluufi seera Waaqaa ta'uu muli'isa.

### 4.4.10. Alangee

Alngeen meshaa *Safuu* qabdu kan Abbootiin Gadaa ulfina guddaaf qabatamuudha. Alangeen goggaa roobii irraa kan hojjetamtu yootaatu gurra lamaa duraafi duuban qabdi.

Alange ilaalchisee Mulugeetaa Nagaasa (2014: 167) akkan jedha: " this is a type of whip used as a sign of law making and enforcement during the enactment of customary laws (Sera Gada), the cultural elites designated as law makers uses the whip to beat aground which is considered as provision of law."

Kana jechuun alangeen meshaa akka seera Gadaatti, seera tumuuf manguddoon seera tuman harkatti qabataniifi seer yoo tumamu lafa rukutuf iiti gargaraman yoo ta'u alangee lafaan rukutuun seerri hojjirra akka oolu mirkaneessudha. .

Akka manguddoon Leencoo Jiloo (19/06/2016)fi Tashoomaa Yaamii (16/06/2016) irraa qoratan ragaa walitti qabateen Alangeen meshaa aadaa gogaa roobii irraa tolafamtu yoo tatu jirma tokko irraa fixee lama lama qabdi akkasumas jirma ishee irratti barru

geengoowwoo shantu /saddeeti/ qabdi. Jirma tokko irraa fiixeen lama jiraachuun fakkoommii hundeen Oromoo tokko ta'uufi fiixeen lamaan latiinsa Booranaafi Baareentuu agarsiisa. Barruun geengoon shan ykn saddeet jirmarra jiraachun fakkoomii gadaa Oromoo shan ykn marsaan gadaa waggaa saddeet ta'uu, geengoon Gadaan marsaafi kan deddeebi'u ta'uu agarsiisa.

Alangeen Sirna Gadaa keessatti Safuu olaanaa kan qabdu yoota'u, Oromoon yoo eebbifatu Waaqa Gadaa shananii, alangee shananii jedhee eebbifata. Alangee shanan inni jedhu Gdaan Oromoofi alangeen walitti akka dhufeenya qaban agarsiisa kunis, Alangeen seera tumuufis gahee olaanaa qabdu agarsiisa. Abbootiin Gadaa Oromoo Tuulamaa bara Gadaa isaanii Alangee qabatanii kan deeman yoo ta'u kunis aangoof bara gadaa isaanii ta'uu kan muli'isuudha. Manguddoon seera Gadaa, Gumaafi araaraa dubbachuuf alangee harakatti qabatu manguddoon alangee harkaa qabu dura hindubatan. Kunis alangeen fakkoomii haqa dubbachuu, murtii sirrii muruu kan agarsiisudha.

Qorataan Kamal Gammachuufi Getaachoo Dooyyoo irraa (16/06/2016) ragaa argateen Alngeen Oromoo Arsii biratti Safuu olaanaa qabdi Gurbaan fuudhaaf yoo bahu ulfaan harkatti qbatu keessaa tokko Alangeedha. Alangees kan qabatu meendhacha hoolaa Waddessa muruuf qalate irraa baassee harka bitaatti kaawwSate irratti hidhata. Harka mirgaatti waddeessa qabata. Sirna gaa'elaatin booda guyyan mana warra intala fuudhee ykn soddaa dhuqu jira sirn kun *alangee lamuu* jedhama.

Fakkoommin gurbaan fuudhaaf bahu alangee qabachuun gaa'elli kan raawwatamu gaa'ela seera uumaa Oromtichaa /seera ganamaa ta'uu kan muli'su, uumaa ganamaa seerri caffee murte irraa kan hingori ta'uu agarsiisa.

### 4.4.11. Haalluu Gurrachaafi Diimaa

Ilaalcha Oromoo keessatti haalluu gurrachiifi diimaan kabjaafi Safuu qabu. Kanaaf, uumman Oromoo sirnoota ayyaneefannaafi jiloota adda addaa keessatti yoo hirmaatu uffata haallu gurraachaafi diimatti dhimma baha kunis: uffata uummanni Oromoo dhiimmota sira ayyanefannaa dhiima itti bahan kuulli isaanii halluu gurraachaafi diimaan ala dhimma iiti hinbahan isaaniis gabatee armaan gadii irratti ibsamanii jiru.

| T/L | Maqaa ufataa | Qaama dhimma itti bahu | Haalluu Kuula |
|---|---|---|---|
| 1 | Ruufa | Abbaa Gadaafi Qaalluu | Gurracha /cuqulisa |
| 2 | Jaanoo | Abbaa Gadaa | Diimaa |
| 3 | Dibbiqqoo ateetee | Haawwan/haadholii | Diimaafi Gurracha |
| 4 | Qoloo | Dubaroota Ayyanntuu | Diimaafi Gurracha |
| 5 | Kutaa | Dubartoo Qaalluu | Diimaafi gurracha |
| 6 | Bullukkoo | Manguddoota | Diimaafi Gurracha |
| 7 | Qomee | Haawwan | Diimaafi gurracha |

Gabatee Lak.4 halluufi uffata Oromoo sirnoota ayyaana adda addaa keessati dhimma bahu.

Kun kan nutti agarsiisu Oromoo falasaamaafi ilaalcha inni haalluu / Colour/ dhaaf qabu kan agarsiis  yoo ta'u uummata halluu diimaan fakkoommii gootummaa tokkuumaa hidd dhalootaa hawaasichaa kan bakka bu'uudha.

Haalluu gurraachi fakkoomii qulqullina, haqummaa olantuumaa Waaqaa kan agarsiisudha. Oromoon Waaqa haalluu gurraachaan fakkeessa kanaaf yoo eebiifatullee *gurracha garaa garbaa  tokkicha maqaa dhibbaa  leemmoo garaa taliila* jedha.

Walumaa galatti haalluu gurrachiifi diimaan Oromoo biratti hiika qaban falaasamaafi ilaalcha isaa kan calaqsiisu yoo ta'u *diimaan* gootummaafi walitti hidhamiinsa hidda dhiigaa sabichaa kan agarsiisu yoo ta'u *gurrachi* olaantummaa Waaqaa quliqulinaafi haqaummaa aragrssisa.

### 4.4.12. Marga Lattu  /Saarddoo/

Margi ummata Oromoo biratti idoo olaanaa qaba. Jiruufi jereenya keessatti Oromoo bakka marga dhiima itti hinbaane hinjiru. Araara Waaqaatii hanga dhimmoota dhuunfaa namoota jiduu jiruutti marga qabatee raawwata. Waaqeeffannaaf irreessi marga, gaa'eela irratti Soddaan warra Soddaa harka fuudha, dur namoota qoricha aadaa namaaf kennan irreessa marga kennuuf, yeroo ammaas namoonni margafi maallaqa irrasa jechuun kennu,

Oromoon adaraa /amaanaa/ yoo walitti dhaamu cimsuu marga kutee harka kaayu kun hundi isaa, Oromoon margaf kabajaa qabu agarsiisa.

Taaboor Waamii, (2007) marga lalisaa ilaalchise akka ibsetti uummata Oromoo biratti margi magariisn mallattoo nageenyaafi badhaadhinaati. Hojii Waaqayyo hojjetef galata onnee irraa madde fulduraaf nagahaan jiraachuuf kadhannaa Waaqayyootiif dhiyaatudha.Margi araaraaf, ayyaaneeffannaa aadaatiif, hojii waliigalaa Siyaasa, diinagiddee hundaaf, kadhanaafi galata Waaqaaootiif mallattoo latiinsaafi badhaadhinaa kan ta'e marga qabachuun.

Mulugeetaa Nagaasaa (2014:167) marga ilaalchisee akkas jedha,"coqorsaa" is atype of grass wich may not dry in the dry season and its root is long and stretched on the ground. Hence, it is greenness symbolizes prosperity on the one hand. On the other hand its length is interpreted as as sign of continuity of generation."jedha.

Kana jechuun Oromoon ilaalchi maraga coqorsaatiif qabu kan agarsiisu yoo ta'u margi magariisummaan isaa hawwiifi latiinsa badhaadhina agarsiisa. Gama biraatin margi coqorsaa yeroo roobni hinjirre illee maraga akka salphaatti gogu miti, hundeen coqorsaa yeroo dheeraa gogiinsa dandamatee tura, coqorsi marga hundee dheera qabuudha. Kun immoo fakkommii ittii fufiinsa sanyii, jabinaafi latiinsa agarsiisa.

Qorataan manguddoo  Leencoo Jiloo (19/06/2016 ) gaafiifi deebii gaggeesseen Margi Oromoo Biratti iddoo olaanaa qaba margi jireenya lubbuu qabeeyii lafa kanaaf madda jireenyaat. Margi uumama uumaan madda jirenya uumama birootiif bu'uura taasisee uumeedha. Margi osoo jiraachuu baatee lubbuun kamiiyyuu hinjiru kanaaf, Waaqayyo marga uumama jireenya kanaaf madda jireenyaa taasisee uume waanta'eef marga qabatanii yoo Waaqa kadhatan Waaqayyoo namaaf dhagaha. Oromoon uumama qabatee Uumaa isa kadhata.

Manguddoon Oromoon ijoollee biratti yoo waan dubbachu hinqabne dubbachuu fedhan Waaqa *ijoolleef  Marga qabe* jedha;  ijleenis manguddoota biratti wanta dubatamuu hinqabne dubbachuu yoo fedhan *Waaqa abbootiif Marga qaba* jedhanii hoofkaltii gaafatu. Kana jechuun, Safuu cabseef marga qabtee dhiifama Waaqayyo gafachuu agarsiisa.

Kana irraa hubachuun akka danda'amutti margi mallattoo latiinsaa ittiifufinsaafi badhaadhinaa guddinaatifi araarati. Margi kennaa Waaqayyo addunyaa tanaaf jireenyi akka itti fufu kenneedha. Kanaaf margi ulfinaafi *Safuu* olaanaa qaba.

### 4.5. Safuufuu Fuudhaafi Heerumaa

H/Ahimad Dheekkoo (19/02/2016) qorataaf ragaa kennaniin Fuudhaafi Heerumni adeemsa dhiirri tokkoofi dubartiin takka bultii waliin ijaratanii waliin jiraatanii ijoolleefi qabeenya waliin horatandha. Hawaasin tokko adeemsa maatii horachuu kana sirnaafi dhuudhaa ittin raawwatu qaba. Uummanni Oromoos sirna fuudhaafi heerumaaf ilaalchi inni qabu olaadha. Gurbaan fuudhaaf bahu miinjee /jaala/ kadhatee warraafi gosaan eebifamee muudamee mana waraa isaat baha; warra intalaatti muudameefi eebbifamee haadha warraa fuudhee yoo galu simatamee rakoo qalee sirna warroomii raawwata. Mucaan fuudhaf bahe kallacha /Waddeessa / jedhama. Kallacha karaa hinqaxxamuran, ala hinbulu yoo bule wareega malee hinbulu, nisafeeffatu hoofkali jedhanii eebbisu .

Tarruu Unguree, (2015:107) gaa'ela ilaalichisee akka armaan gadiitti ibsee jira.

> *Gaa'eelli badhaasa uumaatti. Dargaggeessi gahe fuudhuun dubartiin geese heerumuun uumama. Walfuudhanii maatii hundeessun waliin jiraachuu qabu. Dhiirri tokko niitii mataa isaa, dubartiin takkas dhirsa mataashii qabaachuun waan gaaridha waliinis jalalaafi gammachuun jiraachu qabu.*

Akasumas, Dirribii Damissee, (209:82) waa'ee gaa'elaa yoo ibsu immoo:

> *Akka aadaa Waaqeffannaatti gaa'ela jechuun fuudhaafi heeruma ilma nama gaa'eefi intala geesseti. Bua'aan gaa'elaa jireenya walgargaarsaa walgammachiisuufi dandeettii itti fufiinsa diroo sanyii namaatti. Dhiiraafi dubartiin seeraan wal fudhanii akka jaalalaan waliin jiraatan Waaqqeffataan nijajjabeessa. Yaadaafi qabeenyan illee nitumsa. Gaa'eela isaanis ni'eebbisa*

Kana irraa kan hubannu gaa'elli hagam Oromoo biratti kabajamaafi ulfina olaan akka qabuudha. Ga'eelli itti fufiinsa dhalootaa waan ta'eef namni kamiiyyuu gaa'ela yoo raawwatu ga'eelli isaa akka milkaawu ni'eebbisu, gumaata kennuf, guyyaa ga'eelafi sirni gaa'elaa kabajamaadha ulfina kallachaafi Waddeessaa waan qabuuf karaa hinqaxamura malkaas dura hince'an Safuudha.

### 4.5.1. Safuu Gaa'ela Fira Dhiigaa

Qorataan manguddoota godina Gujii Canaa Adoola, Gannaalee Malloo, Waajjii Halakee, (16 /02/2016 ) irraa ragaa walitti qabateen, fuudhaafi heerumni Oromoo Gujii yoo rawwatu Safuu eeggamu keessaa inni duraa fincaan /gosa/ lakkaaya. Gujiin gaa'ela fira jidduuti hinraawwatu. Gujjiin balbal torba qaba kanaaf Gujiin *balbla* isaa keessa hinfuudhu. Balabala isaa keessaa yoo fuudhe *Koobaa* jedhama. Dhalli Koobaa dhalate hir'ina qaamaa waliin dhalachuu danda'a. Gaa'eelli fira dhiiga jiddutti raawwate *Safuu kan cabse* waan ta'eef dhaalli gaa'ela akkana irraa uumame *niqurcaa'a.*

Qoratan godina Arsiitti, mangudoo Fatoo kaawoo,(10/06/2016 ), Gannaa Fayyisoo, Mareenaa Heennekaa ,Asaffaa Warquu (12/06/2016), Getaachoo Dooyyoo, Kamaal Gammachuufi Tashoomaa Yaamii (16/06/2016), Daadhii Dabalee ( 15/06/2016), Lencoo Jiloo (19/06/2016 ) irraa ragaa sassabeen

Oromoon fuudhaafi heeruma raawwachun dura qorachuun akka dursu, qoraachuun intalli gurbaa fuudhu waliin gaa'ela raawwachuuf firummaa dhiigaa jiraachuu dhabuu mirkaneeffachuu yoo ta'u, Oromoo Tuulamaa godina Arsii jiraatanitti gaa'elli kan raawwatu fira dhiigaa *abbaa turban* booda. Ga'eelli abbaa torbaan asti raawwate *haaraamuu* ta'a. Dhalli haaraamuun qaama hir'uu ta'uu danda'a *Safuun waan cabeef niqurcaawu*. Oromoo Arsii biratti gaa'elli gosaa Abbaa keessaa raawwachuun hineeyyamamu ga'eeelli gosa jiddutti raawwatu abaramaafi jibbamaadha.Yeroo dhiyoo asitti garuu *sababa amantaatiin gaa'elli firri dhiigaa dhiyoo jidduutti* raawatamaa jira.

### 4.5.2. Safuu guyyaa Gaa'ela

Guyyaan gaa'eelaa Oromoo biratti kabajamaadha. Kabajaafi ulfina ga'eelatiif firaafi hiriyyoon gumaata kennu. Gaa'eelli yoo raawwatu safuufi waan safeeffatamu qaba. Gaa'ela safuufi duudhaa hineeginne hawaasa biratti fudhatama hinqabu.

Qorataan manguddoo Gujii Canaa Adoolaa, Waajjii Halakee, Gannaalee Mandhoo (17/02/2016), Dabboo Soorsaa (16/02/2016) irraa ragaa walitti qabateen gaa'eelli tokko eebbifamadha / Safuu Oromoo eege/ kan jedhamu intalli herumtu *Siinqoofi Mijuu Ciicoo* qabatee warra isheetiin eebiftame yoo baateedha.

Fuudhaafi heeruma Oromoo keessa tokko hawada yoo ta'u, fuudhaafi heeruma fedhii intalaafi gurbaa qofaan raawwatuudha. Intalli hawadaan heerumtu oso gurbaa itti heerutu waliin hindeemin siinqeefi ciicoo dhoksan qopheeffatti, gaafa hawada deemtu Siinqee qabattee ciicootti aannan mijuu fudhattee yoo deemte gaa'elichi akka aadaa Oromoo Gujiitti ga'eela sirnaatti eebbifamadha. Haata'u malee; intala siinqeefi cicoo osoo hinqabanne yoo deemte gaa'lli hawadii osoo hintaane akka butii ykn gurbaan fuudhate dirqisiisee fuudheetti waan fudhatamuuf akka aadaa Oromoo Gujiitti kormaafi goromsaan nama adabsiisa. .

Qorataan Fatoo Kaawwoo(10/06/2016), Mareena Hennekaa, Ganaa Fayyisoo, Asaffaa Warquu, Askkaalaa Sassabaa (12/06/2016), Getaachoo Dooyyoo, Kamaal Gammachuu, Tashoomaa Yaamii, (14/06/2016 ), Daadhii Dabalee (15/06/2016 ), Leencoo Jiloo (19/06/2016 ) iraa ragaa walitti qabateen *safuu* guyyaa gaa'eelaa akka Oromoo Arsiitti intalli takka yoo herumtus ta'ee gurbaan fuudhu *Safuun* guyyaa gaa'eela eegamuu qabuuf gaa'elli sunis eebbifamaa kan ta'u yoo intalli *Siinqeefi Baarree qabatee shanoo shanachaananii*fi *matiin muudamtee eebbifamtee yoo heerumteedha*. Siinqee kennaa haati intaalaaf kennitu yoo ta'u, *baarreen aannanii guutamee mijuu intalli heerumtu qabatee baatu.* Intalli Siiqqeefi Mijuu baarree hinqabinne akka Oromoo Arsiitti *Safuu gaa'eela* hinguunne jedhama. Gurbaan fuudhus Waddessa muratee, alangee qabatee, firaan eebbifame, muudamee jaala /shanoo shananii/ dabalmee fuudhee yoo gale rakoo yoo qala. Dhirri fudhee galee rakoo qaluu dirqama. *Siiqqeen* fakkoomii itti fufiinsafi seera uumaatti, *mijuun* ciicoofi baarree gaa'elli eebbifamaafi guutuu ta'uu,

Oromoo Tuulamaa godina Arsii jiratan biratti gaa'elli tokko seera / Safuu/ guuttee raawwate kan jedhamu inttalli heerumtu *gundoo dhandhamaa* fudhattee maatiin eebbifamtee yoo herumtedha. Gundoo dhandhamaa foon dhandhama hoola rakootu irratti dhiyaatee nyaatamu yoo ta'u, Intalli gundoo dhandhamaa hinqabinne *Safuu* gaa'eelaa hinguuttu. *Gundoon dhandhama* fakkoommii gurbaafi intalli waliin gaa'ela raawwatan maaddi tokkotti nyachuufi lama isaani tkko ta'uu agarsiisa

4.5.2.1.**Safuu Rakoo**

Rakoon sirna guyyaa gaa'eelaa mana gurbaa fuudhuutti raawwatamuudha. Rakoon sirna warroomii yoota'u gurbaa fuudhuufi intalli heerumte nama guutuu ta'uufi warroomuu isaanii sirna mirkaneessudha. Rakoon fuudhaafi heeruma Oromoo keessatti sirna olaanaa *Safuu* qabuudha.

Rakoon walqabatee Mulugeetaa Nagaasaa (2014: 67) yoo addessu akka armaan gadiitti kaayee jira.

> *In Karrayyu the arranged marriage ceremony is known as "rako".Rako refers to the rites of separation or the stage of transformation of the married woman from her family hood to her husband. In the other words the rite of rako is considered as assimilation of the natural family and clandhood. It is also a symbal of typing as two in one category*

Kana jechuun rakoon sera warroomii dubartii warra ishee irraa baatee karra warra abbaa warraa isheetti makamuu mirkaneessfi fakkoomii abbaan warraafi haati warraa lamman isaanii tokko ta'uu agarsiisudha.

Qorataan manguddoo Fatoo Kaawoo (10/06/2016) Gannaa Fayyisoo Asaffaa Warquu (12/06/2016), Tashoomaa Yaamii (16/06/2016), Dhaadhii Dabalee (15/06/2016), Leencoo Jiloo 19/06/2016), Haaji Ahimad Dheekkoo (19/07/2016) irraa ragaa walitti qabateen; rakoon kan qalamu hoolaa dhalteefi umriin guddoo yootaatu, guyyaa gaa'eela hamaammonni intala fuudhee akkuma galeen osoo idayyaan mana warra gurbaa ol hinseenin, karraa irratti gurbaan qalee dhiiga intalaan qabee gara mana ol olgalu. Hoolaann Rakoof qalamtu qaamni isaa guutuu ta'uu qaba. Kana jechun gurri, gaafafti, ijjifi eegeen kan hinhir'anne jechuudha.Wariin qaama hir'uufi hindhalle qaluun *hineeyyamamu*.

Dhalli haadha warraa rakoo hinqabinne irraa dhalate sirna Gadaa keessatti hirmaachuu ykn miseensa Gadaa abbaa isaa ta'uu hindanda'u. Ilmi niitii rakootiin alatti dhalates ta'ee niitiin rakoo hinqabne safuu hinguutan. Haadha warraa rakoo hinqabinne irraa Foolleen gamma hinnyaattu. Abbaan warraa niitti rakoo hinqabne Caffee godaanee seera warabbachuus ta'ee seera Gadaa gahuu hindanda'u. Abban manaa haati warra rakoo jalaa duutee dubartii biraa yoo fuudhe miinjee bulchee, rakoo yoo qalee malee, sirna Gadaa

keessa hulluquu hindanda'u. Dhiirri niitii gursumaaya, rakoo nama biro jaalatee ykn fuudhee ijoollee iraa yoo argate hamma miinjee bulchee rakoo hinqalletti ijoolleen seera abba dhalchee guutuu hindanda'an, ijoolle dhalatan sun seerri isaanii kan abbaa dhalchee osoo hintaane kan nama haadha isaanitti rakoo qale sanaati. Akka seera Oromticha ganamaatti namni rakoo qale ijoollee rakoo isaatiin dhalatan gudeedan dhalchuu yoo baatillee miraga guutuu ijollee sana fudhachuu qaba. Foon hoolaa rako luka mirgaa qofa hanbisuun kan hafe waaddamee madhaan gurbaa fuudheefi idaayyitti guddoo dhandhaamaa irratti dhiyeessun hamaamonniifis hirmaatton gaa'elaa akka nyaatu taasifama.

Foon hoolaa rakoo namni hundi nyaachuu hindanda'u. warri miinjee, Obbolaawwan warra miinjeefi namoon gurbaa fuudhee rakoo qaleef ilmootti oolan foon rakoo nyaachuu hineeyyamamuuf. Sababni isaas rakoo obboleetiifi rakoo haadhaa nyaachuun akka seera Oromoo hineeyamamu waan ta'eef. Namni foon rakoo akka nyaatu hineeyamamneef yoo nyaate niraata'aa jedhama.

Akka Oromoo Arsii gosa tokko tokko biratti  foon hoola rakoo kan nyaatan dubartoota. Kanas warii anfal laafoo qalame anfal laafootu nyaata jedhu. Rarkoo dubartti qalame dubartootumatu nyaata jechuudha.  Anfal laafuu jechuun dubartoota jechuudha.

Sirni rakoo seera ulfaataafi sirna fuudhaa heerumumaa *miraga Oromummaa* argachuuf murteessaa ta'uudha.  Abbaan warraa hadha warraa miinjee bulchee rakoo hinqaalle sirna Gadada keessatti Gadaa hulluquu (gamma foolleef keenu, seera barcumaa gahuu, Caffee godaanuufi kkf) raawwachuu  hindanda'u. Haati warraa rakoon itti hinqalamne nitii seer kan Oromtichaa ta'uu hindandeessu, Foolleen gamma harka ishee hinnyaatu guyyaa abbaan warraa ishee seera barcumaa taa'u malkaa bu'uu hindandeesu.

Ilmi rakoo malee dhalate seera hinguutu sirna Gadaa keessatti mirga miseensa Gadaa abbaa isaa ta'uu hindanda'u kanaafuu, rakoon Oromoo birtti sirna Olaanaafi *Safuu* Sabummaa dhaloota gonfachiisudha jechuu dandeenya.

Fakkoomii hoolaa rakoo qalamtuu qaamni ishee guutuu ta'uun ga'eelli raawwate guutuuf kan hir'ina hinqabnne ta'uu agarssisa. Hoola dhalteefi umriin turte qaluun intallifi gurbaan ijoollee akka waliin horan, umrii dheeraa akka waliin jiraatan hawwuufi ibsuu

agarsiisa. Foon hoolaa luka mirgaa irraa murame irratti harmii akka tufamu taasifamuun isaa, abbaan warraa yeroo hundaa kallattii miraggatti fakkeefama, yoo rafullee kallatii mirgaan kan rafu yoo ta’u lukinni gara mirga namni rakoo qale abbaa warra ta’uu mirkaneessitti.



**Suuraa Lak.11.** Gaa’ela godina Arsiis aanaa Heexosas ganda Goondee Fincamaati raawwate gurbaan fuudhee mana warraatti galu agarsisu. Madaa qaorataan bilbila Samsung fayyadamee kaase 02/05/2016



**SuuraaL.K.12. (**02/05/2016) Sirna rakoo yoo raawwatu godina Arsii aanaa Heexosaa ganda Goondee Fincammaa madda qorataan guyyaa (02/05/2016) bilbila moobayilii SAMUNG fayyadamuun fudhate.

#### 4.5.2.2. **Safuu Harimii**

Harmiin sirna fuudhaafi heeruma keessatti sirna minjoonn raawwataniidha. Harimniifi sirn rakoo walqabataadha. Rakoon qalamu malamee harimiin hintufamu. Harimiin kan tufamu guyyaa ga'eelaa bariidha.

Qorataan manguddoota Asaffaa Warquu (12/06/2016), Tashoomaa Yaamii, (14/06/2016), Daadhii Dabalee (15/06/2016 ) irraa ragaa argateen: harmii jechuun hararaama jechuudha. Kunis lagachu kan mul'isuudha. Harmiin sirna warri miinjee guyyaa gaa'elaa ganama raawwatan yoo ta'u, kunis osoo fincaan hinfincaa'in akku hiriibaa ka'anii raawwatama. Sirnich kan raawwatu, foon luka mirgaa hoolaa rakoo bule irraa muraa xixinnoo saddeet muruun qopheessu. Kana booda misirroon /idaayyaan/ diriirfattee teessi; minjoleen lachu miila isaanii miila idaayyitti irra diriirfatu; ittaansuun, foon murame ganaa/ barruu harkaa idaayyaa irratt naquun manguddoo tokko sirnicha akkana jechuun raawwachiisa. "Haram, haram, *gudeeda kee yoon xureesse, harma kee yoon annan hinbaasine an ilma haramati"* jedhanii kakachuun miinjjee hangafa irraa eegaluun si'a afur afur foon barruu harka idaayya irratti tufuun raawwata.

Warri miinjee warra harmii jedhameetti waamama. Miinjeen obboleessa harimiti. Intala harmii tufeef san akka obboleetti isaaniitti ilaala. Yoo obboleettii isaatiin qixa hinilaalle cubbuudha.Warra harmii jidutti fuudhafi heruumn hinraawwatamu *Safuudha.*

Harimiin siran gaa'elaa keessatti *Safuu* miinjeefi maatii ga'eela rawwatn jiddu jiruudha. *Sirn harmii tufuu* rakoon walqabachuun isaa sirni rakoo gaa'ela keessati walitti hidhamiinsa *firumaa dhiigan hinturre dhiiga rakootiin walitti hidhuudha*. Firummaan Warra miinjeetifi warri gaa'ela raawwatanii *Safuu* harimiitiin kanaan eegama jechudha. *Safuun harimii* Oromoo biratti iddoo olaanaafi kabajaa gudaa qaba.

Oromoo Arsiitti, biratti jaalli /miinjeen gosa lama yoo ta'u jaala *kooraatiifi jaala masakkituu* jedhama. Jaalli lachuu fira dhiyoo gurbaa fuudhuu ta'uu qabu malee namuma barbaadan jaala hintaasifatan. Jaalli kooraa gurbaa fuudhuf *abbaatti* nama ooluufi jaalli masakkituun gurbaa fuudhuuf *ilmatti* kan oolu yoota'u Warri jaalaa maqaan wal hinwaamuun Safuudha. *Jaaloo* jedhanii wal waamu. Jechi jaaloo jedho jecha jaalaa jaaltoo godina Booranatti dhimma itti bahamuun walitti dhufeenya hinqabu. Jaalli akka

Oromoo Arsiitti safuudha. Kunis, namoota guyyaa gaa'elaa miinjee ta'an fira dhiyoo gurbaa fuudhuuti.



**Suurra L.K.13.** Sirna harmii tufuu yoo raawwatamu  aanaa heexosaa Ganda Gondee finacama  madda qorataan guyyaa (03/05/2016) kan kaameeraa soonii tiin fudhatme

## 4.6. Safuufi Hoodachu.

Safuu Oromoon keessaa tokko Safuu hoodachuutti. Hoodachuun lagachuudha.Taaboor Waamii, (2007:211) hooda ilaalchisee akkas jedhuun ibsa. "Oromoon firoonni dhiyoo kan akka abbaa, haadha, obboleessaafi obboleetti yoo du'ellee sirana awwalaan booda fedhii Waaqati jedhanii waan aamananiif gadda hinbaay'isan uumaa hinquuxessani" jedha.

Qorataan dhimma Safuu hoodachuu ilaalchisee, manguddoo Gunnee Rogaa, Girjaa Godaanaa (16/02/206), Jiloo Mandhoo (14/02/2016), Daadhii Dabalee (15/06/2016) Tashoomaa Yaamii (16/06/2016)fi Leencoo Jiloo (19/06/2016), irraa ragaa walitti qabateen Oromoon dhimmoota Safuu ta'an maqaa hinwaaman nilagatu /niteedatu/ sababni isaa afaan namaa waliin deema jedhanii waan yaadamuuf. Yoo lagatan wanti hamtuun sun nama lagata jedhanii waan yaadaniif. Nuti silagannee atis nulagadhu jechuuf. Arrabni namaa waanti waamu dansaa miti, "*kan arrabin dhalchu Korm hindalachu",* "*Warra nagaa sanumatu/ nagumatu gaha*." Jedhu.Yoo hoodatan rakoon ykn balaan nama hoodata waan ta'eef. Oromoo jirenyi isaa fedhii Waaqati jedhee waan amanuuf wanta hamtuu hoodachuun aadaa isaati.

Kana irraa kan hubannu hoodachuun wantti hamtuun sun akka nama hingeenye lagachuu yoo ta'u, hamtuunis yoo dhufte fedhii Waaqat jedhanii fudhatama, sababni *Waaqa quuxessuun* safuudha. Arrabni nama Safuu qabuu waan hamaa nihoodata, "*kan arrabni dhalchu kormi hindhalchu"* inni jedhe Safuu arrabaan yoo cabsan nama qaqabu agariisa."Warraa nagaahaaa sanuma gaha" kan jedhus wanta garii hawwuun, gaarii argachuuf nama garaara jedhamee waana amanamuuf *hamtuu hoodachuun* gaarii hawwan dubbachuun Safuu seera Waaqqaa eeguuf.

### 4.6.1. Safuufi Hooda, Hormaataa Namaa

Manguddoo Daadhii Dabalee (15/06/2016), Kamaal Gammachuu (14/06/2016) ragaa qorataa kennaniin Oromoon hormata namaaf kabaja olaanaa qaba. Yoo wal eebbisu namaa sa'aan horaa, horaa bulaa jedha. Kun kan namatti agarsiisu ilaalcha Oromoon hormaata namafi sa'aa qabu kan agarsiisudha. Oromoon ijoolleef Safuu qaba, *ijoollee qabu hinlakkayu* Safuudha. Yoo, lakkawun dirqama ta'ellee "*Waaqin najalaa hinlakaayin"* jedhu malee callisanii ijoollee isaanii hagana jedhanii namatti hinhiman. Ilmoofi qabeenya Waaqatu namaaf kenna jedhama. Namni martuu akka dhala qabaatu barbaadama kan dhala hinqabne sirna gudiffachaatin dhala aakka qabaatu taasifama, nama dhala hinqabne guddiffachaa yoo gafate dhoowwachuun hindanda'amu, dhala kana namaa kennu Waaqa waanta'eef dubartii hindeenye Kallchaafi Caaccuu baaftee guddifatti. Dubartii hindeenye Safuu qabdi jecha *dhabduu* jedhuun waamamti, hindeessu ykn maseena jechuun hooda.

#### 4.6.2. Safuufi Hooda Hormaata Qabeenya

Manguddoo Gunnee Rogaa, Girjaa Godanaa (14/02/2016) Qabeenyi hooda qaba, qabeeyaan boonuun Safuudha. Sababani, isaa qabeenya kan namaa kennu Waaqayyo waanta'eef nanqaba jedhanii boonuun uumaa quuxessudha. Yoo safan uumaa mufachisuudha, kan rakkate gargaruun hirphuun aadaadha.

Qabeenya loonii qabu lakkayuun hooda, Oromoon loonfi bushaayee moonan yoo ta'e malee hinlakkaayuu, kana jechuun loon moona tokko, hoolaa ykn re'ee guuruu tokkoykn lama qaba yoo jedhee laakkaaye malee, afaan namaa waliin hamtuu lakayaa jedhamee waan yaadamuuf qabeenya belaadaa lakkaayuun hooda. Kanaan walqabtee loon kan horsiisaniif faayidaa irraa argachuuf fayidaa loonii keessa tokko aannan irraa elamachuu yoo ta'uu hooda Oromoon looniif qabu keessa tokko elmaa loonitti. Loon hanga fedhellee yoo baya'atan elmanii yoo raawwatan elmaa *raawwanne, geessine ykn xumurretti* dhimma hinbahan jechoonni kun jechoota abdii gara fuul duraa elmaachuu hinqaban. Kaaaf, jechoota kan hoodachuun *elmaa dheeressine* jedhu. Dheerssuun abdii gara fuulduraa kan qabuudha.

Oromoon hiyyuummaa nihoodata, hiyyoome hinjedhu, yoo rakkates rakkadhes jedhee nama hinkadhatu, hiyyessa jedhees nama hinwaamu, safuudhdha, dur Oromoon yeroo safuu ganaamatiin bulaa turetti akkuma kan dhala dhabde ykn dhabe Guddifachaan ilmoo kennuuf, kan qabeenya dhabeef *nihirphu*. Nama qabeenya hinqabnes hiyyeesa jedhu hoodachuu jechoota dachatti dhimmaa baha. Fkn. Hiyyeessaf *harka qaleess*, rakaate ykn rakattef *harkatu gabaabatetti* dhimma bahu.

Inni biraa, qabeenya loonii ykn bushaayee qaban yoo *badan ykn milqan* badana hinjedhamu, hooda. *Badan* jechuun jecha ulfaatadha, abdii hinagarsiisu kanaaf qabeeny qaban keessa kan jala miliqan, badan jedhanii yaamuu hoodachuu, jechoota abdii qabanitti dhimma bahama. Fkn. jabbilee yoo badde *jabbilee badahaane* , hoolonni yoo badde *hoolota badhaane* jedhama

Kana malees wantoonni jireenyaaf murteessa ta'aniifi milkii gaarii qaban, kan akka bishaanii, bunaafi aannanii safuufi hooda qabu. Mana keessa yoo dhuman dhuman jechun hooda, sababni isaasa jechii dhume jedhu jecha abdii hinqabne hoongee waan

ta'eef faallaa jecha dhume jedhuu kan abdii qabutti dhimma bahama. Fkn. *bishaan barakate, bunni barakate, aannan barakate* jedhama.

### 4.6.3. Safuufi Hooda Ibddaa

Akka mangudoon Tashoomaa Yaamii (14/06/2016), Leencoo Jiloo (19/06/2016), H/Ahimad Dheekoo (19/07/2016) qorataatti himanitti Ibdii jireenya ilma namaatiif guddina addunyaa teenyaaf faayidaa inni buuseef tajaajilli isaa olaanaadha. Ibdi Oromoo biratti kabaja olaanaa qaba. Ibdi yeroo ga'eela wajin walqabatu jira. Intalli takka heerumte jechuuf *ibddi baheef*, intala durbaa haati ateete yoo itti facaastu *ibdi kee tokkotu loon kee kuma jedhu.* Haata'u malee, ibdi akkauma faayidaa qabu midhaan inni geessisu hamaadha. Miidhaan ibdi qabeenya, lubbufi qaama nama irraan gahu akka aadaafi duudhaa Oromootti nihoodatama. Manni yoo gubate qabeenya keessa jiru gubachuun ala luubbuufi ulfaawwan safeeffatamanu keessa gubatu kanaaf Oromoon ibdaaf safuu qaba.

Akkasumas, gubaan ibdaa suukaneessadha. Kanaaf, Oromoon ibdaan gubachuufi manni gubate jechuu safeeffachuufi hodachuun; *Manni gabbate /mana bishaan keessa yaa'e* jedhu.

Jechi *Manni gabbate* jedhu faallaa badii ibddan gahuu lagachuun jecha hawwii gaarii agarssisu yoo ta'u, bishaan keessa ya'uun fedha wantaa gaari kan badii ibdaan gahu hanbisuudha. Balaan ibddan gahu badii hamaa yoo ta'u, kan hawwamu garuu faalla isaa gabbina manatti. Gabbachuun manaa, qabeenyi jiraachu bal'achu agarsiisa. Balaa ibddi geessisu bishaantu hanbisa, balaa hoodachuun mana bishan keessa yaa'uun hawwii abdii gaarii balaa abdaan gahu lagachuut.

Gama biraaatiin, ibdaan gubachuun sukaneessaa waan ta'eef balaa sukaneessa kun namaafi bineessota irra gahu hoodachuun jecha *danda'uu* jedhutti dhimma bahu. *Danda'uu*n gocha jiidhaa ykn bishaaniifi biyyeen yoo sibiilaan wal argatan kan uumamaudha. Kanaaf, balaa sukaneessa ibddan gubachuu qaqqabu hoodachuun namaafi bineessonni ibdaan yoo gubatan, *jecha gubate* dandaa'e *jechdu*.

### 4.6.4. Safuufi Hooda Madda Bishaanii

Bishaan Oromoo biratti hiikaafi Bu'aa heddu qaba. Bishaan milkii gaariitti ilaalama. Bishaan malee lubbun jiraachuun hindana'amu. Kanaaf, Oromoon bishaaniif ulfinaafi *Safuu* guddaa qaba. Kana ilaalchisee manguddoon Gunne Rogaa, Girjaa Godaanaa (16/02/2016), Daadhii Dabalee (15/06/2016) qorataaf ragaa kennaniin, bishaan dhabame jechuu nihoodatama. Kanaaf, rakkoon dhabamuu bishaanii hoodachuun jechoota hawwiifi fedhee bishaan jiraachuutti dhimma bahu. Isaaniis laginn, eelli, burqaan yoo bishaan keessa dhabame jecha goge jedhu lagachuun, lagnni madde, eelli madde, harri maddefi burqaan madde isa jedhutti dhimma bahu. As irraa kana hubachuu dandeenyu, goguufi madduun waliif faallaadha kunis *gocha badaa qaqqabe, hawwii gaarii, gocha hinjirren*, bakka buusuun hooda Oromoon maddeen bishaanii kanaaf qabu agarsiisa. .

### 4.6.5. Safuufi Hooda Du'aa

Akka manguddoo Girjaa Godaanaa (16/02/2016), Tashoomaa Yaamii (15/06/2016), Fatoo Kaawoo, (12/06/2016) Oromoon du'a nihoodata. Namni dhalate guddatee, maatii horatee, dullomee du'a uumamaa akka du'u ni'amana ni'eegamas. Haata'u malee, Oromoon du'a bifa lamaan ilaala "*du'a akkaafi du'a akka malee*" duuti akka seera uumatti jedha; *du'a akka malee niteedata /nihoodata/ duuti akka kan ilmoo abbaa ykn haadhaf boosee awwaltu yoota'u duuti akka malee du'a haattifi abban ilmoo ofiif boohanii awwalaniidha*. Duuti akka hinhafinne nibeekama garuu du'a akka malee isni haalagu jedhee wal eebbisa. Oromoon du'a akka malee akka hingeenye hawwa malee yoo geesses gadda baa'isee Waaqa hinquuxessu, haata'u malee, du'aaf hooda armaan gadii qaba.

Isaanis: daa'ima Osoo haati /deessuun/ ulmaa hinbahin duute duute jechuu nihoodata. Daa'ima Waaqatu namaaf keena, fedha Waaqati jedhee amana kanaaf du'a daa'ma akkas *daa'imti deebte* jedha. Hiikin jecha deebte jedhuu bakka dhufStetti jechuudha. Kana jechuun da'iimti kennaa Waaqati borus abdii namaaf kenna jedhu of keessaa qaba.

Manguddoon umrii dheeraa jiraate du'e du'e jechuun hooda du'a manguddoo *boqate jedhu*. Boqachuun hojii dhaabuu afuura fudhachuudha. Manguddoon yoo du'e boqonnaa irra jira hincarraqu jechudha.

Abbaan Gadaa hooganaa biyyaatti namni biyya hooganu carraaqqii hedduu qaba, Abbaan Gadaa dhimma hawaasaa, dinagdee, Siyaasaa, nageenyaa, walumaa galatii wa'ee ummata isaa, biyyaaf hawaasa naannoo isaatiif itti gafatamummaa heduu qaba. Itti gafatamummaa kana bahuuf halkanii guyyaa hojjechuu gaafata halakan, yoo hojjetan hirriba malee buluun gursa / qurcaa/ buluun jira. Namni hirriiba malee bule guyaa itti aanu yeroo muraasaf boqachuu qaba namni dhimmaaf yoo isa barbaade eda qorcaa bule dadhabee jira jedhanii beelama biraa qabu. Kanaaf Abbaan Gadaa yoo du'e jecha du'e jedhu hoodachuun *qoracaa bule jedhu* hirriba malee bule amma rafe, yaada jedhu of keessa qaba.

Qaallun sirna Gadaa keessatti, qaama uummata karaa afuuraa Waaqaa, kan eebbisu gorsu yoo ta'u; qaalluun muudama namaan kennamu osoo hintaane Waaqa irraa kan kennamedha. Qaalluu yoo du'e gara ilmaatti kan darbuudha. Qaalluun uummata karaa afuuran tajaajila guyyaa ykn ayyaana lakkawu, uummanni safuu akka eegu, yoo safuun cabe akkamtti akka qulqulaawan gorsa. Oromoon dhaabbanni /Institution/ kun kennaa Waaqayyo isaniif kenne jedhannii waan fudhataniif *qaalluun du'e jechuun hooda*.

Dhaabatichi baduu dhabamuu kan agarsiisa waan ta'eef jecha *du'e jedhu hoodate,* kan *hirkate* jedhutti dhimma baha, hirkachuun ta'uu hindanda'u, adda isaa dhaabachuu hindanda'u jechuu yoota'u; kunis qaallichi jira garuu ilma isatti darbuu kan mul'isu.

### 4.6.6. Safuufi Hooda Lubbuu Namaa

Akka ragaa manguddoota Abbaa Gadaa Gambeella Bariisoo (13/02/2016) Canaa Adoolaa (20/02/2016) Oromoo biratti lubbuu namaa balleessuun Safuu ulfaatadha. Namni lubbuun namaa beekaa balleesuun akka seera Gadaatti yakkamadha. Mirga aangoo goggeessa gadaa keessati kennamu fudhachuu hineeyyamamuuf. Agallaa ykn Galma Gumii Gadaa seenuu hindanda'u.

Qorataan daawwannaa (13-21/02/2016)Ardaa Me'ee Bokkootti gaggeessee ragaa argateen Yuubni /Hayyoon/ seera yoo lallaban *namni nam ajjeese ykn cabbii qabeefi Leenca ajjese* Agaalla seenuufi gumii Gadaa taa'uu hindanda'u. Kana jechuun namni nama ajjeese safuu waan cabseef mirga sirna gadaa keessatti hirmaachuu sarbamuu isaat.

Oromoon nama ajeesuun qofti Safuu osoo hintaane jecha *nama jajjeese* jedhu fayyadamuun *Safuudha nihoodata*. Nama nama ajjese *harkatu xuraaye*, namat harkatti bade, *harakatu danaaye*, *harkaan cabbii qabe* jedhame waama.

*Harkatu Xuraaye*: jecha kun hiikni isaa harki qulqulluu miti, xurii qabaachuu mul'isa. Xuriin kunis dhiigaafi lubbuu namaati. . .

Kanaaf, namni lubbuu namaa balleessee harki isaa dhiigaafi lubbuu namattin xuraaye akka aadaa Oromittichaatti sirna Gumaatin yoo hinqulqulloofinne jireenya hawaasummaa keessattis ta'ee sirna Gadaa keessatti, hirmaachuu mirga hinqabu.

*Harkaan Cabbii qabe*: akka manguddo godina Gujii Canaa Adoolaa (17/02/2016) qorataatti himanaitti nama Lammi isaa ajjeesse (Gujiin Gujii yoo ajjeese) yoo ta'u harkatu xuraaye jechuun nama lubbu namaa baleesse akka waliigalaa jechuudha.

### 4.6.7. Safuufi Hooda Guurraafi Ijaa

Ilmi namaa dhalatee umriin isaa akkuma turaa deemuun qaama miiraa isaa dadhabaa deemaa ykn balaafi miidhaa tasaatiin miidhamuu danda'u. Qaamonni kun immoo jireenya namaa keessatti murteessodha. Namani qaama miiraa guutuu hinqabinne guutuu miti akka fedhetti hojetee, bobba'ee galuu hindanda'u kanaaf, qaammonni miiraa kun yoo miidhaman, akkasumas sababa dulumaatin tajaajila kennan yoo dhaban yookan dadhaaban safuufi hoodaa ittin waamamuu qabu. Ragaa qorataan manguddotaa Jiloo Mandhoo (14/02/2016) Canaa Adoolaa (19/02/2016) Ijji arguu yoo dadhabde ijji *bad ykn jaame* jechuun hooda, *ijji itti guddatte ykn ijji qara* jedhama. Hiika jechoota *Ijji itti guddateefi Ijji qara* jedhu kallattiidhan irra caala ykn sirritti arguu of keessa qaba; dhugaan jiru garuu ijji arguu hindandeessu haata'umalee, Oromoon qaama miiraa kanaaf ulfinaafi safuu qabu agarsiisuuf jechoota dhachaa kanatti dhimma baha.

Gurri dhagayuu yoo dadhabe *gurri dude* jechu nihoodatama. Gurri yoo dhagahuu irratti rakkoo qabaate g*urri itti gudate, gurri qara* jedhu. Hiika kallatii jechoota itti guddateefi qaraa yoo ilaalle gurri baay'ee dhagaha jechuu yoota'u hawwiifi fedhii qaamni miira kun akka hinmiidhamne qabaniif jechoota hoodaa kana lagachuun jechoota dacha kanatti dhimma bahau

#### 4.6.8. Safuufi Hooda Dhibeewwan Hamoo

Oromoon dhibeewwan hamoo namaafi beeladoota isaa niSafeffata nihoodata. Qorataan Daadhii Dabalee (15/06/2016) irraa rgaa argateen Safuufi Hoodachuun dhiibeewwn kun nu lagata jedhamee waan yaadamuuf lagatu. Silgadhe nalagadhu yaada jedhu agarsiisa. Kanaaf Oromoon dhibeewwan hamaa kana niSafeefata nihoodhata. Maqaa isaanii lagachuunykn hoodachuu jechoota kana jecha dachaan waama. Isaanis :

Dhibee Saree maraattee *: waan Saree, Waan hoolaa*
Dhibee Abbaa Sangaa: *Waan Aduu*
Dhibee Tiruu: *waan sinbiraa /waan irra keessaa*

#### 4.6.9. Safuufi hooda Mandiisuu

Oromoo biratti Mandiisuun "dheekamsa Waaqaa" jedhame fudhatama. Makmaaksi, "Rooba keessa Waa'ee Bakakkaa hindubatan" jedhu sodaa bakkakaaf qaban agarsiisa. Bakakkan safuu qaba, nihoodatu bakakkan mana ykn qabeenya nama tokootti yoo bu'e faloo qaba Waaqa ararfatu gaafata. Bakakkaa ilaalchisee Korree Kurmaanaa (2015:29)

> *Bakakkaan qabeenya nama tokkoo jechuun muka, horii, mana namaa rukute waaqatu rukute ykn bakakkatu dhahe jedhanii waca (iyya) hin kaasani. Yoo waca kaasanii iyyan ammas dabalee qabeenya namaaf lubbuu namairratti miidhaa geessisuu danda'a kanaaf yoo dheekamsa waaqaa dhagahan 'nooruu!' jedhu. Bakakkaan maatii tokkotti yoo bu'e Waaqatu itti beeke ykn itti gammade jedhama. Namni oduu namarraa dhaga'ellee rifatee,"nan bade kaa!" hinjedhu innis bakka isaa "isa baga!" jedha*.

Akkasumas ragaa manguddoo Canaa Adoolaa (18/02/2016) Oromoo Gujii kessa gostti dandeetti Bakakkaa buusuu qaban jiran jedhama. Gosti kunis *Shaabola* jedhaman, gumiin Gadaa Oromoo Gujiis seera lalaban keessa tokko Shaabolli wayyu ta'uu isaa kan ibsuudha. Kunis Safuufi hooda Shaabolaatiif Oromoon Gujii qabu agarsiisa. Qorataan mangoddoo Canaa Adoolaa (18/02/2016) irraa ragaa argateen, Shaabolaa gosa Ayyaantuu dandeetti Mandiisuu ykn Bakakkaa buusuu qabaniidha. (yoo Waaqa kadhatan Mandiisuu Buusu) jedhama. Gosa Shaaboola seeran ala yoo miidhan, qabeenya isaanii hatan ykn saaman bakakkaan bu'a jedhama. Kanaaf gosa ayyaantuu kan namni kamiiyyuu seeran ala akka xuquu hinqabnne Gumiin Gadaa Oromoo Gujii Shaaboltti Wayyuu jedhee lallaba.

Bakakkaan waan Waaqaa jedhaama. Namas ta'e qaama bakakkaan itti bu'e "*Waan waaqatu iiti bu'e / Waaqatu itti robe"* jedhama. Waa'ee bakakkaa ykn nama bakakaan itti bu'e yoo dubbatan *"isaa baga*" jedhu. *Ni'ililichu, malee hinboowan isa baga* jedhu malee an *bade hinjedhan*. Gama biraatiin, nama ykn bineessa bakakkaan itti buutee osoo lubbuun keessaa hinbahin daddafanii dikkee loonii ykn biyyee qotanii yoo irra deebisan lubbuun isaa nibaraarama jedhama.

Dabalataan, bakakkaan dheekamsa Waaqaati, wanta Waaqayyo raawwate jalatanii fudhachuun, isuma araarifachuu yoo ta'e malee, Waaqa hinquxessun safuudha. Kanaaf, bakakkaan qabeenya namaatti gaafa bu'e faloo taasifachuu ykn Waaqa araarifachuun ulfinaafi wayyooma Waaqaa agarsiisa.

Walumaa galatti ragaa funaanamen odeefannoon argame boqonnaa kana jalatii qaacca'e safuu uummanni Oromoo hangaafaafi quxusuu qabu sadarkaa maatii, hawasaa, gosaafi gogeessa Gadaa keessatti maal akka fakkatu ibsamee jira. Akkasumas, dirreewwan uumaan warra biroo irraa adda taasisee uume Oromoon safuu akka qabu. Ulfaawwan Oromoo biratti safuu qaban safuu Waaqayyo isaaniifi kenneefi safuu seerri Gadaa tumeef akka qaban. Kana malees, safuufi safeeffannaa uummanni Oromoon fudhaafi heeruma keessatti qabuufi safuu hooda ummanni Oromoo qabu wala duraa duubaan qaacefamanii jiru. Ragaa boqonnaa kana keessatti qaacceffaman cuufamanii bua'aan argame boqonnaa itti aanu keessatti kan dhiyaatu ta'a.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO QORANNICHAA

Boqonnaan kun mata duree xixiqqaa kanneen akka Cuunfaa, Argannoofi Yaboo, Qaaccessa Saufufi Safeeffannaa uummata Oromoo godina Arsiifi Gujii, Xiyyeefannoo Aanaa Heexosaafi Ardaa me'ee Bokkoo of keessatti hammatee jira.

## 5.1. Cuunfaa

Qaacceessa Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo godina Arsiifi Gujii: Xiyyeefannaa aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkootti' jedhu kun qabxiilee akka kayyootti qabatee ka'e bu'ureeffachuun: sakata'a ragaalee, malaafi tooftaa funaansa ragaa saayinsaawaa ta'e hordofee erga qaacca'een booda qabxiileen armaan gadii kun mulatanii jiru.

1. Kaayyoowwan qorannoon kun qabatee ka'e keessaa tokko safuufi safeeffannaa ummanni Oromoo hangafaa qabu agarsiisuu kan jedhuudha, haaluma kanaan kanneen armaangadii qorannoo kanaan mul'atan jiru.

- Sirna Gadaa keessatti safuufi safeeffannaa hangafaa quxusuu gogeessa Gadaa duraa duuba ykn irraa jala gogeessa Gadaa eeguun akka eegam.
- Dirree Ardaa jilaatti; qaccaan Abbootii Gadaa yoo ijaaramu kan warra hangafaa duraafi kara mirgaatti akka ijaramu.
- Goggeessi Abbaa Gadaa osoo dirree jilaa hinqubatin gogeessi kamiiyyuu dirree jilaa akka hinqubanne ragaan walitti qabae ni'addeessa.
- Agaallaa gumii yoo seenananiifi gogeessan yoo deeman duraa dubummaan gogeessa Gadaa akka eegamu ragaan argame ni'agarsiisa.
- Raawwiin kamiiyyuu osoo gogeessi Gadaa dursu jiruu kan itti aanu raawwachuu akka hindandeenye, akkasumas, gogeessa Gadaa keessatis, hangafaa quxusuun gosaa akka eegamuufi raawwii gogeessa kamiiyyuu gosti hangafa dursee akka raawwatu. Ragaalee maloota adda addaatiin funaanaman nimul'isu.
- Gadaa Oromoo Tuulamaa keessatti gostii hangafti Caffee akka godaanuufi Buttaa akka qalu ragaan walitti qabame ni'ibsa.
- Sadarkaa gosaatin, hangafaa quxusuun gosaa eegamaa akka ta'e, kunis eebbisuufis ta'ee dursee malkaa ce'uuf gosti hangafaa osoo jiruu quxusuun akka

hinraawwanne, yoo namni ga'eessi eebbisu gosa hangafa yoo waltajjii san irra hinargamnefi daa'iimti eebbisuuf hingeenye kan gosa hangafaa yoo jiraatte, hofkaltii gafatan malee ykn harka daa'ima sanii qabatan malee akka hineebbisanne ragaan argame nimirkaneessa.

- Sadarkaa maatiitti hangafaa quxusuun jiru iddoo olaanaa akka qabu, ilmi hangafti maatiidhaaf qixxee abbaatti akka ilaalamu, ilmi hangafni mana kara mirgaa mana abbaatti, warri quxusuu immoo kara bitaa mana abbaatti akka ijaarrataniifi ulfaa maatii dhaaluu kan danda'u ilma hangafa akka ta'e mirkanayuu isaa.
- Maatii keessaa ijoollee dhiiraa yoo kittaansisan dursee kittannchuuf safuun kan eeyyamuuf ilama quxusuuf akka ta'e ragaa walitti qabame irraa agarsiisu.
- Oromoo Tuulamaa biratti gogeessi Gadaa bara alangee /baallii/ isaa geessu sirna buttaa qaluu, sirna barcumaa taa'uufi sina gamma kennuu raawwata; sirna barcumaas ta'ee sirna gamma baasuu dursee raawwachuu kan qabu quxusuu akka ta'eefi osoo quxusuun sirna kana hinraawwatin, hagafni raawwachuu akka hindandeenye. Kana malees, maatiin kun gosa hangafaa yoo ta'an buttaa qalu; maatii keessaa buttaa kan qaluu qabu immoo ilma quxusuudha. Osoo quxusuun jiruu hangafti buttaa qaluu akka hindandeenye bira gahamu.
- Sadrakaa hawaasatti safuun hangafaa quxusuu eegamu namni *umrii guddaa* /*manguddoon*/ iddoo kamittuu ulfinaafi kabaja kennuun safuu eegamuu akka ta'e, warri ijoolle manguddoo akka *safeeffatan* manguddoon immoo ijoollef *safuu* akka qaban. Manguddummaan ykn arriin ummata Oromoo biratti kabajaafi ulfina akka qaban mul'atee jira.

2. Kaayyoon inni lammaffaan qorannoon kun qabate ka'e dirreewwan Oromoon safeeffatu tarreessuu yoo ta'u bu'uuruma kanaan kan armaan gadii argamanii jiru.

- Dirreewwan Oromoon safeeffatu keessaa takka malkaa yoo taatu, malkaan Oromoo biratti lafa eebbifamtuu, madda bishaan jireenya hundaa ta'uu isheetin akka safuu qabdu; kana malees, Waaqayyo nama jalqabaa kan uumee, bakka abbaa warraafi haadha warraa itti wal argatanii waliin jiraachuu eegalame ta'uu isheetiin akka safeeffatamtu, malkaan lafa eebbafi safuu waan taateef Oromoon malkatti bahee uumaa isaa akka *galateeffatuufi kan safuu cabse akka itti qulqulleessu* ragaan walitti qabame ni'addessu.

- Tulluun lafa lafaa olii, uumaan lafa biroo caalchisee uume yoo taatu lafa uumaan adda taasisee uume tana irratti, Oromoon Waaqa araaraf yoo kadhatan akka namaaf araramuufi, Waaqayyo araarfachuuf Tullutti akka irreeffatu.
- Odaan uummata Oromoo biratti muka uumaafi uumamni safeeffatu muka eebbifamaafi nagahaatti jedhee waan amanuuf akka safeeffatamu.

3. Kaayyoo sadaffaan qorannichaa ulfaawwan uummata Oromoo biratti safeeffataman tarreessu yoo ta'u, Ulfaawwan Oromoon safeeffatu keessaa warri armaan gadii mula'atanii jiru.

- *Kallacha, caaccuufi, bokkuun* isaan jalqabaa Waaqa irraa uumaa isaani akka ittin galateefatan kan bu'an yoo ta'an, ulfaawwan kana qabatanii uumaa araraa yoo kadhatan akka namaa araramuufi Oromoo kamiiyyuu biratti ulfaawwan kun safuufi ulfina guddaa waan qabaniif, rakkoo hawasummaa kana akka walittis bu'insa gosaafi gosa jiddutti uumaman hiikuufi Waaqayyo ittin araarfachuuf humna akka qaban. Safuu ykn wayyooma Waaqa irraa kennameef akka qaban.
- Ulfaawwan Oromoo kan akka Siinqee, qanafaa, waddeessa /hororoo/, alangee, ruufa, laadduu /erboora/, guutimala /samaxeen/ uummata Oromoo biratti safuufi Wayyooma seera Gadaa tumeef kan qabaniifi namoota ykn kutaa hawasaa dhimma itti bahanii ykn ittiin faayyadaman, wayyuu ta'uu kan agarsiisan yoo ta'u, namni ulfaawwan kanatti dhimma bahe ykn ittin faayyadame akka safuu qabuufi ulfaawwan kun hawaasa keessatti rakkoo hawaasaa hiikuf humna qabaachuu isaanii ragaa walitti qabame irraa akka hubatamu.

4. Kaayyoo 4[ffaa] qoranichaa safuufi safeeffannaa uummanni Oromoo fuudhaafi heeruma keessatti qabu agarsiisuu yoo ta'u, bu'uuruma kanaan qabxiileen armaan gadii argamanii jiru:

- Oromoon fuudhaafi heeruma fira dhiigaa abbaa torbaa asitti akka hinraawwanneefi, keessattu Oromoo Gujii biratti gosa abbaa keessaa fuudhafi heerumni akka hindanda'mne ragaan funaaname ni'ibsa.
- Oromoon Arsiis dur gonkumaa gosa abbaa isaanii keessaa fuudhaafi heeruma tasuma kan hineeyyamamne yoota'u, yeroo ammaa sababa amantatin iddoo tokko tokkotti safuun kun laafaa akka jiru ragaan argame akka eeru.

- Gaa'elli /qunnamtii saalaa/fira dhigaa jiddutti raawwachuun akka adabbii hamaafi gosa keessaa nama ariisisuu danda'u, osoo hinbeekin yoo raawwatame *kudhaa baasuu* ykn sirni qulqulleessu akka raawwatamu mirkanaa'u.
- Safuu gaa'elaa keessaa tokko seera rakoo akkata'e, rakoo qaluuf miinjeen akka barbaachisu, minjeen  sirna harimii akka raawwatu, seerri rakoo fira dhiigan hinjirre dhiiga rakootiifi harimiitiin akka walitti hidhu, rakoon ga'eela keessatti mirga dubartootaatiifi ijoollee akka eegsisu ragaan maloota adda addaatin walitti qabame akka agarsiisu.
- Abbaan warraa gaa'ela rakoo hinraawwanne aangoo sirna gadaa irratti hirmaachuu akka hindandeenye, haat warraa seera rakoo hinqabne irraa foolleen gamma akka hinyaannefi ijoolleen sirna rakoo ykn gaa'eelaan alatti dhalatan Gadaa abbaa isaanii keessatti hirmaachuu akka hindandeenye ragaan walitti qabame ni'agarsiisa.

5. Kaayyoon 5ffaafi inni dhuma qorannoon kun qabate ka'e Safuufi hooda Ummanni Oromoo qabu maal akka fakkatu agarsiisuu yoo ta'u, kan mula'atanis kan armaan gadiiti:

- Oromoon hooda hormaata namaafi qabeenya qabu irraa kan ka'e ijoollee qabu lakkaayuufi loon qabu moonaan yoo ta'e malee lakkaayun hooda akka ta'ee ragaan qorannoo kanaan walitti qabame ni'agarsiisa.
- Loon hanaga fedhellee yoo qabatan loon elmuu, xumurre ykn elmaa geessine jechuun, beeladni yoo milqan badan jechuu hooda akka ta'e raga'aa qorana kanaa argame nimul'isa.
- Qabeenyaan boonuu, qabeenya hinqabu jedhanii *hiyyummaa himachuufi kadhachuun* uummata Oromoo biratti safuufi hooda akka ta'e ragaan walitti qabame ni'addessa.
- Ibiddi balaan inni geessu suukaneessaafi badiin inni qabeenya irraan gahu hamaa yoota'u,  keessatu balaan ibiddaa yoo mana irra gahe qabeenya barbadeessun ala ulfaawwan  Oromoon safeeffatu mana keessa waan gubataniif Oromoon ibiddaan gubachuufi manni gubate jechuu akka safeeffatu,  ragaan qoaranno kanaan argame ni'agrsiisa.

- Oromoon madda bishaanitii safuufi hooda qabu irraa ka'uun maddoota bishaanii yoo gogan jecha "*goge*" jedhu hoodachuun jecha dachaa *" madde"* jedhutti akka dhimma bahu ragaan qoranno kanaan argame niragaasisa..
- Dhibbeewwan hamoon miidhaa beeladootaafi nama irraan gahan hooda akka qaban kunis lagachuun ykan hodachuun dhibeewwan kun sa'aa nama isaanii akka lagatuuf ta'uu isaa ragaa mala adda addaan funaaname nimul'isa.
- Mandiisuun / Bakakkaan/ *"dheekamsa*" Waaqati waan jedhamuuf hooda akka qabu kunis nama bakkaan itti bu'e "Waaqatu itti beeke" ykn "Waaqatu itti roobee", balaa gahe nahuun iyyuu irraa akka "ililchan" an bade jechuu irra " isaa baga!" akka jedhamu ragaa aragme ni'addessa.

### 5.2. Argannoo

Walumaa galatti Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkuu jedhu kun gaafilee bu'uraa deebsuuf qabatee ka'eefi yaada cuunfaa armaan olii irraa ka'uun yaadoleen armaan gadii mul'atanii jiru.

- Safuufi Safeeffannaa uummata Oromoo hangafaafi quxuusuuf qabu sadarkaa goggeessa Gadaatti akka jiru, sadarkaa hawaasaatti duraa duubummaa umriitiin manguddoo /jaarsi arrii/ safuu akka qabu, sadarkaa gosaatti safuun gosa hangafaa akka eegamu, kunis, sadarkaa maatitti hagafaafi quxusuun safuu mataa isaanii akka qaban qorannoo kanaan bira gahamee jira.
- Dirreewwan uumatta Oromoo biratti safeeffamaniin walqabatee, Oromoon dirreefi ardaalee Waaqayyo dirree biroo irraa adda taasisee, eebbaafi Ayyaana waliin uume jedhee amanu Malkaa, Tulluufi Odaa yoo ta'an; uumaa dirreewwan kana eebbisee *uume dinqisiifachuuf akka safeeffatu*, dirreefi ardaalee eebbaa kana irratti galataafi araara Waaqaa akka raawwatu argannon qorannoo kanaa nimirkaneessa.
- Ulfaawwan uummata Oromoo biratti safeeffataman ilaalchisee ulfaawwan safuu Waaqa irraa kennameef qabaniifi safuu seerri Gadaa Oromoo tumee akka qaban, ulfaawwan kun rakkoo hawaasummaa furuuf human akka qaban, aragannon qorannoo kanaa bira gahamee jira.

- Safuufi safeeffannaa uummanni Oromoo fuudhaafi heeruma keessatti qabu maal akka fakkatuu ilaalchisee; uummata Oromoo biratti fudhaafi heerumni *fira dhigaa abbaa torbaa asitti* akka hinraawwanne, Oromoo Gujii gosaa abbaa keessaa fuudhuufi akka hindandeenye, seerri rakoon fakkoomii dhiiga warra inataalaafi gurbaa fuudhuu walitti makamu akkasumas, sirni harimii warra miinjeefi miinjee bulche walitti kan hidhu ta'uu bira gahamuu .
- Safuufi hooda uumman Oromoo qabaun walqabtee;
  1. Dhimmi kamiiyyuu fedhii Waaqatiin qofa kana raawwatu waan ta'eef, dhimma Waaqayo raawwateef Waaqa quuxessan safuu waan ta'eef yoo ta'u.
  2. Akka sirna hooda Oromootti dhimmota hoodatan sa'aa nama kiyya hoodata jedhamee akka hoodatamu, qorannoo kanaan bira gahamuu.

### 5.3. Yaboo

Yaadota armaan olitti dhiyaatan ka'uumsa taasifachuun haala itti fufiinsa qabuun aadaa hawasichaa eeguun dhaloota dhufuuf dabarsuun nidanda'ama. Kunis:

- ✓ Safuun hangafaa quxusuu itti gafatamummaa qaama lamaanuu of keessa qaba. Kanaaf, duudhaa kan dhaalloonni duubaa dhufu akka baru, dagaagee guddina biyyaatiifi hawaassummatiif akka oolu Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa, dhaabbilee sabqunamtiifi artistoonni osoo irratti hojjetani bay'ee gaarii ta'a.
- ✓ Dhiibbaa uummata Oromoo irra gahaa tureen aadaafi duudhaan uummata Oromoo guddina biyyaafi hawaasaatiif hamma gumaachu qabu hingumaachinne. Kana malees, duudhaafi aadaan bu'aa hedduu biyyaaf buusuu danda'an akka qucaara taasifamee ture. Kanaaf, dhaloonni duubaa dhufu falasamaafi beekumsa Oromoo duudhaa ganamaa safuufi safeeffannaan guutame baratee guddina dinaagdee, siyaasaafi hawasummaatiif akka oolchu dhaabbanni sabqunnamtii, biiroon dhimma hawasumaafi dhaabbileen siyaasaa osoo irratti hojjetanii bu'a qabeessa ta'a.
- ✓ Safuun sirna fuudhaafi heerumaa keessatti uummanni Oromoo qabu beekumsi hawaasichaa hagam bilchaataa akka ta'e agarsiisa. Kanaaf ragaan dhibee sanyii dhiigatiin /genetics/dadarban kan Saayinsiin baraa yero dhiyoo birra gahe yoo ta'u Oromoon waggoota hedduun dura rakkoo kan akka beeku namatti agarsiisa. Haata'u malee, sababa amantiitin safuun kun lafaa waan jiru fakkaata. Kun immoo, rakkoo xinsammu hawaasummaa miidhu bira darbee rakkoo adda addaa karaa fayyaatin fiduu waan danda'uuf Abbotiin Gadaa, abbootiin amantii, Artistoonfi barreesitoon osoo irratti hojetanii bu'aa olaanaa qaba.
- ✓ Walumaagalatti safuufi safeeffanaan sirna barnootaa keessa osoo galee baratamee dhaloota safuufi safeeffanna qabu horachuuf bu'aa olaanaa qaba. Kanaaf, Biiroon Barnoota Oromiyaafi dhaabbileen barnoota olaanoo osoo irratti hojjetanii biyyaaf bu'aa olaa buusuu danda'a.

**Wabii**

Alamuu Yaadessaa.(2012). *Duukaa Oromoo Jildii 1ffaa*: Finfinnee.

Ayalew Kanno. (2008). *An Ancient People Great African Nation The Oromo*. Finfinnee.

Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. (2006). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa*.

____________________________.(2007). *Sirna Gadaa; Siyaasaa Oromoo Tuulamaa*.Finfinnee: Dhaabata maxansaa Birhaani inna Salam.

Creswell. J.W.(2003). *Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Metheds Research Approaches* (3red ed) sage publicatiom. Inc.

Dastaa Daassaalany. (2013) .*Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dhadacha Gololchaa. (2006).*The Politic-Legal System of The Guji Society of South Ethiopia*. Finfinnee : Universal Printing Press.

Diribii Damisee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxansaa Finfinnee.

____________. (2015). *Seenaa Eenyummaa* Oromoo.Finfinee: ELLENI P. P. PLC.

Firaa'ol Taammiruu. (2012). *Safuu Oromoo*. Subi printing Press: Finfinnee.

Gadaa. (6409/2014). Falaasama Ummata Gurraachaa OftaanenusPirt & Advert: Finfinnee.

Gammachuu Magarsaa. (2003). *The Oromo World View, Jornal of Oromo Studies*. Volume 12. Number 1&2 (July), 68-79.

Hinseene makuriya.(2013). *Galmee Jechoota Afaan Ingilizii-Oromoo-Amaaraa*. Finfinnee.

Jemjem Udessa. (2014). *The Guji Gadaa: A Blue Print for Democracy and Distinctive Socio- Cultural Caracterstics of Gujii Oromo. tive Socio- Cultural Caracterstics of Gujii Oromo.* RELA P.P: Washington DC, USA

Kidaanuu Zallaqaa.(2016). *Safuufi Aadaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Saglii.

Korree Kurmaanaa. (2015). “Xiinxala Sirna Arara Waaqayyoo Baasuu*:” Godina Horroo Guduruu Aanaa jimmaa.* MA Thesis Addis Ababaa University.

Kothair. (2004) *Research Methodology, Methods and techniques (2ed*).New deihi: New age international publisher.

Lalisaa Seenaa. (6413 LW). *Kudhaama Seenaa*. Finfinnee: ELLENI P.P. PLC.

Muhaammad Jamaal. (2015). “Qaaccessa Raawwii sirna Hooda Oromoo Arsii: Aanaa Arsii Nageellee.” MA Thesis Addis Ababaa University.

Mulugeta Nagassa. (2014). “Documentaion and Analysis of Ritual Performances of ‘Seera Gada’ among the Karrayyu Oromo*”***.** PHD. Dissertation Addis Ababa University.

Nunan.D. (1992). *Research Methods in language Learning*. Cambridge: Cambridge University Press.

*Oxford Advanced Learner’s Dictionary (2000)* 6th edition. Oxford English.

Qe’ee oromoo. (2015 Guraandhala 27) OBS Tv Finfinnee, Itiyoophiyaa.

____________.(2015.Onkololeessa 4) Gumii Abbootii Gadaa OBS TV Finfinnee Itiyoophiyaa

__________.(2016 Bitootessa 8&9) Deemsisaa Ateetee OBS Tv Finfinnee, .

____________. (2016 Bitootessa) Irreessa Tulluu Baarak OBS Tv Finfinnee.

Taarruu Unguree.(2015). *Waaqefannaa; Amantaa Duudhaa Ganamaa*: Finfinnee.

Tenna Dawo. (2013). “The Concept of Peace in the Oromo Gada System: Its Mechansims and Moral Dimention, Cultural Heritage and contemporary changes.” series II 15:159_184.

Tilahun Gamta. (1989). *Oromo- English Dictionary*. Unversity pirnting press.

Umar Aadam. (2004). “Qaaccessa Sirna Araaraa ‘Kootu Dhufee Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa.” MA Thesis Addis Ababa Univarsity.

waajjira Aadaafi Turizimii godina Arsii :(2016) .

waajjira Aadaafi Turizimii aanaa Heexosaa:(2016)

Waajira Bulchiinsa Aanaa Heexosaa: (2016)

Waajira Misooma Qonnaa Aanaa Heexosaa: (2016)

Waajjira Misomaa Mallaqaafi Dinagdee aanaa Heexosaa: (2016)

Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii. ( 2008/2016).*Baallii 74ffaa*: Zak Pirinting Press

Warkineh Qalbeessaa. (2001). Trditional Oromoo attituds the Envaronment: An argument fo Environmentally Sound Devlopment. OSSRE Social Science Research Report. Series, No19. Addis Ababa: Commercial Pirnting Enterprise.

______ (2005). “The Utility Ethical Dialogue for marginalized Voices of Africa**.**” Institute for invironment and developmenta, Addis Ababa University.

https :// WWW. bound less.com.

htt://www.aivniv.edu.

https://WWW.Siitu bue.com/ obs-_qee-oromo-irrecha-tullu

www.sstuube.com

WWW.chegg.com/homewor-help/defination/norms-eg.

WWW-Simpliy Schology. Org> social Pschology. Org> Social psychol

**ሙሉጌታ ነጋሳ** (1997) “**በአደኣ ሊበን ወረዳ የኦሮሞ ሴራ ጉማ ከግጭት አፈታትአንፀር ፡፡**” **በኤም ኤ ማሟያ የቀረበ፣ አዲስ አበባ ዩነቨርሲቲ የኢትዮጵያ ቋንቋዎች እና ስነ-ጽሁፍ ትምህርት ክፍል፡፡**

**ተቦር ዋሚ** (2007 ዓ.ም.) ***የዉገና ድርሰቶችና የታሪክ እዉነቶች፡፡ ፊንፊኔ*** **አርቲስቲክ ማተሚያ ድርጅት**

**ያለዉ እንዳወቀ** ( 2011) ***የ ምርምር  መሠረታዊ  መርዎችና አተገባበር*** **፡፡ ሦስተታ ኛ እትም፡፡ ንግድ፡ማተሚያድርጅት፡፡**

**Dabalee –A**

Namoota Af-gaafii Waliin gaggeefame godina Gujii Ardaa Me’ee Bokkuuti raawatame.

| T/L | Maqaa Hirmaataa | Saala | umrii | Guyaagaafiifi deebi gaggeefame | Teessoo |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abbaa Gadaa Gambeela Bariisoo | Dhi | 65 | 13/02/2016 | Godina Gujii |
| 2 | Abbaa Lookoo Galgaloo | Dhi | 54 | 13/02/2016 | Godina Gujii |
| 3 | Canaa Adolaa | Dhi | 69 | 14-21/02/2016 | Godina Gujii |
| 4 | Dabboo Sorsaa | Du | 48 | 16/02/2016 | Godina Gujii |
| 5 | Dureettii Jiloo | Du | 45 | 16/02/2016 | Godina Gujii |
| 6 | Girjaa Godaanaa | Dhi | 54 | 16/02/2016 | Godina Gujii |
| 7 | Harro Gujjee | Dhi | 60 | 17/02/2016 | Godina Gujii |
| 8 | Jiloo Mandhoo | Dhi | 64 | 14/02/2016 | Godina Gujii |

**Dabalee –B**

Namoota Af-gaafii Waliin gaggeefame godina Arsii aanaa Heexosaatti raawatame.

| T/L | Maqaa Hirmaataa | Saala | umrii | Guyaagaafiifi deebi gaggeefame | Teessoo |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Asffaa Warquu | Dhi | 65 | 12/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 2 | Askaalaa Sassaabaa | Du | 50 | 12/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 3 | Dabalee Yaamii | Dhi | 57 | 29/9/2015 | Arsii Heexosaa |
| 4 | Daadhii Dabalee | Dhi | 78 | 15/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 5 | Fatoo Kaawoo | Dhi | 92 | 12/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 6 | Getaachoo Dooyyoo | Dhi | 53 | 14/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 7 | Kusaa Deettii | Dhi | 67 | 14/07/2016 | Arsii Heexosaa |
| 8 | Kamaal Gammachuu | Dhi | 51 | 14/06/2016 | Arsii Heexosa |
| 9 | Leencoo Jiloo | Dhi | 66 | 19/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 10 | Mareenaa henikkaa | Du | 55 | 12/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 11 | Tasifaayee Dabalee | Dhi | 48 | 15/06/2016 | Arsii Heexosa |
| 12 | Tashoomaa Yaamii | Dhi | 73 | 14/06/2016 | Arsii Heexosaa |
| 13 | Yimar Amanoo | Dhi | 50 | 29/09/2015 | Arsii Heexosaa |

**Dabalee _C**

Namoota marii gaaree marii garee garee 1[ffaa] irratti hirmaatan (godina Gujii Ardaa Me'ee Bokkotti raawwate)

| T/L | Maqaa hirmaata | Saala | Umrii | Guyaa marii | Yaada |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Finiinaa Uddeessa | Dhi | 64 | 16/02/2016 | Godina Gujii |
| 2 | Gannaalee Malloo | Dhi | 55 | 16/02/2016 | Godina Gijii |
| 3 | Guunnee Rogaa | Dhi | 85 | 16/02/2016 | Godina Gujii |
| 4 | Waajii Halakee | Dui | 78 | 16/02/2016 | Godina Gujii |

**Dabalee _D**

Namoota marii gaaree marii garee garee 2ffaa irratti hirmaatan (Godina Arsii aanaa Heexosaatti raawwate.)

| T/L | Maqaa hirmaata | Saala | Umrii | Guyaa marii | Teessoo |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | H/Ahimad Dheekkoo | Dhi | 70 | 19/07/2016 | G /Arsii |
| 2 | Sh/ Mukitaar Tuuqaa | Dhi | 50 | 19/07/2016 | G/Arsii |
| 3 | Getaachoo Dooyyoo | Dhi | 53 | 19/07/2016 | G/Arsii |
| 4 | Yimar Amaanoo | Dhi | 50 | 19/07/2016 | G/Arsii |
| 5 | H / Hasan Amaanoo | Dhi | 62 | 19/027/2016 | G/Arsii |

## Dabalee –E

**Gaafileen qajelchituu  afi-gaafii Od-kennitootaaf dhiyaateef.**

1. Safuun jechuun Oromoo biratti maal ?
2. Safuun hangafaauumata Oromoo biratti akkamittii laalam?
   (Maatii keessatti, Yaa'ii keessatti, goggeessa gadaa keessatti, yaa'ii malkaa keessatti.)
3. Ardaalee uummanni Oromoo safeeffataman isaan kami?
4. Safuun Oromoon Gaa'ela keessatti qabu maal fakkatu?
5. Ulfaawwan Oromoon safeeffatu eenyu fa'a?
6. Safuun hoodaaf Ormoo maqaa hoodatu eenyu fa'a? Maaliif hoodatamu?

**Dabalee "F"**

Gafilee qajelchituu marii gareetiif dhiyaatan.

1. Safuu hangafaa uummata Oromoo biratti safeeffatu kan akkamiti?
2. Dirreewwan uummanni Oromoo Safeeffatu isaan kami? Maaliin safuu isaanii ibsama?
3. Ulfaawwan /Olfoota/ Oromoon Safeeffatau eenyu fa'a? Ulfinni isaanii maaliin, akkamitti ibsama? Akkamitti dhimma itti bahu?
4. Safuun Ummanni Oromoo fuudhaf heeruma keessatti eeggatu maal fa'a?
5. Dhimmoota safuu isaanitiif Oromoon hoodatu eenyyu fa'a?, Yoomi?, Essaatti?, hoodatamu?, Maaliif hoodatama?

**Dabalee –G**

Suraa adda addaa qoranoo irratti fudhataman.



suuraa Lak.  Abbaa Gadaa Oromoo Gujii Gosa Hookkuu  guyyaa 13/02/ 2016 Af- gaafii erga taasiseen Booda Qorataan kaameeraa soonii kafame.



Suuraa qorataan Odeefannoo  Af-gaafiin funaanaa ture (19/02/2016) H/ Ahimad Dheekkoo Jiraataa Godina Arsii barataa Sh/Bakirii Saaphaloo



Suuraa Qorataan madda ragaa hedduu Obboo Conaa Adoolaa Yeroo Af-gaafii taasisan Ardaa jilaa Me’ee bokkotti Guyyaa (18/02/2016)



Suuraa lak. Marii garee Garee godina Arsii Magaala Itayyaatti gaggeefame



Qorataan manguddoo Mareenaa Henekkaa godina Arsii Aanaa Heexosaa Ganda Dabayaa Adareetti af-gaafee erga tasisee booda guyyaa 12/06/2016 fudhatame



Suraa manguddooota qorataan ragaa irraa funaannate Ardaa Me’ee Bokkootti (17/02/2016)



Suuraa Gumiin Gadaa Oromoo Gujii Ardaa Me’ee Bokkootti Yeroo Qorphiisa ta’aan gamisaan Guyyaa 19/02/2016 kaafame



Gumii Gadaa Oromoo Gujii Ardaa Me’ee Bokkootti gamisaan maddi qorataan 15/02/2016 kaameeraa soonii kaase.



Suurr dubartoota Oromoo Gujii Ardaa Me’ee Bokkootti guyyaa 16/02/2016 kaafame



suuraa Lak. Gogeessi Abbootii Gadaa Maatii Abbaa gadaa isaanii walii Yoo Qeexalu. Madda qorataan guyyaa 16/02/2016 fudhatame



Goggeesi Baasuraa Suuraa baasurri Yeroo Ardaa Me’ee Bokkoo Gumiin booda Yoo qqeexalu 166/02/2016 kaafame

**Ibsa**

An qorataan maqaafi mallaattoon koo armaan gaditti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaaf kanaan dursa yuunvarsitii kamiiyyu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatiin ta'uu isaafi wabiilee haala seera qabeessa ta'een fudhee wabii keessat kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________

Mallattoo______________________________

Guyyaa ________________________________